

YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI
KOLLEEJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIIMIIFI SABQUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGUMAAFI AFOOLAA.

MATA DUREEN QORANNOO: HIMTEEWWAN NAANNOO AANAA
BACHOO IJA AFOOLESSAA, XINQE'EE AADAIFI ILAALCHA
HAWAASICHAATIIN
(KALEESSAAFI HAR'AA)

QORATAAN: SORSAA SIMAA NAANNESOO
GORSAN: DR. ASAFAA TAFARRAA DIBAABAA

HAGAYYA 2017/2025
FINFINNEE

Baafata

Qabiyyee

Axeeraraa i

Galata ii

Hiika Gabaajewwanii iii

Hiika Jechootaa iv

Boqonnaa Tokko: Seensa 1

1.1. Seen-duubee Qorannichaa 1

1.2. Ka'uumsa Qorannichaa 8

1.3. Kaayyoo Qorannichaa 9

1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa 9

1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa 9

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa 10

1.5. Daangaa Qorannichaa 11

1.6. Hanqina Qorannichaa 11

1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa 15

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu 22

2.1. Hariiroo Namaafi Uumamaa 22

2.1.1. Faayidaa Naannoo 24

2.1.2. Bakkeewwan Ulfoo 25

2.1.3. Himteewwan Naannoo 27

2.1.4. Himteewwan Akka Mala Qorannootti 27

2.2. Ibsa Yaaxxinaalee 28

2.2.1. Yaaxxina Faayidaa 29

2.2.2. Yaaxxina Xinqe'ee Aadaa 29

2.2.2.1. Xinqe'ee Aadaa Oromoo 31

2.2.2.2. Xinqe’ee Aadaafi Beekumtaa Oromoo 31

2.2.3. Yaaxxina Afoolessaa 32

2.2.3.1. Naannoo Afoola Oromoo Keessatti 32

2.2.3.2. Afoola Mukeewwaniifi Bakkeewwan Ulfoo 33

2.2.4. Ilaalcha Oromoo 33

2.2.4.1. Naannoo Ilaalcha Oromootiin 34

2.2.4.2. Seera Waaqaa, Seera Lafaa: Dachii 34

2.3. Ibsa Yaadrimeewwanii 36

2.4. Sakatta’a Barruu Walfakkii 38

2.5. Ulfaafi Ulfoo 39

Boqonnaa Sadi: Mala Qorannoo 41

3.1. Seensa 41

3.2. Irraawwatama Qorannichaa 42

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu 42

3.3.1. Iddattoo 42

3.3.2. Mala Iddatteessuu 43

3.4. Mala Funaansa Odeeffannoo 44

3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo 44

3.5.1. Afgaaffii 45

3.5.2. Daawwannaa 46

3.5.3. Marii Garee 46

3.6. Malleen Xiinxala Ragaalee 46

Boqonnaa Afur: Xiinxala Ragaalee/Odeeffannoo/ 48

4.1. Seensa 48

4.2. Amantaa (folk belief system) fi Amantiilee (religions) Aanichaa, Kaleessaafi Har’aa. 48

4.2.1. Haala Amantaa Aanichaa 58

4.2.2. Haala Amantiilee Aanichaa 58

4.2.3. Bakkeewwan Amantaafi Amantiilee Aanichaa 59

4.2.4. Dhiibbaa Amantiilee Alaa-dhufoo Naannoorratti 69

4.3. Haala Moggaasa Bakkeewwan Amantaa Aanichaa 72

4.4. Haala Qabiinsa Bakka Amantaa Uummatichaa, Kaleessaafi Har'a 75

4.5. Naannoofi Dhaloota Lafaa-dhufaa 82

4.6. Faayidaalee Himteewwan Naannoo 85

4.7. Ilaalcha Namoonni Amantaa Adda Addaa Bakka Amantaa Uummataa Irratti Qaban. 88

4.8. Himteewwan Naannoofi Bakkeewwan Amantaarratti 90

4.8.1. Himtee Malkaa Ganjii Ganda Burqaa 90

4.8.2. Himtee Malkaafi Abdaarii Ganda Jaatoo. 92

4.8.3. Himtee Iddoo Aartuu ykn Bishaan Ho'aa Ganda Burqaa 94

4.8.4. Himtee Gaara /Tulluu Shaankur Ganda Shaankur 94

4.8.5. Himtee Abdaarii Qoree Ilaalaa Ganda Simbirroo Cirrachaa 95

Boqonnaa Shan: Yaada Cuunfaa, Argannoowwaniifi Yaada Furmaataa 97

5.1. Yaada Cuunfaa 97

5.2. Argannoowwan 100

5.3. Yaada Furmaataa 101

Dabalee A 103

Dabalee B 104

Wabiilee 107

HIMTEEWWAN NAANNOO: AANAA BACHOO
IJA AFOOLESSAA, XINQE'EE AADAIFI ILAALCHA HAWAASICHAATIIN
(KALEESSAIFI HAR'AA)

SORSAA SIMAA NAANNESOOTIIN
QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOON
GUUTTACHUUF QOPHA'E

KOOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGUMAIFI AFOOLAATIIF KAN DHIYAATU.

HAGAYYA 2017/2025
FINFINNEE

HIMTEEWWAN NAANNOO: AANAA BACHOO IJA
AFOOLESSAA, XINQE'EE AADAIFI ILAALCHA
HAWAASICHAATIIN
(KALEESSAIFI HAR'AA)

QORATAAN: SORSAA SIMAA NAANNESOO
GORSAN: DR. ASAFAA TAFARRAA DIBAABAA
QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOON
GUUTTACHUUF QOPHAA'EE
YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOOLLEEJII NAMOOMAA
QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIIMIIFI
QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAIFI
AFOOLAATIIF KAN DHIYAATU.

HAGAYYA 2017/2025
FINFINNEE

HIMTEEWWAN NAANNOO: AANAA BACHOO IJA AFOOLESSAA,
XINQE'EE AADAIFI ILAALCHA HAWAASICHAATIIN
(KALEESSAAFI HAR'AA)

QORATAAN: SORSAA SIMAA NAANNESOO
GORSAN: DR. ASAFAA TAFARRAA DIBAABAA

QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOON GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE
YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIZIIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGUMAAFI
AFOOLAATIIF KAN DHIYAATU.

HAGAYYA 2017/2025
FINFINNEE

YUUNIVARSIITII FINFINNEE
DHAABBATA DIGRII DURAATIIN BOODDEE
WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOO FI OGUMAA GUUTTACHUUF
SORSAA SIMAA NAANNESOOTIIN

MATA DUREEN

HIMTEEWWAN NAANNOO: AANAA BACHOO IJA AFOOLESSAA,
XINQE'EE AADAIFI ILAALCHA HAWAASICHAATIIN

(KALEESSAAFI HAR'AA)

JEDHUUN QOPHAA'E, ULAAGAA YUUNIVARSIITIIN KAA'E GUUTEERA.

KOREE QORMAATAA

QORAA ALAA_____MALLATTOO_____GUY YAA_____

QORAA KEESSAA_____MALLATTOO_____GUY YAA_____

GORSAA_____MALLATTOO_____GUY YAA_____

ITTI GAAFATAMAA MUUMMEE YKN QINDEESSAA SAGANTAA DIGRII
LAMMAFFAA (MA) TIIF.

MAQAA_____

MALLATTOO_____

GUY YAA_____

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hindhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Axeeraraa

Mata dureen qorannoo kanaa “Himteewwan Naannoo” Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe’ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har’aa) Sakatta’uudha. Kaayyoo goeroon qorannoo kanaa ijoo-dubbii qorannoo afoolaa kan tahe “Himteewwan Naannoo” Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe’ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har’aa) irratti xiyyeeffachuutiin, mala akkamtaan, ragaalee afgaaffii, marii gareefi daawwannaa, akkasumas, barreeffamaafi suursagaleen odeeffannoo argaman guuruutiin sakatta’uudha. Ka’uumsi Qorannichaas, inni duraa, mancaatiin naannoo irra gahaa jiru qorannoo afoola Oromoo keessatti heddumminaan dhibuu, kan lammaffoo, Himtee Naannoo bu’ureeffachuutiin Hariiroo Namaafi Naannoo akka-malee (unjust) qorachuufi qolachuuf Hanqina malaafi Yaaxxina jirutti waa gumaachuuf, akkasumas, sadaffoo qorattoota gama kanaan fedhii qabaniif karaa saaquufi fakkeenya tahuudha. Akka argannoon qorannichaa agarsiisutti hawaasni Aanaa Bachoo, Amantaa anaa-dhufaa(kan ganamaa/native) fi Amantii alaa-dhufaa(externally induced religions) kaleessas har’as kan gaggeessu tahuusaa; bakkeewwan Amantaa itti gaggeessus, tulluu, malkaafi abdaarii ykn qoolloo, bakka dhibaayyuu naannoo qe’ee ofiisaaniitti (sacred groves/forest and trees); Bakkeewwan sunis dur kan kabajaafi kunuunsi akkasumas, eegumsi taasifamu yoo tahu har’a garuu, tulluuwwan Meeshaalee ijaarsaa kan akka dhagaa, cirrachaafi biyyoo kkf jecha qotamaafi mancahaa kan jiran tahuu; akka fakkeenyaattis Tulluun Ganjiifi Tulluun Qonyee balaa kanaaf kanneen saaxilaman tahuu ragaan mirkaneeffameera. Yeroo ammaa haalli qabiinsa malkaa, tulluufi bakkeewwan naannoo qorannichaa kan akka bakkeewwan dhibaayyuu ykn abdaarii ganda tokko tokko keessatti sadarkaa badiinsaa irra jiraachuufi iddoowwan seena-qabeeyyii tahan mancahuun dhaloota lafaa-dhufaan waan dhaalu dhabuun yaaddoo Uummata naannichaa tahuu; akkasumas; akka Aanaa Bachootti bakkeewwan akka Aartuu ykn Xabalaa(bishaan ho’aa), burquufi tulluuwwan, maqaa qaban manneen Amantii Ortodoksitiin dhuunfatamuun maqaa dur ittiin beekaman dhabuu caalaa bakkeewwan kanneen irratti uummanni mirga abboomuu illee (yoo kan amantii ykn bultoo sanitti hin bulin) mulqamuun yaaddoo tahuusaafi dhaloonnis seenaafi eenyummaa isaanii akka hin dhaalleefi hin kunuunsine, hin eegne taasifamuu kan jedhu, ragaalee argaman keessaa isaan muraasa. Maayiirratti, rakkinichaaf furmaata waraa kan tahu uummanni naannoo, waajiraalee mootummaafi miti mootummaa naannicha jiran waliin tahuutiin mancaatii naannoo irra gahaa jiru dhaabsisuu, bakkeewwan diigamaniifi qotaman, mukkeenirraa ciraaman, hatattamaan akka mancaatiin sun itti hin fufne gochuu, deebisanii muka dhaabuufi kunuunsuu, akkasumas, eegumsa barbaachisu gochuufi uummanni naannichaa mala-marii tolfatee Aadaa naannoosaa dhaloota ittiin dhaalchisu akka deebifamuufi jabeeffatutti Biiron Aadaafi Turiizimii Aanichaafi kanneen dhimmi kun isaan ilaallatu itti gafatama isaanii bahachuu qabu kan jedhu qorannichi akeeka. Qorattoonni aadaafi afoola Oromoos, sadarkaa qorannoo adda addaatti gara sanitti yoo bobbahan rakkoo qorannoo kun hin furin yookiin hin akeekin furuuf kallattii kaahuu malu.

Galata

Duraan dursee uumaa uumamtootaa Waaqayyo Guddaa isa fayyaafi jajjabina akkasumas, obsa guddaa naa kennee bu'aa ba'iifi qormaata hedduu keessa na dabarsee asiin na ga'eef galanni koo guddaadha. Itti aansuudhaan, hojii qorannoo kanaa yommuun hojjadhu nuffii tokko malee, yeroofi beekumsa qaban akkasumas, yeroo adda addaatti bilbila dhuunfaa isaaniitiin bilbilanii odeeffannoo na gargaaruu danda'u hunda osoo hinqusatin jalqabaa hanga dhumaatti gorsa kan naaf kennaniifi tumsa ogummaa isaanii kan naaf gumaachan gorsaa koo Dr. Asafaa Tafarraatiif galanni koo daangaa hin qabu. Ergan baruumsa koo jalqabeetii kaasee hanga dhuma barnoota kootti yaadaafi maallaqaan akkasumas, koompitara dhuunfaa isaa naa ergisuun hangan ani waraqaa qorannoo kiyya kana xumurutti kan na deeggaraa ture durbii koo kan ta'e Daammanaa Shawaaraggaatiif galanni koo guddaadha.

Akkasumas, hiriyoota koo yeroo rakkoofi gidiraan adda addaa narra ga'aa turetti ogummaafi dandeettii qabaniin kan na cinaa dhaabbatanii deeggarsa barbaachisaa ta'e naa gochuun akkan qorannoo kana obsaan xumuruuf kan na jajjabeessaa turan: Barsiisota Girmaa Caalaa, Addunyaa Gonfaa, Tasfayee Fayyeefi Gonfaa Baacaa oolmaa naa ooltaniif guddaa galatoomaa jechuun barbaada.

Dabalataanis, hojii qorannoo kana gaggeessaa yeroon turetti madda ragaa qorannichaa ta'uun tumsa deeggarsa isaanii haalan kan naaf taasisan manguddoota Oromoo Aanaa Bachoofi hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Bachoo nan galateeffadha. Kana malees, hiriyyaa koo Naggasaa Atoomsaa odeeffannoo Aanaa Bachoo keessa jiru Waajjira Koominikeeshinii Aanaa Bachoo bakka bu'uun deeggarsa inni naaf gochaa tureef galanni koo baay'ee guddaadha. Itti dabalees, Barsiisota Yuunivarsiitii Finfinnee bu'aa bahii hedduu keessa darbuun roobaafi qorra gannaa nuffii tokko malee damdamachuun kan barnoota naaf kennuun sadarkaa kanarra akkan gahu na taasisaniif guddaan isaan galateeffadha. Muummeen Afaan Oromoos kana caalaa haa dagaagu; haa guddatu jechuun barbaada. Akkasumas, kallattiinis ta'e alkallattiidhaan namoota qorannoo kana keessatti tumsa naaf godhan maraaf galanni koo daangaa hin qabu. Dhumarrattis, barsiisota manneen barnoota baadiyaa jiraniifi rakkoo nageenyaaf gandan ani bira gahuu hin dandeenye manguddoota naannoo sanaa dubbisuun bakka koo bu'anii kanneen odeeffannoo funaanuun na deeggaraniif galanni koo dachaadha.

Hiika Gabaajewwanii

WAA=Waajjira Abbaa Alangaa

WBA=Waajjira Bishaanii Aanaa

WBM=Waajjira Bulchiinsa Magaalaa

WBN=Waajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa

WB=Waajjira Bulchiinsaa

WBWHG=Waajjira Babal'ina Waldaa Hojii Gamtaa

WCHUO=Waajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa

WEF=Waajjira Eegumsa Fayyaa

WGR=Waajjira Galmeessa Ragaalee

WGS=Waajjira Galmeessa Siivilii

WK=Waajjira Koominikeeshinii

WM=Waajjira Maallaqaa

WMM=Waajjira Mana Mare

WMLM=Waajjira Maanejimantii Lafa Magaalaa

WP=Waajjira Paartii

Hiika Jechoota

Aroogee:- Maqaa iddoo yeroo jalqabaaf magaalli tullu boolloo itti hundeeffamte.

Baandaa:- Namoota loltoota Xaaliyaaniitti ragaa kennan.

Bara dur:-Bara waggaa dheeraan dura darbe.

Ho’oo:-Maqaa xabala (bishaan ho’oo) lafa keessaa burquu kan naannoo tulluu boollootti argamu.

Mishigii:-Boollaa loltootni Xaaliyaanii qoffaran.

Qonyee:- Maqaa tulluu naannoo tulluu boollootti argmuu.

Tullu Boolloo:-Maqaa magaala aanaa bachoo

Xinqe’ee:- Xiinxala qe’ee

Afooleessaa:- Jechoota “Afoola”fi “Eessaa” jedhaman irraa ijaarame.Madda Afoolaa gaafata.

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1. Seen-duubee Qorannichaa

Dhalli namaa akkaataa itti naannoo isaa hubatee itti jijjiiru qaba. Kana keessatti hooda, safuu, beekumsa, qaroomaafi yaadumsi qooda guddaa kennu. Kun hundi diinagdeefi polotikaa sirna hawaasaarratti hundeeffamu; kanneenirraa calaqqisa argamaniidha. Akkaataan itti dhalli namaa naannoo isaa hubatee jijjiiru, daawwannoo diinagdeefi polotikaa kan tahe kun aadaa jedhama. Akkaataan jireenya maatii, fuudhaafii heerumaa, hariiroon uumaa, baasiin gumaa, adabni seera cabsaniifi kkf hundi aadaa waan tahaniif fudhatamoo turan. Murtiin du'aa yoo itti dabrellee namni sun aadaa waan taheef, beekke eegumsa tokko malee, taa'ee adaba isarratti raawwatamu eeggata jedhamee himama. Waliigalteen jaalalaan, tokkummaan waliin jiraachuunis aadaa jiraachaa ture. Heeraafii seerri biyyaa akka aadaatti fudhatamee jabaata; kabajamaas. “Bakka seerri qajeelaan ummanni ittiin of bulchu hin bilisummaan, naga'aafi tokkummaan jiraachuu hin danda'amu. (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}tti)

Waan jiruufi jireenya ofii ittiin geggeeffatan sababa taheef seerriifi heerri kun ni kabajamu jechuudha. Waan sirna kana keessatti tahan hundi akka aadaafii amala biyyaatti fudhatamee kabajama. Akkaataan qabannoo qabeenyaa itti loon bobbaasan, looniifi bishaan eelaa baasan, itti qotaniifi akkaataan itti waa horatanii dhimma ittiin bahan aadaa keessatti gamtoomaafi marabbaatu calaqqisa. Namuu qabeenya mataa isaa qabaatee irratti mirga guutuu qaba. Kan dhabe, kan balaan uumaafi lolli dhaqqabe, kan dhukkubsateefi abaarsi itti dhufe, hundaa suphuun beekamaadha. Har'allee Boorana keessatti “Buusaafi Gonofaa” kan jedhamu aadaa osoo hin badin jiruudha. Buusaafi gonofaa uummanni Oromoo akka Aadaa isaatti itti tajaajilamaa ture yeroo ammaa sababa hongeen/caamsaan/ uummata booranaa mudatee tureef Aadaa uummataa kan dur ture kana hojmaata gargaarsaa jechuun mootummaan waajjira mataa isaa hundeessee uummata irraa Buusaafi Gonofaa jechuun gibira waggaa waliin akka sassaabamu taasifamaa jira. Kun muuxxannoo Aadaa walgargaarsaa dur Oromoon qabu ta'uu isaa ragaaleen armaan olii kun ibsuu danda'a jechuudha. Namuu waan waliin horate waliin dhimma bahuurra darbee hawaasa keessatti walbadhaasuufi walgargaaruun aadaa keessatti beekamaadha. Aadaa kanaafi kana fakkaatan ala bahuun hawaasa keessaa nama baasa. Kana jechuun adaba namarratti seeraan darbu malee, waan halaba (outcasted) nama taasisan jiru. Isaan keessaa haraamuu, caphanaafi kkf beekamoodha. Namni haraamuu yookiin caphana jedhame gosa keessaa bahee namummaa dhabee kophaa jiraata; kophaa

godaana, kophaa qubata. Gargaarsi hawaasummaa keessati godhamuuf irraa dhaabbata. Aadaa Oromoo kana bara sirna Gadaa keessatti yeroon baay'ee barbaachisaadha. Guyyaa, ji'a (baatii), waggaafi Gadaa lakkaawuudhaan hawaasa Oromoo sirna kana jalatti qindeessuun qaama aadaa ture. Kanaafis, hawaasa Oromoo keessatti qaroominni (civilization) addunyaaf gumaache kalaandarii Oromooti. Kalaandariin Oromoo kunis, astroonomiin kan qoratamee argameedha. Ji'a, waggaa dhalootaa, bara Gadaa, guyyaafi ji'a ayyaanaa lakkaawanii adda baafachuuf tattaaffii qormaata ji'aa, urjiifi aduu irratti godhamaniin qarooma Oromootaa adda godhuuf dagaagina argameedha.

Amantiin Gadaa uummanni qabaatu keessaa tokko waan sirna Gadaa keessatti hojjetaman aadaa tahee qaama Oromootaati. Innis waan sirna sana gadi jabeesse akka tahe hubatamaadha. Aadaa jiran keessaahis amantiin hordofamaa ture sirnicha utubee kan jabeessedha. Amantiin aadaa haatahuu malee, mataa isaatinis sirna Gadaa keessatti waan aadaa tahan hundaa kan jabeessedha. Kanaaf, amantiifi aadaan tokkummaa akka qaban ifaadha. Jireenya hafuura qabu keessatti dhalli namaa, hubannoo naannoo isarraa qabuun waan amanu qabaachuun waan malu. Bara Gadaa keessattis uummanni Oromoo waan itti amanu qaba ture. Innis waaqa jedhamee waamama. Waaqni waan hundumaa ol kan tahe, hunda kan tolcheefi kan uume, waan hundaa kan danda'u ta'uu isaatu amanama. Oromootaafi waaqa kana kan walqunnamsiisan qaalloota jedhamu. Hojiin isaaniis akka qeesotaafii sheekotaati. "Qaalluu jechuun nama beekaa, nama raajii Waaqaa himu, namootaafi Waaqaan kan walqunnamsiisu, rakkina uummataa Waaqaan kan geessisu, ergaa Waaqaa ammoo kan uummatatti dhiyeessu, ibsu, hojii araaraa kan hojjatu, namoota walitti bu'an kan araarsu, akkasumas, Sirna Gadaa keessattis ta'e sirnoota kanneen biroo keessatti kan eebbisu, ergamaa Waaqaa (Maleekka) jedhama". (Beekumtaa Oromoo, Maxxansa 2^{ffaa})

Qaallota yeroo jennu akka bara dhihoo keessa uummata samuuf jecha sobanii, gowwoomsanii irraa waa guurratan akka qaallicha habashaa miti. Qaalloonni Oromoo bara sirna Gadaa uummata, uumamaafi biyyaaf waaqa kadhatu; galateeffatu, uummata eebbisu, looniifi midhaaniif rooba kadhatu, warra bira dhaqanii waaqa kadhachuuf isaaf muudaniif eebba kennu. Dalagaa kanaafi kana fakkaataniin akka uummanni amantii Waaqatti amanuufi hordofu godhu; uummataafi Waaqa walqunnamsiisu.

Oromoonni karaa Qaalluu Waaqaan walqunnamuu malee, akkaataa biraas ni qabu. Kunis, yeroo gara garaatti ofiifis waaqa kadhachuufi galateeffachuudha. Bakki itti waaqa kadhatan ykn

galateeffatanis galma ijaarame keessa, muka jala, gaararra ykn tulluuwwan, malkaa gubbaattidha.Kanneen utuu kana godhanii, yeroo yerootti dhaqanii Qaalluu muudu.Ayyaanni amantiis yerootti ayyaaneffataman ni jiru.Isaanis warra akka: Ateetee- kan dubartootaati.Innis kan mucaa argachuuti.Nabii-kan abbootiiti.Jaarii- kan ayyaana nagayaa, tikfama namaa, looniifi qe'eeti.Abdaarii-kan ayyaana dachii midhaan baasisuuti.Qaallonnis sirna ayyaana amantii kanarratti uummata gorsu, jajjabeessu.Qaalluun eessaa bahaa?Gaaffiin jedhu ka'uun ni danda'a.Gosa keessaa Qaalluun bahuu danda'uufi hin dandeenye jiru.Innis waanuma hangafummaafi quxusummaa hawaasa Oromoo keessa turerraa tahuu ni mala.Qaalluun gosa beekamaa keessaa baha.Achi keessaa bahee gosoota hafaniifis Qaalluu tahu.Hundaanis muudama.Qaalluun gosa beekamaa keessaa haa bahu malee, tokko qofa taha jechuu miti.Mandhee hawaasa olii sana keessaa dabalani jiraachuu danda'u.Garuu isaan keessaa tokkotu hundarra kabaja qabaata.Isaantus yeroo ayyaana muudatti muudamas.Fakkeenyaaf, Boorana keessatti Qaalloota (laduu) shanan jiran kan Maxxaarii sadaniifi kan Karrayyuu tokkoofi kan Odituu tokko keessaa hunda caalaa kabajamaan Qaalluu Odituuti.

Qaalluun isa oliiti jechuudha.Booranaa alas qaalluu kana muuduuf Oromoonni lafa fagoo deemanii dhaqu.Kanaaf, sadarkaa qabu; warri gadi hafan isaa gaditti dalagu jechuudha.Qaalluun abbaadhaa ilmatti dabree dhaalamaa deema.Namichi mataan amantii Qaalluu hoggaa jedhamu, haati manaa isaa ammoo, qaallittii jedhamti.Qaallittiinis akkuma qaalluu kabajamtuudha.Ilma hangafaatu yeroo abbaan isaa du'u dhaalee qaalluu tahuuf carraa duraa qaba.Walumaagalatti, dalagaan Qaalluu inni tokko namaafi waaqa walqunnamsiisuufi kan biraa aadaa Oromoo kan sirna Gadaa keessaa tiksuufi too'achuudha.Kanarratti bakka guddaa qaba.Akka aadaan sirna kanaa hin dabneefi seerriifi heerri sirnichaa hin banne qajeelcha.Uummata biratti karaa aadaafi amantii fudhatama guddaa waan qabuuf, yaada uummataa (public opinion) fudhatama isaa jalaa waan qabuuf aadaa Oromoo tiksuufi daandii sirna Gadaarratti too'achuu danda'a.Waan haraamuu, caphana, gatama namatti fiduu danda'anirraa uummata eeguu danda'a.

Kanneenirratti dabalee qoodni guddaan Qaalluun qabu jireenya polotikaa sirna Gadaa too'achuufi qajeelchuudha.Murtii polotikaarratti fuulaan yoo qooda hin fudhannellee, waan yaada uummataa of harkaa qabaniif qajeelchuufi karoorsuurratti qooda guddaa kennu.Filmaata qondaalota Gadaafi marii biyyaarratti argamuudhaan gargaaru.Filmaata qondaalota Gadaarrattis yaada uummataa sassaabuudhaan irratti hundeeffamanii ija filmaata godhamee adda baasanii labsu.Marii seeraafi

heeraarratti argamanii akka seerriifi heerri Gadaa hin dabneef gorsuufi qajeelchuudha. Qoondaalota Gadaa aangoo qabatan sirnaan muuduun eebbisu. Kanaaf, amantiin sirna Gadaas karaa kanaafii kana fakkaataniin jireenya polotikaa uummata Oromoo qajeelchuurratti qooda guddaa qaba. Godaansa Oromoo Jaarraa 16^{ffaa}n duratti Uummata akka waan hinsossoonee kana akka gaaraa, dhagaa ykn galaanaa godhanii fudhachuun hin tahu. Uummanni kamiyyuu ni sossoha, bakka tokko gadhiisee bakka biraatti ni godaana. Seenaa uummatoota addunyaa keessatti godaansa heedduu argina. Sababoonni godaansa uuman akkuma biyya sanaafi haala yeroo sanaarratti hundeeffama. Kanaaf, sababoonni godaansa uuman bal'aafi hedduudha. Haatahu malee, warri keessaa gurguddaa tahan ni jiru: haalli qilleensaa geeddaramuun, balaa dhufe jalaa dheessuuf, lakkoofsi uummata sanaa hedduu dabaluun dhiphina lafaa dhalatu keessaa bahuuf, lola uummatoota ollaa jidduutti dhalaturraa kan ka'e jalaa dheessuuf, kun ammoo lafa bal'ifachuuf tahuu ni danda'a. Seenaan godaansa Oromoo kan jaarraa 16^{ffaa}n duraa haala kana keessaa tokkoratti hundeeffamuun ni mala.

Madda uummata Oromoo yeroo ilaalletti Oromoon Baddaa Baaleefi gam-tokkoon Sidaamoo keessa yeroo dheeraaf akka jiraataa ture mirkanaa'ee jira. Kana jechuun Oromoon hanga jaarraa 16^{ffaa} keessatti naannoo kana duwwaatti murtaa'ee jiraataa ture jechuu miti. Godaansa haala akkasiitiin dhiheessuu warri barbaadan Qeesoota Amaaraati. Godaansi uummataa kamiyyuu beellama qabatee jaarraa akkasiittin godaana hin jedhu. Godaansi sossohiinsa uummataa dhawaataan, suuta suutaan, yeroo dheerinaa keessa kan mul'atuudha. Waan jaarraa tokko keessatti jalqabee dhumatusii miti.

Oromoon naannoo Mandayyoo, Dalloofi Jamjam bara dheeraa jiraataa turanii dhawaata lafa naannoo isaaniitti siqaa, irra jiraataa dhufan. Yeroo isaan itti naannoo Baaleefii Sidaamoorraa sossohanii hamma Wallootti qabatan waan beekamuu miti. Garuu yeroo dheeraa keessa tahuun hin mamsiisu. Eega Affaaroonniifi Saahoon naannoo amma jiran keessa jiraachuu jalqabanii ykn isaanumatti aananii godaananii qubachuun waan malu. Akkaataa godaansa Oromoo kana ofumaan deema ture kana, isa jaarraa 16^{ffaa}tti akeekuun hin tahu. Abbaa Baahireenuu yeroo akkaataa godaansa Oromoo barreesse; Booranni biyya isaarraa yeroo godaanu hundaan hin deemu, warri deemuu hin barbaanne ni hafa. Kunis waan mootii hin qabneef namni isaan ajaju hin jiru. Abbaan akka barbaade hojjata" jedhe. Jaarraa 16^{ffaa} keessa yeroo Baahireen barreesse baay'inni uummata Oromoo meeqa taha? Akka inni jedhutti utuu godaansi Oromoo yeroo sanii jalqabee ilmaan

quxusuu duwwaan dabranii kan qubatan yoo tahe, lafa har'a Oromoon irra jiraatu firfirsanillee wal hin ga'u jechuudha. Kanaaf, Oromoon jaarraa 16^{ffaa} keessa godaanuu jalqabe utuu hin taane, jaarraa hedduun dura suuta suutaan, ilmi quxusuun dabree qubachaa, lafa margaafi bishaan qabu barbaadaa godaane. Dura Oromoon lammii tokko ta'anii osoo jiraatanii gosa Booranaafi Bareentummaatti adda bahan. Bareentummaafi Booranni osoo naannoo Baaleefi Sidaamoorraa gara bahaa jiraatanii lakkoofsi namaafi horiinsaanii baay'achuun gargar fagaatanii qubachuu jalqaban. Ilmaan Bareentummaas akka walitti heddummaachaa deemaniin adda adda bahanii qubachuu jalqaban. Ituufii Humbanni Mormorirraa ka'anii gara bahaatti sossohanii osoo adda hin bahin naannoo Odaa Bultum qubatan. Odaan Bultum kaarra Qurquraarraa gara kibbaatti hamma km3 fagaatee argama. Ituufi Humbanni osoo adda hin bahin bakka Odaa Bultum kana. Sirna Gadaan duratti akkaataa bultuma Oromoo akkam akka ture wanti beekamu hinjiru. Qeesota Amaaraa tahee, seenaa barreessitoonni gara biraa waa'ee Oromoo kan barreessuu jalqaban jaarraa 16^{ffaa} booda ture. Kanaaf, sanaan dura seenaan Oromoo ture himamsa aadaarraa, yoo argame malee wanti galmaa'e kan jiru hin fakkaatu.

Ummanni tokko amantaa, aadaafi seenaa ofii wal-qabachiisee yoo barate, tokkoffaa yeroo qusataaf, lammaffaa ammoo jabina qor-qalbiifi ofitti amantummaa hagana hin jedhamne argata. Amantaa ormaa (Ambaa) waliin yoo seenaafi aadaa barate garuu, amantaan isaafi aadaan isaa jalaa waan adda ta'uuf, jabinniifi ofitti amantummaan isaa duraa faca'a. Ummanni tokko yeroo amantii kiristaanaa hordofu seenaa, aadaafi jabina uummata Israa'eel barata. Kan ofii ammoo ni dagata, ni tuffata. Inni amantii musliimaa fudhate ammoo seenaa, aadaafi jabina warra Arabaa barata. Haala kanaan kabajaafi jaalala ilmaan Arabaatii kennaa guddata. Waa'ee seenaa biyya ofii garuu ni dagata. Maqaafi kabajaa Tulluu (garreen) keenyaa dagatee, jabal Makkaa, jabal Arafa jedhee dubbata yookiin dhaloota haaraa barsiisaa guddisa. Inni kiristaanaas Tulluu nam-durii, Tulluu Walal, Haroo Walaabuu jechuu dhiiseetu Tulluu Museefi Haroo Galiilaa jechuu baay'isa. (Dirribii, 2009)

Akkaataan dagaagina hawaasaa dhala namaa kamiyyuu sirna keessa darbu ni qaba. Haalli hawaasni Oromoo bara Gadaa duraafi booddee keessa ture calaqqiinsa akkaataa bulmaata isaa kan duraanii nuuf ibsuu ni danda'a. Akkuma uummata kamiyyuu hawaasni Oromooo gamtooma doofaa durii keessa turuun isaa waan hin oolledha. Kunis akkaataa qabeenya dhuunfaa turerraa calaqqisa. Oromoon waan tikfattee tureef qabeenya dhuunfaa loon yoo tahe malee, lafti qabeenya gamtaa

ture.Kanaa wajjin kan ilaalamu haala walbulchiinsa isaan jidduu tureedha.Hamma hawaasaatti Oromoon guddatee sadarkaa gosa gahetti manguddoon walbulchuunsaa hin oolle.Kabajaa manguddoon hawaasa Oromoo keessatti qabu har'allee aadaa Oromoo keessatti ni calaqqisa. Jaarraa 17^{ffaa} jalqabarratti (1605-1617) bara mooti Habashaa Suusiniyoos Oromoon Bagaamidirifi Goojjamitti duulaa ture, garuu ofirraa ittisan.1620 Oromoonni Walloo Bagaamidiritti duulan.Qaabsis Paaris (Paris chronicle) jedhamu lolli gurguddaan baroota 1639, 1643, 1649, 1652fi 1658tti akka tahan galmeessee jira.1661 Oromoonni Walloo Warra Himannoo Gondaritti duulanii Faasilaa Dasiin lolan.1683-1688 Oromoon Guduruu Habashaa lolee moohe.1709 bara Tewoodiroos mootii Habashaa ture, Oromoon Amaaratti duulee ture.Jaarraa 18^{ffaa} kaasee lolli xixiqqaan Amaaraafii Oromoo jidduutti deemaa ture.Amaaroonni Oromoo ofitti qabuu (firoomfachuu) jalqaban.Waldhabbii isaan jidduu jirurratti akka Oromoon isaan gargaaru hawwachaa turan.

Yeroon itti Oromoon waardiyaa mootii Habashaa tahee qe'ee (gibbii) isaaniitti gales ni ture.Habashoonni walii isaanii fonqolchuufii aangoorra turuufis Waraana Oromootti yeroon dhimma ba'aa turan ni ture.Duula Oromoo kana booddee haala akkamiitu Gaafa Afrikaa keessatti dhalate?Humni Oromoo jechuunis maal uume?Gaaffiin jedhu sammuu namoota baay'eetti dhufuun isaa hin oolu.Hamma Oromoon Gadaan of hin ijaaranitti miidhaa gurguddaan irra gahaa akka ture beekamaadha.Yeroo sanas Kiristaanonniifi Islaamonni duula walirraa hincinne walirratti oofaa turan.

Gaafni Afrikaa bakka lolaa turte jechuun ni danda'ama.Oromoon Gadaan ijaaramee as bahuun, madaala humna Gaafa Afrikaa keessatti jijjiire; lola Kiristaanaafi Islaama jidduu ni dhaabe,hawwii babal'achuu Habashaan qabu dhaabee walitti ishii suntuurse; Oromoo kabajamaafi sodaatamaa taasise, Mootummaa Islaamaa Harar dhahee walitti bute, daangaarratti waldhiibuufi lola xixiqqaa tahan malee, naga'a gara jaarraa lamaaf Gaafa Afrikaatti buuse.Madaallii humnaa kan yeroo dheeraaf ture, kan jijjiiramuu jalqabe walakkaa jaarraa 19^{ffaa} booda eega meeshaan lolaa haarofni harka Habashootaa seenee ture.Yeroo kanarraa kaaseeti kan Oromoon cabee kolonii Habashaa tahuu jalqabe.Dhaloonni ammaa garuu seenaa Oromoon eenyummaa isaa eeggatee tursiisuu irratti qabsoo taasisaa ture hubatee haala hammayyummaa, saayinsiifi teeknoolojii faana deemuu qofa osoo hin ta'in, aadaafi duudhaa uummanni kanaan dura qabatee ture sana qorannoodhaan deeggaree dhaloota haaraaf gumaachuun dirqama irraa eegamu akka ta'e hubachuu qabuun dhaamsa kooti.

“Oromoon uummattoota Afrikaa keessaa baay’inaan sadarkaa olaanaatti argama. Lakkoofsi uummata Itoophiyaa bara 2007 gaggeeffame akka ibsutti, Oromoonni Itoophiyaa keessa jiraatan kitila 32 yommuu ta’an, kunis akkaataa foormulaa istaatiiksii lakkoofsaan (demographic statistics) yommuu herreegamu bara (2021) baay’inni Oromoo Itoophiyaa keessa jiraatuu gara kitila (miliyoona 60) ta’a”. (Filee, Beekumtaa Maxxansa 2ffaa)

Sabni Oromoo Afaansaa afaan barnootaa osoo hin ta’in dura qarooma isaa dhalootaa dhalootatti afoolaan dabarfachaa as gahe. Afoolli (og-afaan) dhimma afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha. Afoola kan jedhamee beekamu kunis damee hedduutti qoqqoodama. Isaan keessaa: Afseenaa, himteewwan adda addaa, hiibboo, durdurii, geerarsa, faaruu loonii, ururuu (faaruu ijoollee), sirba jaalalaa, sirba Gadaa, faaruu irreechaa, faaruu ateetee, mammaaksa, sirba gaa’elaa, weedduu jaalalaa, eebba, abaarsa, tapha ijoollee, jeekkarsa, ciigoo, jechamaafi kkf maqaa dhahuun ni danda’ama. Sabni Oromoo immoo keessumattuu afseenaafi himteewwan garaagaraa kan seenaa hawaasa naannichaa waliin walqabatan dhaloonni darbe maal akka fakkaatuufi inni ammaa ammoo maal irraa barachuu akka qabu himteewwan naannoo jiran kanneen akka tulluu, malkaa, bakka dhibaayyuu (abdaarii), bakka amantaa, holqawwan garaa garaa, hora bishaanii itti gargaaramaa tureefi ammas dhimma itti bahaa jiraniidha.

Araarsoo (1995) akka ibsetti, “Sabni Oromoo cunqursaafi hachuuccaa alagaan aadaafi seenaa isaa gadhiisee, aadaa alagaa akka hordofu taasisuuf miidhaan irra gahe hanga ykn hamma kan hin qabne ta’uu isaarrayyuu akka lugaa (afaan) ofii gatee lugaa alagaa dubbatu, seenaa ofii gatee akka seenaa alagaa baratu, amantii isaa dhiisee akka amantii gara biraa fudhatu dhiibbaan irratti raawwatamaa ture.” Yaaduma kana fakkaatuun *Fedhasaan*, (2017) yoo ibsu: Oromoon durii kaasee kalaqa ittiin jiruu ofii qajeelfatu qabaachuusaaf afoolli har’a dachee Oromiyaa uwwisee jiru ragaa qabatamaadha. Maqa balleessiin diinni irratti geggeessaa ture ragaa kana haguuguuf yaalus, tattaaffii hayyoota keenyaafi gumaacha beektota biyya diidaatiin dhugaan kun mul’ateera. Haqa mul’ate kana ukkaamsuun sichi abjuudha. Qorannoo afoolaa Oromoorratti geggeeffameen, kalaqa qabaachuunsaa mirkanaa’ee jira. Qeesichi ‘Abbaa Baahiree’ jedhamu jaarraa 16^{ffaa} keessa Oromoon amala bineensaa akka qabutti barreesses dhugaarraa kan maqe ta’uusaa hubateera. Inniyyuu, jibbiinsa qabu irraa kan ka’e seenaa maqa-balleessii saqna barreessuusaa eereera. Oromoon afoolatti fayyadamee dhaloota haaraaf ergaa dabarsaa kan ture ta’uunsaafi faalaasama cimaa akka qabu qorannoon hayyootaa ni mirkaneessa.

“Afaan Oromoon bakka tajaajila uummataafi waajjiroolee hojiitti dhimma ba’uun hammam akka nama qeeqsisaa, yakkisiisaafi adabsiisaa ture yaadannoo keenya yeroo dhihooti. Wanti yeroo hundumaaf dhaabbataa ta’ee jiraatu akkuma hin jirre mara, mootummaan afaan gita bittootaa malee afaan saboota biroo acuucuufi ukkaamsu qabsoo uummatootaan erga burkutaa’ee booda bu’uura bu’an keessaa tokko afaan ofiin dhimma ba’uufi mirga qabaachuudha.” (Kumsaa, 1993).

“Afaan keenya reefu biqilaa jira malee hundee lafatti hin jabeeffanne. Aramaa jalaa aramnee uruursinee guddifannee, dagaagsinee akka inni aramaatti cophee aramaa balleessu gochuu qabna. Yoo akka Boqqoolloofi Bisingaa se’anii aramaa jalatti biqilchan adalli aramaa kana keessa lootee dhuftee afaan kana nu harkaa buttee sokkiti. Kana duwwaa miti; aramaan inni durii afaan kana ni ukkaamse malee dabarsee du’atti hin laanne. Lammata jalatti biqillaan garuu itti cophee tortorsa. Waan tortore ammoo deebi’ee fayya jechuun soba ta’a”. (Abarraa, 1993).

Addunyaa kanarraatti namni sababa uumameef qaba. Maaliif akka uumame kan barus abjuu halkanii keessa, moggaasa maqaasaarraa, fedhii keessoosaafi waan naannoosaatti isa mudaturraati. Uumama keessa jiraatu kanas dinqisiifachuun hiika dhaaddeffamaa itti laata. Yoo itti tolte maqaa masoo moggaasee leellisa. Ta’uu baannaan waan sana qeequuf weeddisa. Sanas haata’uu kana, addunya kana to’achuuf namni waan hedduu raawwata. Ilmoon namaa jireenya mo’achuuf wal’aansoo hedduu godhus, baay’een milkaa’ina dhabee guyyaa dhalootasaa abaara. Kaan ammoo, akkuma addunyaan isa jiraachiftetti jiraatee darbas. Akka kanaan namoota lamatu biyya lafaa keessa jiraata. Isaanis: Nama biyyaafi Nama biyyoo jedhamu. Namni biyyaa addunyaa kana to’achuuf fala beeka. Jireenyasaa hundaan akka dungoo ifee lammiirraa dukkana qola. Namni kun waan uumameef beeka; mul’atasaa jiraatas. Gaafa du’u sanaan yaadatama. Inni lammataa nama biyyooti. Inni kun ofiif qofaa jiraata. Jiraachuu lammiif waa hin gumaachu; ittuu jaamsee saamuuf hojjata; namni kun gaafa du’u dandeettii qabu waliin awwaalama. Seenaan isa hin yaadatu (Fedhasaa, 2015)

1.2. Ka’uumsa Qorannichaa

Namni kamiyyuu qorannoo yeroo gaggeessu sababa tokko irraa ka’eeti. Akka Yaadasaan (2008) ibsutti, “Yaadni ka’uumsa qorannoo seensa karoora raawwii ykn gabaasa qorannoo keessatti seen-duubee qorannootti aanee kan dhiyaatudha. Yaadni ka’uumsa qorannoo mata-duree dhimmootaafi rakkoolee qoratamuu malan ifatti baasuudhaan bal’inaan addeessee kan ibsuudha”. Anas

Himteewwan Naannoo: Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) jedhu kanarratti qorannoo kana akkan gaggeessu kan na kakaase waa sadi. Inni duraa, mancaatiin Naannoo irra gahaa jiru qorannoo Afoola Oromoo keessatti hedduminaan dhibuu. Kan lammaffoo, Himtee Naannoo bu'ureeffachuutiin Hariiroo Namaafi Naannoo akka-malee (unjust) qorachuufi qolachuuf Hanqina malaafi Yaaxxina jirutti waa gumaachuuf. Akkasumas, sadaffoo qorattoota gama kanaan fedhii qabaniif karaa saaquufi fakkeenya tahuuf, dhimma kanarratti xiyyeeffannoo guddaa kennee qorannoo kana akkan gaggeessuuf fedhii guddaa natti horee jira. Kana malees, Aadaa kaleessa ture dhaloota ammaa dhaalchisuufi jijjiirama hawaasaa wayyoomu (Aadaa) jiru gumaachuun barbaachisaa ta'ee waan natti mul'ateef mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuuf fedhii baay'ee natti horeera.

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kamiyyuu yeroo gaggeeffamu kaayyoo gaggeeffamuuf kan mataa isaa akka qabu beekamaadha. Kaayyoon qorannoo tokkoo bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreeti.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo goeroon qorannoo kanaa ijoo-dubbii qorannoo **Afoolaa** kan tahe Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) irratti xiyyeeffachuutiin sakatta'uudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaa:

- Hawaasni naannoo jireenya isaa keessatti bakka akkamiitti amantaa isaa gaggeessaa akka ture adda baasuun ibsuu.
- Malkaafi tulluuwwan, naannoo jiran seenaan isaanii kan duriifi ammaa maal akka fakkaatu adda baasuun ibsuu.
- Yeroo ammaa haalli qabiinsa malkaa, bakka amantaa, tulluuwwaniifi bakkeewwan dhibaayyuu ykn abdaarii sadarkaa akkamiirra akka jiran adda baasuun ibsuu.
- Dhiibbaan amantaan iddoowwan seenaa qabeeyyii ta'an irraan gahaa jiru sadarkaa maaliirra akka jiru adda baasuun ibsuu.

- Himteewwan naannoo dhaloota ammaatiif dabarsuun faayidaa maalii akka qabu adda baasuun ibsuu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa: Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) qorannoodhaan bahee akka mul'atu taasisuun gama barreeffamaan taa'ee qorannoowwan kanneen biroo bal'inaan akka irratti gaggeeffaman daandii saaquun Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) kana baduu irraa baraaruudha. Qorannoon kun osoo gaggeeffamuu baatee; Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) sababa manguddoonni umuriin raagan du'aa jiraniif carraan dhaloota itti aanuuf dabarsuu isaanii hir'achaa deema. Kun ammoo, dhaloonni isaanii duubaan itti fufu eenyummaa isaanii dhuftee ganamaa maatiin isaanii beekan waan wallaalaniif seenaa isaanii isa sirriifi eenyummaa isaanii beekanii gaaffilee eenyummaa isaaniin walqabatan kamiyyuu gaafachuu akka hin dandeenye taasisuu mala. Rakkoon kun ammoo Oromoota naannoo kanaa qofa osoo hin taane kanneen Oromiyaa guutuu keessa jiraatan kan ilaallatu waan ta'eef, Uummata Oromoo maraaf gufuu guddaa ta'uu danda'a. Kanaafuu, bu'a qabeessummaan qorannoo kanaa inni duraa Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) jiru walittii qabuun ragaa barreeffamaa qindeessuun hubannoo hawaasni Oromoo marti Himteewwan Naannoo xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) kanarratti qabu daran cimsuun dagatamuurraa oolchuudha. Sababoota kanneen bu'ureeffachuun tokkoffaan Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) jedhu carraa qorannoo akka argatu haala mijeessuu, lammaffaan ammoo ragaa barreeffamaa Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) jedhu akka jiraatuuf qindeessuuf akka ka'uumsaatti qabatee kan ka'edha.

Akka faayidaa sadaffaatti galma gahiinsa qorannoo kanaa irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamoo ta'uu danda'u:

- a) Uummata Oromoo waa'ee Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) irratti jiru baruu barbaadaniif madda ragaa ta'a.

- b) Qaamolee mata-duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka madda odeeffannoo lammaffaatti tajaajiluun karaa salphaan kitaabilee wabii akka argataniif haala mijataa uuma.
- c) Qaamni dhimma kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadu otoo baay'ee hin dadhabiin teessoo odeeffannoo argachuu danda'a.
- d) Aadaa dur jiru dhaloota haaraa dhaalchisuuf bu'uura ragaa argamsiisuuf gargaara.
- f) Jijjiirama hawaasaa (Aadaa) jiru dhaloonni ammaa hubatee akka irratti hojjatuuf tumsa taasisuu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kamuu taanan baldhinaan, gadi fageenyaan, akkasumas yoomessaa (iddoosaafi yeroosaa) tiin kan daangeffame ta'uu qaba. Qorannoo daangaa malee gaggeessuun nama osoo bishaan daakuu hin beekin galaana seene ta'a. Kana malees, ka'uumsaafi ga'uumsa qorannoo gaggeeffamuu hubachuun nama rakkisa. Dabalataanis, qisaasa'ina yeroofi baajataa akkasumas humna namaa qaqqabsiisuu ni danda'a. Kanarra darbees, hojiileen qorannoo yeroo barbaadaman keessatti akka hin xumuranne akkasumas bu'aan qorannoo tokkorraa barbaadamu kallattii barbaadamuun akka hin argamne gochuu danda'a. Kanaafuu, qorannoo daangessuun baay'ee barbaachisaadha. Yaaduma kana ka'uumsa godhachuudhaan, qorannoon kunis Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) kan gandoota afurii sakatta'uu irratti kallattiidhaan kan fuulleffateedha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa hojii qorannoo keessatti, gufuuwwan hojichi akka barbaadametti akka hin deemne kan taasisan waa hedduutu jira. Kanneen keessaayis, rakkoo meeshaalee barreessaa, rakkoo humna namaa, maallaqaa, yeroo, odeeffannoo, beekumsaa akkasumas, qorannicha raawwachuuf qaama dhimmichi ilaalurraa hayyama dhabuu /argachuu dhiisuu/fi hanqina dandeettii gabaasa barreessuun angafoota yammuu ta'an gufuuwwan kunneenis argannoofi firii qorannichaa irratti dhiibbaa mataa isaanii geessisaniitu darbu. (Yaadasaa, 2008). Qorannoon yoo gaggeeffamu gufuuleen garaa garaa nama mudachuu danda'u. Bu'aa bahiin kunis mata-duree qorannoo irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu malu. Kana jechuun hanqinni qorataa tokko mudate qorataa biroo mudachuu dhiisuu danda'a jechuudha. Sababni isaas mata-dureen qorannoofi adeemsi qorataan

tokko fayyadamu qorataa biroorraa adda ta'uu danda'a. Kana malees, qorataadhaa qorataatti rakkoon dhuunfaan namni qabu garaa garummaa qabaachuu danda'a. Qorataa kanas akkuma qorattoota biroo rakkooleen armaan gadii kuni mudachuu danda'aniiru. Inni tokko qorannoowwan kanaan dura bal'inaan Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa)" jedhurratti hojjatame kan hin jirre ta'uu isaafi akkuma Aanaa Bachoottuu hanga har'aatti qorannoon namoota beekumsa olaanaa qabaniin hojjatamee akka madda odeeffannootti tajaajilu kan hin jirre ta'uu. Kana malees, yeroo ammaa manni dubbisaa kan uummataa kan duratti jirullee sababa hin beekamneen cufamee manni ammoo tajaajila biraatiif oolaa kan jiru ta'uu. Inni kun ammoo rakkoo qorataa kana qofa mudate osoo hin taane rakkoo barattoota sadarkaa gadii irraa kaasee hanga sadarkaa olaanaatti barachaa jiraniifillee rakkoo hamaa fala dhabe jedhamee hawaasa bal'aa biratti komii guddaa ta'ee akka jiru qorataan kun yeroo qorannoo isaatiif hawaasa naannoo dubbisu odeeffannoo argateen rakkoo cimaa ta'uu isaa hubatee jira. Qorannoowwan hojjetamanis irra caalaan isaanii manneen kitaabaa keessa waan hin jirreefi namoota dhuunfaa tokko tokko biratti kanneen argamanillee mata duree qorataa kanaa waliin hariiroo kan hin qabne ta'uun isaa akka qorataan kun rakkoo baay'ee argu taasiseera. Haata'u malee, qorataan kun osoo abdii hin kutin obsa guddaa godhachuun qorannoo isaa milkeessuuf odeeffannoo mata duree qorannoo isaa waliin walqabatu argachuuf kitaabolee garaa garaa namoota dhuunfaa irraa ergifachuun akkasumas, mana kitaabaa mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Hibrat Fireefi mana baruumsaa sadarkaa lammaffaa Awwaash Bunee fayyadamuun qorannoo isaa gaggeessuu danda'eera. Kana malees, odeeffannoon qorataan manguddoota naannoo, waajjira aadaafi turiizimii aanaa bachoo, waajjira koominikeeshinii aanaa bachoofi gargaarsa hiriyyoota isaatiin rakkoo kanaaf furmaata kennuun qorannoo isaa haala gaariin gaggeesseera. Inni biroon, ammoo namoonni aanicha keessatti Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) beekan baay'inaan dhabamuu isaaniiti. Rakkoo gama manguddoota buleeyyii haala naannoo isaanii kaleefi har'aa sirriitti beekanii argachuun baay'ee rakkisaa ture. Rakkoo kana furuuf qorataan manguddoota naannoo jiran qabachuun kanneen biroo akka isaan eeruu kennaniif gochuun mana mana isaanii deemuun odeeffannoo qabatamaafi sirrii ta'e walitti qabachuu danda'eera. Kana malees, haala qaala'iinsa jireenyaa irraa kan ka'e qorataa kana hanqinni maallaqaa mudachuu danda'eera. Rakkoo hanqina maallaqaa isa mudate kana furuuf qorataan mindaa isaa ji'aan hojjatee argatu irraa fayyadamuun

kan hanqate ammoo hiriyyoota isaa irraa gargaarsa gaafatee argateen qorannoo isaa karaa milkaa'ina qabuun xumuruu danda'eera.

Kanamalees, yeroon qorannoon itti hojjatame waggaa lamaaf waan tureef qorataan namoota odeeffannoo kennaniif bakka isaan jiraatanitti barbaadee argachuuf mana mana isaanii deemuuf yeroo bal'aa argachuun isaa baay'ee isa gargaareera. Akkasumas, gandoota sababa rakkoo nageenyaatiin dhaquun rakkisaa ta'e ammoo gaaffilee qopheessuun barsiisota mana baruumsaa gandoota rakkoo nageenyaa qaban kana keessatti argamanitti kennachuun; manguddoota ganda sana keessatti argaman irra akka isaan odeeffannoo funaananiif deeggarsa gaafachuun ragaalee barbaachisoo ta'an walitti qabachuu danda'eera. Gama biroottiin ammoo qorataan odeeffannoo qorannoo kanaa yeroo sassaabbatu baay'ina hojii hojjaturraa kan ka'e hanqinni yeroo bal'inaan isa mudatee ture. Qorataanis rakkoo isa mudate kana keessa darbuuf yeroo hojiitiin ala; yeroo boqonnaa isaa, guyyaa hojiitiin ala jechuunis guyyoota sanbataa lamaan sagantaa dhuunfaa isaa qopheeffachuun nuffii tokko malee hojii keessa galuun sagantaa isaatiin deemuun akkasumas, halkan fayyadamuun qorannoo isaa milkiin xumuruu danda'eera.

Hunda caalaa rakkoon qorataa kana mudate rakkoo nageenyaa naannoo isaa irra jiruudha. Akkuma beekamu Oromiyaa guutuu keessatti bara 2008 irraa kaasee haalli nageenyaa baay'ee rakkisaa ta'uun isaa beekamaadha. Rakkoon nageenyaa uummata Oromoo irra ga'aa jiru kun akka Oromoo tokkootti qorataa kanas mudachuun isaa waan hafee miti. Qorataan kun bara 2016 qorannoo isaa xumuruu kan qabu sababa rakkoo nageenyaatiin wal qabatee guraandhala 30 bara 2016 haala yeroottiin shakkamteerta jedhamee Poolisii Aanaa Bachoofti Daninnatii Federaalaatiin too'annoo seeraa jala oolee bara 2017 Fulbaana 27 shakkii ittiin shakkamte irraa bilisa jechuun waajira Poolisii Aanaa Bachoo irraa gadi dhiifamee jira. Qorataan kun guyyaa jedhame kana waajira Poolisii Aanaa Bachoo irraa gadi yaa lakkifamu malee erga ba'ee boodas hojii idilee isaatti deebi'uuf rakkoofi gidiraa baay'ee dabarseera.


Haata'u malee, qorataan kun gochoota seeraan ala isarratti raawwatamu kanaaf osoo hin jilbiiffatin obsaafi kutannoo qabuun ragaa isaa qindeeffachuun iyyata isaa karaa adeemsa seeraa hordofuun aanaa irraa jalqabee hanga Oromiyaatti deemuun sadaasa 26 bara 2017 gara hojii idilee isaatti akka deebi'uu yoo ta'ellee ammas bifa adabbii fakkaatuun mana baruumsaa dura ture irraa kaasuun mana baruumsaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-8 irratti akka barsiisuuf ramadamuun isaas qorannoo isaa kana gaggeessuuf qormaata guddaa ture.

Kana qofa osoo hin taane gandoonni qorataan kun qorannoo isaa irratti gaggeessuuf filate kan akka Shaankur Xaraqoo, Sooddoo Liiban, Simbirroo Cirrachaa, Awwaash Bune, Baasa, Baatuu Cirrachaafi Kattaa Insilaalee baadiyaa isaa keessa deemanii hawaasa naannoo waliin oolani gara magaalaa galuun dhorkaa waan ta'eef manguddoota gandoota jedhaman kana keessatti argaman argachuun humnaa ol rakkoo akkaan ulfaataa tureedha. Sababni isaas akka Aanaa Bachootti gandoonni kun warra diimaa jedhamanii rakkoo nageenyaatiin addatti sodaa guddaadhaan kanneen eegamaa jiraniidha. Qonnaan bultoonni gandoota kana keessa jiraatanillee guyyaa gabaa gara magaalaa deemanii waan jireenya isaaniif barbaachisu bitachuuf gidiraa hamaa kan argaa turaniifi hanga har'aattillee rakkoon furmaata dhabee uummanni dararaa hamaafi jibbisiisaa ta'e keessa jiraachaa jiru.

Haata'u malee, qorataan kun rakkoo kana hundaaf harka hin laanne. Qorannoo kana hojjachuun dhalattoota naannoo sanaatiif bu'uura guddaafi seenaa barbaachisaa waan ta'eef ijjannoofi kutannoo qabuun rakkoo kana keessatti kufee hafuu akka hin qabne waan of amansiiseef manguddoota odeeffannoo kennuufii danda'an adda baafachuun kan qaaman argachuu danda'u ofiif haasofsiisuun kanneen qaamaan argachuu hin dandeenye ammoo gaaffilee barreessuun barsiisota mana barumsaa gandoota kana keessa jiran kadhachuun akka isaan odeeffannoo sassaabaniif taasisuun odeeffannoo qabatamaa argachuu danda'eera. Qorannoo kana gaggeessuuf qorataan kun jalqabaaf gandoota saddeetirratti gaggeessuuf yoo karoorfates sababa rakkoo nageenyaa humnaa oliitiin gandoota afur isayyuu deeggarsa barsiisonni gandoota mana barumsaa keessatti argaman taasisaniif fayyadamuun qorannoo kana milkeessuu danda'eera. Gandoonni qorannoon akka irratti gaggeeffamuuf karoorfamee sababa rakkoo nageenyaatiin bira ga'uun dadhaban: Sooddoo Liiban, Kattaa Insilaalee, Baasaafi Awwaash Buneen qorannoo kana keessatti osoo hin hammatamin hafaniiru.

1.7. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Kaartaa Aanaa Bachoo



Dhaloonni Bachoo inni jalqabaa Baarentuu irraa Tuulamni dhalate. Tuulama irraa Bachotu dhalate. Aanaan Bachoo yeroo darbe bara 1933-1966tti iddoo saditti (3) addaan qoodame jedhu manguddoonni:-

1. ^{ffaa}Itti Aanaa Keekkuu (yeroo ammaa Aanaa Bachoo)
2. ^{ffaa}Itti Aanaa Iluu (yeroo ammaa Aanaa Iluu)
3. ^{ffaa}Itti Aanaa Daawoo (yeroo ammaa Aanaa Daawoo)

Keekkuu jechuun gosoota jahan (6) Bachoo keessaa isa tokkoodha. Iluun gosa Bachoo keessaa baay'ee cimaa ture jedhama. Bachoowwan sadan bara 1928-1933tti yeroo Xaaliyaaniin bulchaa turte Bulchiinsa Aanaa Ambootiin kan bulaa turan yoo ta'u; daandii Jimmaa gara dhiyaa kan jiru

Aanaa Ambooti yoo ta'u; daandii Jimmaa gara kibbaatti hanga Buttaa jaraa ga'utti Aanaa Toleetiin bulaa turan. Aanaan Tolee yeroo sana kabajamaa Dajjaazmaach Baalchaa Abbaa Nabsooti. Kabajamaa Dajjaazmaach Baqqalaa Wayyaatin bulaa ture.


Bara 1928 dura Bachoo kan bulchaa ture, Fiwuutaraarii Abbaa Machaalii Diinagdeetin waamicha maqaa duriitiin Waanber (yookaan Indaraasee) kan turan, Fiwuutaraarii Mallisee Aanaa Daawoo kan bulchaa tureefi mana marii ganda Daawoo jedhamaa ture. Karaa Sidaamoo kaaba dhihaa kibbaatti immoo Kookiir Gadaa Baanoo kan jedhamu teessoon Atseeminilikii kan turan Adde Alkoo yookaan Adde walatta Sillaasee kan turteefi yeroo ammaa Aanaa Sadeen Sooddoo kan jedhamtuudha. Aanaan Bachoo qabeenya uumamaatiinis ni beekama. Keessumaayyuu, kan mootummaan xiyyeeffannoo itti kennee irratti hin hojjatin kan akka xabala tajiifi ho'oo bishaan ho'aa lafa keessaa madduun namoota bakka adda addaati dhibee garaagaraatiin qabamanii dhufuun dhiqatan fayyisuun baasii tokko malee uummanni fayyina isaa kan itti argatu aanaa kana keessatti argama. Kana malees, biyyoo diimaan gaara qonyee jedhamu irraa qofforamu daandii magaalaa keessaafi magaalota walqunnamsiisu hojjachuuf kan gargaaru qaba. Aanaan kuni of irra darbee aanaawwan ollaa isaa ta'an kan akka: Aanaa Iluu, Aanaa Daawoo, Aanaa Toleefi Aanaa Sadeen Sooddootiif biyyoo kana gurguruun akka isaan magaalaa isaaniif daandii mijeeffataniif faayidaa guddaa kennaa jira.


Kanamalees, aanaan kun qabeenya turiziimii harkisuun galii guddaa argamsiisuu kan danda'u; garuu ammoo xiyyeeffannoon kan itti hin kennamin kan akka holqa guftii jedhamu aanaa kana keessatti argama. Akkasumas, aanaa kana keessatti aadaafi duudhaa, jiruufi jireenya isaa keessatti meeshaalee uummanni aanaa kanaa itti tajaajilamaa tureefi yeroo ammaaltee kan fayyadamaa jiran kan agarsiisu galma aadaa sooddoo jedhamu ni argama.

Waajjiraaleen seektaroota adda addaa kanneen akka waajjira poolisii, qonnaa, galii, bulchiinsa magaalaa, jallisii, humna namaa, humna ibsaa, aadaafi turiizimii, siivil saarviisii, bulchiinsaafi itti fayyadama lafa baadiyaa, dargaggoofi ispoortii, dhimma daa'immaniifi dubartootaa, BWHG, WEF, WKK, WBM, WAA, WM, GS, buusaagonofaa, WP, CHUO, WBA, WB, WMM, WBN,

WBM, WGR, WMLM, hawaasummaa, daldalaa, barnootaa, albuudaa, geejibaa, teeleeftii kkf.hedduun aanaa kana keessatti ni argama.

Uummanni Aanaa Bachoo uummata seenaa guddaa qabuudha.Oromoon Bachoo uummata jaalala malee jibbaafi hammeenya hin beekne, kan itti dhufe hunda nyaachisee obaasee waliin kolfee taphachuu malee, booda maltee natti maluu danda’a jedhee uummata shakkiin nama faana jiraatuu miti.Waan qabu uummata namaaf qoodee jiraatudha.Oromoon Bachoo dur kan ittiin beekamu loon baay’inaan horsiisuufi lafa qotuu waan ta’eef quufa malee rakkina hin beeku jedhu manguddoonni naannoo.Garuu,barri yartuun nama salphifti uummanni rakkatee rakkoo hin beekne kun bara sabaa sabaattii akka malee beela’ee rakkoo hamtuu arge jedhu obbo Qananii Aagaa manguddoo buleessi. Bachoo:-Tuulama keessatti gosti beekkamaan yeroo ammaa Bacho jedhama.Caasaan hidda latiinsa isaas akka armaan gadiitti kan mul’atuudha.





Maddi: (Araarsoo, 1995: 96fi Alamu, 2012/2005:20)

Aanaan Bachoo Aanaawwan kudha tokko (11) Godina Shawaa Kibba Lixaa keessatti argaman keessaa isa tokkoodha. Aanaan kun magaalaa guddoo Oromiyaa Finfinnee irraa gara kibbaatti kiiloomeetira saddeettama (80km) irratti kan argamu yoo ta'u, magaalaa guddaa magaalaa walisoo irraa gara kaabaatti ammoo 34km fagaatee argama. Daandiin konkolaataa inni Finfinnee irraa gara Jimmaa deemu kan keessa qaxxaamuru akkasumas, daandiin Buusaa fi Sadeen Sooddoo walqunnamsiisu kan keessa qaxxaamuruudha. Aanaan kun gandoota magaalaa lamaa (2) fi gandoota baadiyyaa kudha sagal (19) walitti gandoota digdamii tokko (21) kan qabu yoo ta'u aanaawwan ollaa isaa kan ta'an: kaabaan Aanaa Iluufi Daawoo, kibbaan Aanaa Sadeen Sooddootiin, dhihaan Aanaa Walisootiin, bahaan ammoo Aanaa Toleetiin kan daangeffamuudha. (Maddi: Waajjira Koominikeeshinii Aanaa Bachooti).

Magaalaa guddoon Aanaa Bachoo Tullu Boolloo jedhamti. Hundeefamni Magaalaa Tullu Boolloo kan jalqabame yeroo weerara mootummaa Xaaliyaanii bara 1929 A.L.I akka ta'e ragaan jaarsolee biyyaa irraa argame ni ibsa. Haaluma kanaan erga mootummaan Xaaliyaanii biyya keenya weeraree boodas naannoo yeroo amma Aroogee jedhamutti loltoonni Xaaliyaanii

Mishigii tolfatanii yeroo jiraachuu jalqaban namootni tokko tokko baandaa ta'uudhaan naannoo Aroogeetti mana citaa baay'inaan kudha torba ta'an ijaarudhaan jiraachuu akka jalqabaniifi kanaan boodas magaalli kun babal'achaa akka dhufte jaarsoleen biyyaa ni dubbatu. Moggaasni maqaa magaala Tullu Boolloo kan fudhatame magaala irraa gara kibba Bahaatti Tulluu dhiyeenyan argamu "Qonyee" kan jedhamu irraa akka ta'e jaarsoleen biyyaa ni dubbatu. Kunis, akka jaarsoleen ibsanitti bara dur yeroo weerara Xaaliyaanii dura magaalli Jimmaafi Finfinnee daldaltoonni kan walqunnaman daandiin miilaa Tulluu Qonyee cinaan darba waan ta'eef, yeroo tokko Mootiin Jimmaa Abbaa Jifaar gara Finfinnee yeroo darban Tulluu qonyee gubbaarratti boolla jiru arganii akka dinqisiifataniifi maqaan naannoo kanaa Tulluu Boolloo jedhanii akka moggaasan jaarsoleen biyyaa ni dubbatu. Mooggaasni kunis yeroo sana irraa eegalee magaala Tulluu Boolloo akka jedhamee waamamu dubbataniiru. (Maddi: Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Bachooti.)

Aanaan Bachoo iddoowwan seenaa qabeeyyii adda addaa kan qaamni kamiyyuu qorannoo irratti gaggeessee hin beekne kanneen armaan gadii aanicha keessatti akka argaman dubbatu manguddoonni seenaa Aanichaa gadi fageenyaan sirriitti beekan. Isaan manguddoonni naaf himanis kanneen armaan gadii kana fakkatu:

Holqa Goobana Jiloo:- holqi kun Aanaa keenyaa Ganda Uraagoo Xaddee keessatti kan argamu fi yoo qorannoon irratti godhame iddoo holqa seena qabeessa ta'uu kan danda'uudha.

Xabala Jorroo:- xaballi kunis Aanaa Bachoo Ganda Shaankur keessatti kan argamuu fi osoo qorannoon irratti gaggeeffamee gaariidha.

Xabala Tajii:- xaballi kunis Aanaa Bachoo Ganda Uraagoo keessatti kan argamu ta'ee qorannoon gadi fageenyaan osoo irratti gaggeeffamee Aanaa Bachoo fi godina bira darbee akka Oromiyaatti iddoo mootummaadhaaf galii guddaa galchuu danda'uudha.

Xabala Ho'oo:- xaballi kun magaalaa tullu boolloo ganda 02 keessatti kan argamu ta'ee iddoo kun bakka seena qabeessa qaama addaatiin qorannoo guddaa barbaaduudha.

Bosona Shaankur:- Ganduma Shaankur keessatti kan argamuu yoo ta'u eegumsi godhameefi osoo qoratame iddoo seena qabeessa ta'uu danda'a.

Bosona Mandee:- Bosonni kun kan argamu Go/Sh/Ki/Li Aanaa Bachoo ganda Mandee Tuffisaatti ta'ee haalli uumama isaa nam- tolcheedha. Bosonni kun kan uumame bara 1992 yoo ta'u bal'inni

lafa inni qabatee jiru He 40 dha.Bosonni Mandee Magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa 95km godinarraa 49km fi aanichaarraa immoo 15km fagaatee argama.Bosonichi yeroo ammaa kana amma tokko eegumsi taasifamaafii kan jirudha.

Mana amantaa durii; Gabreela Guftii:- kan bara 1888 ijaarame jedhamu kan ganda Boojjii Gafaree keessatti argamu yoo ta’u, qorannoon osoo irratti gaggeeffame bareeda.

Ardaa Jilaa Jaatoo:-Iddoon Ardaa Jilaa kun kan argamu Go/Sh/Ki/Li Aanaa Bachoo ganda Jaatootti yoo ta’u innis yeroo Ayyaana irreechaa haala ho’aa ta’een ayyaanni kan irratti kabajamuudha.Haalli uumama Ardaa Jilichaa nam-tolcheedha.Magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa tilmaamaan 88-96km,godinarraa 42-50km fi aanicharraa immoo 8-16 ni fagaata jedhamee yaadama.

Galma Aadaa Sooddoo:-Galmi kun kan argamu Go/Sh/Ki/Li Aanaa Bachoo ganda Uraagoo Xaddeetti yoo ta’u bara 1994 kan ijaarameedha.Haalli uumama hawwatichaa nam-tolchee yoo ta’u Bal’inni lafa inni qabatee jiru He 1dha.Galmi Aadaa Sooddoo Magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa 90km Godinarraa 44km fi Aanichaarraa immoo 10km fagaatee argama.Galmichis yeroo ammaa kana tajaajila kennaa kan jiru ta’uu isaati.

Gaara Shaankur:-Gaarri kun kan argamu Go/Sh/Ki/LI A/Bachoo Ganda Shaankur Xaraqoo keessatti ta’ee haalli uumama hawwatichaa uumamaan kan argameedha.Gaarri kun Dheerina 400m kan qabu ta’ee Magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa 96km Godinarraa 50km fi Aanichaarraa immoo 16km fagaatee argama.

Gaara Tullu Boolloo:-Gaarichi Go/Sh/Ki/LI A/Bachoo Ganda Kattaa Insilaalee keessatti kan argamu ta’ee haalli uumama gaaricha uumamaan kan argameedha.Gaarri kun Dheerina 200m kan qabu ta’ee magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerra 83km Godinarraa 37km fi Aanichaarraa immoo 3km fagaatee argama.

Holqa Guftii:-Holqi Guftii ganda Boojjii Gafaree keessatti kan argamuudha.Akka manguddoonni jedhanitti holqi kun baara Xaaliyaaniin biyya keenya keessa turte kan hojjatame yoo ta’u ganda Boojjii Gafareetii ka’ee hanga Adaadii Maaramiitti lafa jala deema jedhu malee namni holqa kana seenee deebi’ee bahe waan hin jirreef dhugummaan isaa amansiisaa miti jedhu manguddoonni seenaa kana natti himan.

Holqa Goobana Jiloo:-holqi kun Aanaa keenyaa Ganda Uraagoo Xaddee keessatti kan argamu fi yoo qorannoon irratti godhame iddoo holqa seena qabeessa ta’uu kan danda’uudha.

Bosona Mande:-Bosonni kun kan argamu Go/Sh/Ki/Li Aanaa Bachoo ganda Mande Tuffisaatti ta'ee haalli uumama isaa nam tolcheedha.Bosonni kun kan uumame bara 1992 yoo ta'u Bal'inni lafa inni qabatee jiru He 40 dha.Bosonni Mande magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa 95km Godinarraa 29km fi Aanichaarra immoo 15km fagaateegama.Bosonichi yeroo ammaa kana amma tokko eegumsi taasifamaafii kan jirudha.

Irreecha Tullu:-Irreechi kun Ji'a Fulbaanaa keessa tulluu Shaankur irratti irreenfatama.Yeroo Irreecha kanaa Uummanni naannichaa uffata aadaa fi seenaa uummata isaa ibsu uffachuun iddootti argamuun marga jiidhaa qabatee kan irreeffatuudha.

Irreecha Malka:-Irreechi kunis Ganda Wasarbii keessatti kan jiru laga Tajii irratti ji'a Fulbaanaa keessa kan irreenfatamu yoo ta'u uummannis uffata aadaa fi seenaa, duudhaa uummata Oromoo ibsuu uffatanii iddoo sanitti argamuun bifa miidhagaafi hawwataa ta'een kan irreenfatamuudha.

Uummanni Oromoo Aanaa Bachoo akkuma Oromoo naannoo biroo Amantiifi Amantaa mataa isaa uummata qabuudha.Oromoon naannoo Aanaa Bachoo Amantaafi Amantii kan adda baasee beeku namoota waa baratan yoo ta'e malee hawaasni bal'aan garaagarummaa amantaafi amantii gidduu jiru adda baasee hin beeku.Innumti baratee gadi fageenyaan amantiin kana amantaan immoo kana jedhee ifa godhee dubbachuu hin danda'u.Amantaas; Amantiis akkuma tokko ta'etti waan hubataniif amantaan keenya Ortodoksiidha jedhu malee waa'ee Ortodoksiis waan beekan hin qaban.Ortodoksiin maali jedhee manguddoo tokko gaafannaan akkas jechuun natti himan:

Ani abbaan koos Oromoodha haati koos Oromoodha har'a ga'e amma ammaatti duudhaafi Aadaa haadhaafi abbaa kiiyyaa sana hin ganne waaqa na uume kadhachuu hin dhiifne; inuman kadhada innis inuma naaf dhaga'a.Ortodoksiin bataskaanatti waaqa kadhachuudha.Qeesotatu namaaf kadhata jedhu malee ani hiikaasaa hanga har'aatti maal akka ta'e naaf hin galle.Qeesonni isa abbootiin keenya nu barsiisan lagaafi abdaarii qe'eetti qallee isa nuti waaqa kadhannu hin jaalatan; seexana gabbartu nuun jedhu.Callees kan dubartoonni mormatti kaawwatanii facaafatan baasaa gataa nuun jechaa turani.Ijoolleen keenyallee gorsa keenya caalaa kan qeesotaa dhageessee isin waan duubatti hafa kaleessaa gatu hin dandeessanii jedhanii nu abashaqu jechuudhaan natti himan.

(Obbo Iddeessaa Naggasaa, 29/05/2016)

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaan kun qabxiiwwan gurguddoo afur qabatee dhiyaatera. Isaan keessaa kutaan inni jalqabaa, hariiroo namaafi uumamaa mata-duree qorannicha waliin walqabatee jiru; sakatta’amuun bakka itti dhiyaateedha. Lammaaffarratti ibsi yaaxxinaalee qorannoo afoola gaggeessuuf gargaaran keessaa, yaaxxinni qorannoo kana tumsu bakka itti filatameedha. Sadaffaarratti ammoo ibsi yaadrimeewwanii qorannichaa bakka itti dhiyaateedha. Dhumarrattis, sakatta’a barruu wal fakkii qorannoo kana waliin hariiroo qaban bakka itti dhiyaateedha. Kana jechuunis, qorannoowwan garaa garaa Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afooleessaa, Xinqeeya Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har’aa) Oromoorratti Oromiyaa keessatti namoota garaa garaan godinaalee adda addaa keessatti hojjetaman sakkatta’uun garaagarummaafi tokkummaa qorannoo kana waliin kan wal qabatan bakka itti ilaalameedha.

2.1. Hariiroo Namaafi Uumamaa

Namaafi Uumama gidduu hariiroon jiru baay’ee cimaadha. Namaafi uumamni walitti hirkatoodha. Namni uumama malee jiraachuu hin danda’u. Uumamnis nama malee kunuunfamee turuu hin danda’u. Walumaa galatti, namniifi uumamni fuula lama saantima tokkooti jechuun ni danda’ama. Kana jechuun namni mataa isaatiin uumama ta’ullee adda durummaan uumama lafa kanarra jiran balleessuu yookiin kunuunsee tursiisuu danda’a jechuudha. Kanaafuu, namni uumama sirnaan yoo itti fayyadame madda jireenya isaa ta’uu danda’a. Uumamni biroos haalaan eegamanii yeroo dheeraadhaaf turuufi wal horuufis ga’ee dhalli namaa taphachuu danda’u salphaa miti. Fakkeenyaaf, namniifi lubbu qabeeyyiin biroo qilleensa malee jiraachuu akkuma hin dandeenye; qilleensi ammoo gaarii yookiin qulqulluu ta’uuf eegumsaafi kunuunsa dhala namaa barbaachisa. Dhalli namaa erga lafa kana irratti uumamee eegalee uumama naannoo isaa jiruuf seera adda addaa itti baasee akka uumamni jiru hin miidhamnetti itti fayyadamaa ture. Keessumaayyuu, akkaataa bakka ulfoo, iddoo irreeffannaa, malkaa, abdaariifi mukkeen adda addaa akkasumas, tulluuwwan naannoo isaaniitti argaman hundaaf seera baafate qaba ture. Addatti ammoo mukoota muraman akkaataa itti muramaniifi kanneen muramuu hin qabneef xiyyeeffannoo guddaan kennamaa ture. “Ardii Afrikaa keessatti hundeeffama mootummaa waliin walqabatee hariiroon saboota gidduu ture haala jijjiirrachaa deemuu isaa qorattoonni seenaa ni ibsu. Hariiroon saboota gidduu bara hundeeffama mootummootaa duraa ture amala jijjiirrachuun gareen gurmaa’inaafi human qabu garee laafaafi gurmaa’ina hin qabne qabeenya irraa saamuuf sirna gabroomsuutti cehe.

Kunis haalaafi iddoo adda addaatti amala garaa garaa haaqabaatu malee ardii Afrikaa guutuu keessatti mul'ateera". (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}).

Aadaan uummata tokkoo akkaataa walitti dhufeenya ummanni sun ummata kan biroo waliin qabu murteessa. Seenaan walitti dhufeenya Oromoofi saboota Afrikaa Bahaa bifa kan biroo yoo ilaalamus walitti bu'iinsa bifa gara garaati. Kallattii biraatiin yoo ilaalamus seenaa qubsumaafi walitti dhufeenya saboota Afrikaa Bahaa keessattis qabeenya uumamaa kan akka lafaafi bishaanii iddoo olaanaa qabu.

“Akka dokumantiin Kibra Nagast ibsutti mootummaan Abisiiniyaa kan aangoo dhaaluu danda’u nama sanyii Mootii Jiwuush Salamoon qabu qofa. Kanaafis, Mootonni Abisiiniyaa, “Nutii mootii Mootota Itoophiyaati” ofiin jedhu. Akka ragaan seenaa ibsutti jaarraa 13^{ffaa} keessa bara 1215-1312tti Abuna Takla Haymaanot Yaayyaafi Galaan irratti duula amantii babal’isuun akka milkaa’e himama. Yeroo sanatti Yaayyaafi Galaan ayyaana Qorkee jedhamuuf muka jalatti akka faarsatan ibseera. Qorkee jechuun maqaa ayyaana muka gurguddaa, tulluuwwaniifi lageen keessa qubata jedhamee amanamuudha”. (Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa})

Asafaan (2006) akka ibsutti, “Dhaloonni haqa dabde osoo beekuu kan maree dhoksu yoo ta’e beekus wallaalus badii dalaguuf boru itti gaafatama (responsible), murannoofi bilchinaan gaarii waa dalaguufis galateeffamaa (accountable) taha” jedha.

Oromoon har’a aadaasaatti sirnaan fayyadamaa jiraachuu baatus, dhibbaa dhibbatti beekumsa ganamaa sana dagateera jechuun rakkisaadha. Sababoota adda addaarraa kan ka’e bakka baay’eetti kuusaan beekumsaa kun (keessumaa afoolli) dagatamaa jira. Kunis waan gurguddaa lamaan raawwate. Isaanis: dhiibbaafi cunqursaa hawaasicharra ga’aa tureefi ‘ammayyummaa’ hordofuu dhalootaati. Hawaasni aanaa bachoo keessa jiraachaa turaniifi jiraachaa jiran akkaataa jiruufi jireenya mataa isaanii ittiin gaggeeffachaa turaniifi jiran kan mataa isaanii qabu. Akka manguddoonni buleeyyiin jedhanitti Oromoon naannoo kanaa osoo sirni amantii babal’ifannaa irratti hin raawwataminiin dura karaa adda addaatiin waaqa isaa galateeffachaa akka ture himu. Keessumaayyuu, malkaafii tulluu akkasumas, bakka dhibaayyuufi ulfoo kan gamtaafi dhuunfaa akka qaban manguddoonni gadi fageenyaan beekan ragaa bahu.

Aadaan hawaasa naannoo kanaa baay’ee miidhagaafi namatti toluudha. Aadaan wal danda’anii waliin jiraachuu, aadaan fuudhaafi heerumaa, waliin hojjachuu, waliin haamuu, waliin qotuu,

boo'ichaa, wal gargaaruu, waliin tolcha tolfachuufi kkf.hedduun bal'inaan beekamaadha.Haata'u malee, aadaan dur Oromoon waliin qabu kun akka naannoo aanaa bachootti yeroo ammaa akkaataa durii sanaan hojiirra oolaa jira jechuun hin danda'amu.Hawaasni waliin hojjachuu caalaa warroota hojii humnaa hojjatan maallaqaan hojjachiisuu filachaa jira.Isa dur qonnaaf, haamaaf, mana ijaarsaaf, dhayiisaaf daboofi daadoo wal kadhatee wal wajjin hojjachuun humna cimaa waliif ta'aa ture sana amma akka aadaa duubatti hafaatti ilaaluuf namoonni yaalan jiru.

Kun ammoo hariiroo hawaasni dur waliin qabu akka inni badaa deemuuf haala mijeessuu irra darbee dhaloonni jalaa dhufni aadaafi duudhaa waliin jireenyaa Oromoon naannoo kanaa qabu akka isaan barachaa hin guddanne gochuu keessatti qooda guddaa qaba.Gama biraatiin ammoo dhaloonni haaraan aadaafi duudhaa kaleessa uummanni Oromoo naannoo kanaa qabu barachuu caalaa bu'aa saayinsiifi teeknoolojii hordofuun eenyummaa ofii hanga dagachuutti geessisuun waan ooluu miti.Kanaaf, qaamni dhimmi ilaalu kanneen akka: Aadaa, himteewwan, Afoola, hariiroo namni naannoo isaa waliin qabaachuu qabu, duudhaafi safuu Oromoon dur qabuufi akkaataa yeroo ammaa uummanni eenyummaa isaa itti qabatee jiru dhaloota haaraa dhaalchisuuf xiyyeeffannoo itti kennuun qorannoo adda addaa akka irratti hojjatamuuf carraa bal'aan osoo kennameefii baay'ee gaariidha.

2.1.1. Faayidaa Naannoo

Namoonni addunyaa kanarra jiraatan hunduu bu'uurri jireenya isaanii qabeenya uumamaan naannoo isaanii keessatti argamuudha.Oromoon qabeenya uumamaa kanneen akka: lafaa, bishaanii, qilleensaa, aduu, roobaa, biyyee, muka, dhakaa, albuuda, beeylada, bosona, haroo, galaana, lagaafi kkf. kan waaqni uumeef kana irraa faayidaa guddaa argata.Wantoota bu'uura jireenya isaa kan ta'an hundaa kan mijeeffachuu danda'u naannoo isaa irraayi.Naannoo isaatiin ala dhalli namaa jireenya isaa mijeeffatee jiraachuu danda'u hin jiru.Uffachuuf, nyaachuuf, mana jireenyaa ykn dawoo ijaarrachuuf, qabeenyaa adda addaa horachuuf, beeylada garaa garaa horsiisuufi kkf hundaaf bu'uurri isaa naannoo isaati.Akkuma beekamu Oromoon loon baay'inaan horsiisuun waan beekamuuf Oromoofi jiini adda bahanii jiraachuu hin danda'an.Sababni isaas Oromoon loon isaa kunuunsuu, dhiquufi gabbisuu jaalata.Loon isaa nyaataafi bishaan dhabanii akka jalaa hin miidhamneef bakka bishaaniifi margi gahaan jiru geessee tikfatee bishaanis obaafata.Haata'u malee, hawaasni faayidaa naannoo isaa irraa argatee itti tajaajilamu kana faayidaa

irraa argatu sana malee seeraan ala kan itti fayyadaman ykn dhimma bahan yoo ta'e miidhaa dhufuu danda'u waan beekan hin fakkaatu.

Dhalli namaa yeroo baay'ee rakkoo booda isarra ga'u tilmaamuu caalaa jireenya har'a waa argatee ittiin buluu danda'uuf haala mijeeffachuu qofa barbaada. Kunammoo, miidhamuun qabeenya uumamaa naannoo sanaa miidhamuu hawaasa waliigala naannoo waan ta'eef namni kamiyyuu xiyyeeffannoo itti kennee qabeenya uumamaa naannoo isaa keessatti argamu mara kunuunsuufi seeraan itti gargaaramuun dirqama guddaa isaan irraa eegamuudha.

Walumaa galatti, dhalli namaa naannoo isaa malee jiraatu eessayyuu jiraachuu hin danda'u waan ta'eef akkuma ofiisaa kunuunsutti naannoo isaa kunuunsee qabuun dirqama isaati.

2.1.2. Bakkeewwan Ulfoo

Oromoon durii kaasee yemmuu waaqa isa uume galateeffatu bakka ykn iddoo filata. Akka warroonni abashaa Oromoon mukaafi lagatti amana jedhu sana osoo hin taane; Oromoon sababa muka, tulluufi lagatti amanuuf kan mataa isaa qaba. Oromoon muka, laga yookiin tulluun waaqa kiyya kan na uumeedha jedhee kadhatee hin beeku. Kan inni kadhatu waaqa tokkicha isaafi bakka inni itti isa galateeffatu kanneen akka: malkaa, tulluufi mukkeen uumefiidha. Tulluun lafa hunda caalaa olkaa'aa ta'eedha. Oromoon tulluurra dhaabbatee bakka fagoo ilaaluun kan kana uumtee fagoo na agarsiifte ati galatoomi jedhee galatoo galchaaf. Malkaas bu'ee waaqa bishaan dhuguufi dhiqatee ittiin xurii of irraa qulqulleessu akkasumas, loon isaa obaafatee ittiin dhiqee qulqulleessu kenneef malkaa bu'ee malkaa sanarratti galateeffata. Mukkeen gurguddoos Oromoon sababa kabajuuf qaba. Mukni gaaddisa namaaf ta'a. Namoonni yookiin manguddoonni sababa adda addaatiif gaaddisa mukkeen gurguddoo jala taa'u. Keessumaayyuu, namoota wal lolan araarsuuf Oromoon gaaddisa mukaa jala filata. Kan muka jala taa'uuf muka sana waaqessuuf osoo hin taane waaqa muka sana uume galateeffachuufi. Tolcha adda addaas Oromoon abdaarii isaarratti yeroo tolfatu muka safuu kenneefii jalatti waaqa isaafi muka kana uumeen galanni siif yaa ta'u jedhee galatoo galchaafi.

Dastaa (2015) Obbo Shambal wabeeffachuun akka barreessetti

Described the two ritual places (tulluu and malkaa) as places free from any evil and sacred: "Iddoon kuni [malkaa yookin tulluu] iddoo qulqulluudha. Iddoo waaqni itti kadhatamu;" This place (malkaa or Tulluu) is free; it is a place where God is worshiped. One can understand from this explanation (refer also seenessa 7

in the appendices) that the Oromo believe neither in mountains nor in rivers.

They are coming together around those places to pray to their waaqaa to get rain during drought, and thanks during good seasons. They come together at the top of mountain (hilltop) during dry season (bonaa) and come together around riverside (horaa or malkaa) during green seasons (birraa).

Kana malees, Oromoon bakka dheedichaafi awwaalchaa qaba. Akka har'aa kana osoo hin taane Oromoon dur hidda ykn sanyii ofii araddaa ofii irratti loon waliin horsiisee, waliin eegee, waliin elmatee dhugaa ture. Aadaan akka kanaa har'a hin jiru. Dhaloonni waa'ee kanaa beekus ta'ee manguddoon dhimma kana yaadatu hin jiru. Kun ammoo dhaloota booda dhufuuf rakkoo hamaa ta'uu bira darbee dhaloonni haaraan aadaa, safuufi duudhaa Oromoon dur qabu maal akka fakkaatu barachuuf carraa kan hin uumne ta'uu danda'a.

Oromoon akka har'a abashoonni maqaa amantaa dawoo godhatanii lafa saaman kana osoo hin ta'in yoo namni isaa jalaa du'e iddoo awwaalchaa kan mataa isaa akkasumas, kan waloo qaba ture. Dur amantaan Ortodoksii akka ammaa kana odoo biyya guutuu hin fudhatin dura Oromoon qe'ee isaatti awwaalameet iddoon awwaalcha isaa akka hin qotamneef muka irra dhaaba. Iddoon awwaalchaa sun safuu waan ta'eef hin qotamu jedhu manguddoonni. Har'a garuu kun hin jiru. Namni tokko ykn Oromoon tokko yoo du'e qeesoota abashaatu iddoo qoqqoodee hiyyeessaafi sooressaaf gatii kanfaltii bakka awwaalchaa murteessee maallaqa kanfalchiisee akka bakka qeesonni kennaniif sanatti awwaalamu taasifama. Oromoon tokko harka qalleessa ta'e taanaan bakki awwaalcha isaatiis bakka warra qabeenya guddaa qaban waliin iddoo tokko hin ta'u jechuudha.

Iddoon awwaalchaa hawaasaa kan qeesotaafi daaqonootaa irraa adda. Qeesotaafi Daaqonotaaf balbala mana amantaa fuuldura yookiin yoo iddoon jiraate ammoo mooraa keessatti akka addaatti awwaalu. Namoota amantaa isaanii seeraan hordofee qeesotaafi daaqonoota waliin bataskaana dhaabbachaa tureefi akka isaan barbaadanitti abboomamanii monoksee ta'uun yeroo mara isaan waliin qiddaasee seenee/seentee dhaabbatuuf/dhaabbattuuf iddoon awwaalcha isaanii hawaasa kaan irraa adda gochuun bakka qeesonniifi daaqonoonni itti awwaalamanitti awwaalu. Dur Oromoon garuu ilaalcha akkasii walii walii isaatiif yaa hafuutii diina isaatu yoo booji'ee isa biratti du'e iddoo awwaalchaa Oromoo kaanirraa adda baasee hin beeku. Kanaaf, dhaloonni ammaas ta'ee qaamni baratee iddoo guddaa jiru waliin jireenya Oromoon durii qabu qoratee namoota maalummaa, safuufi safeeffannaa Oromoo ganamaa hin beekneef qoodee addunyaan akka beeku

gochuu baannaan seenaan Oromoo akkuma kaleessaa warroota jibba Oromoo qabaniin barreeffamee dhugaan jiru dhokachuu waan danda'uuf qaamni kamiyyuu dhimmi Oromoo dhimma mataa kootitii oli jedhee akka xiyyeeffannoon irratti hojjatamuuf osoo yaaliin garaa garaa taasifamee barbaachisaadha.

2.1.3. Himteewwan Naannoo

Himteen naannoo Oromoota Oromiyaa keessa jiraatan biratti akkaataa naannoo naannoo isaaniitti dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan jiruudha. Kunis, bu'uurarraa dhaloonni seenaa, eenyummaafi Aadaa isaa barachaa akka guddatuuf gahee guddaa qaba. Himteewwan naannoo akkuma Oromoota naannoo biroo Aanaa Bachoo keessas karaa adda addaatiin dhaloota ammaatiif haala naannoo isaanitiin walqabatee jiru dabarsuun isaanii waan hafe hin fakkaatu. Akka manguddoonni naannoo Aanaa Bachoo jiraatan jedhanitti seenaafi aadaa uummanni qabu maatiin ijoollee isaa yaa xiqqaatu malee barsiisaa kan jiran ta'uu isaati.

Himteewwan amantaa, malkaa, tulluu, abdaarii ykn bakka dhibaayyuutiin walqabatee jiran mata duree kana jalatti xiyyeeffannoon itti kennamee sakatta'amee kan xiinxalame yoo ta'u; Himteewwan naannoo kanneen akka: kalaqa namootaa, namoota bebbeekamoo, qabeenya uumamaa, gootota naannoo, sirboota naannoo, tapha ijoollee, oduu durii, sheekkoo, hiibboo, jechama, mammaaksa, nyaata aadaa uummatichaa, haala guddifachaa, haala fuudhaafi heerumaa, adeemsa gumaa baasuu, kabaja sirna Gadaa, ayyaanota adda addaa keessaa kan akka: ayyaana gannaa/qiillee/, ayyaana cuuphaa, ayyaana masqalaa, kabaja ayyaana Irreechaa, qaammee, ateetee, jaarii, qaallomaa, gaafataafi kanneen biroo hafan akka naannoo Aanaa Bachootti qaama adda ta'een kanneen qorannoo addaa barbaadaniidha.

2.1.4. Himteewwan Akka Mala Qorannootti

Akka Aanaa Bachootti himteewwan akka mala qorannootti hawaasni naannichaa jiruufi jireenya isaa keessatti itti gargaaramu jiru. Hawaasni mala ittiin ijoollee isaa akka isaan balleessaa adda addaa hin hojjanne himteewwan itti himan keessaa tokko hiibboodha. Akkuma beekamu Oromoon loon horsiisuun jiruufi jireenya isaa gaggeessuun beekamaadha. Uumama isaatiin Oromoon waldhabdee hiikuu malee waldhabdee uumuu hin barbaadu. Kanaaf, ijoolleen yeroo loon bobbaasanii tiksan akka isaan taphatti goranii midhaan namaa nyaachisanii ollaan walitti hin buuneef ganama yeroo isaan manaa ba'an akkana jechuun itti himu: Ijoolle hiibboo guyyaa hin taphatan; hiibboo galgala waarii loon manatti galchanii taphatu, yoo guyyaa taphatan waraabessi

nama nyaata jechuun ijoollee akeekkachiisu. Ijoollenis waan maatiin isaanii itti himan kana dhugaa waan itti fakkaatuuf guyyaa bakka loon eeganitti hiibboo hin taphatan. Mala kanaan hawaasni ijoolleen taphatti goranii akka midhaan namaa hin nyaachifneefi namaan walitti hin buune akkasumas, loon akka jalaa hin banneef xiyyeeffannoon ijoollee loon eeguu qofa akka ta'u taasisu.

Safuu barsiisuuf immoo: ijoolle bishaan darba gaye isiin hin nyaatiin, jaarsi du'a ga'e isin hin abaarin jechuun gorsu. Sababni manguddoon ijoolleen akkana jedhee bifa mammaaksaan itti himuuf akka ijoolleen jaarsaafi jaartiif kabaja kennituufi. Dur Oromoon akkasitti ijoollee isaa barsiisaa guddisa; ijoolleenis gorsa warraa dhaggeeffachaa guddatu. Har'a garuu, ijoolleen gorsa abbaafi haadhaa dhageessu hin jirtu. Manguddoo naannoos akka namaatti lakkaa'aa hin jirtu. Nama tuffatu; kan ofii jedhan malee waan maatiin itti himu yookiin gorsu waan manguddoon naannoo isaaniin jedhu hin dhaga'an; inni yeroo keessan darbe jechuun haasaa isaanii harkatti busheessu.

Gama biroottiin immoo jiruufi jireenya isaa keessatti Oromoon waa kaawwachuu jalata. Waan hundumaa har'uma natti tolee haa darbu hin jedhu. Kanaaf, ijoollee isaa qusannaa barsiisuuf mammaaksaan akkas jedha, “Boru hin beekneen qodaan bukoo ishee sagal.” Yookiin immoo

“Olkaa'an ol kaatanii fuudhu” jedhee ijoollee isaa malaan barsiisa. Ergaan mammaaksota kanaa inni jalqabaa namni jiruufi jireenya isaa keessatti waan isaaf ta'u waan argatu irraa boru akka isa rakkisu yookiin guyyaan biraa akka jiru dursee yaaduu akka qabu ibsuuf ykn barsiisuufi. Inni lammataa ammoo namni dursee waa kaawwachaa deemu rakkoon tokko yoo isa qunname waan qusachaa ture sana irraa rakkina isaa ooluu akka danda'uufi yoo dursanii kaawwachuu baatan mana duwwaatti ol kaataniif waa fuudhuu akka hin dandeenye ijoollee isaa barsiisuuf itti gargaarama. Akka walii galaatti, afoolli galaana; himteenis akkasuma waan ta'eef qorannoo kana keessatti himteewwan akka malaatti tajaajilan hunda ibsuun waan hin danda'amneef fakkeenyi muraasni armaan olii fudhatameera.

2.2. Ibsa Yaaxxinaalee

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxina bu'uura godhachuun gaarii ta'a. Kunis beekumsa tokko argamsiisuuf daandii hayyootatti yookiin beektotatti agarsiisuuf qabu irratti bu'uuruun hayyuun Dorsan .R (1972) jedhamu yaaxxinoota Afoolaa jiran haala yeroo ammaa keessa fudhatama qabaniin bakka garagaraatti qooda. Akka hayyuun kun lafa kaa'etti gara Afaan Oromootti hiikkatee yoo dhiyaatu akka armaan gadii kana ta'a. Yaaxxina haalaa, caasaa, seen naannoo, irra deebi'anii

ijaaruu, walakkeessaa, aadaa bal’aa, faayidaa, xiinsammuu, aadaa hawaasaa, aadaa bu’uureffate, haalawaafi foormulaa afaanii kanneen jedhamanidha.

Qorannoon tokkos yeroo adeemsifamu qorataan yaaxxina kallattiis yoo argachuu baate kan qorannoo isaa galmaan ga’uufi kaayyoo isaa waliin deemuu danda’u jedhe keessaa filachuun itti gargaarama. Qorannoon kunis yaaxxina faayidaa (functional theory) fi yaaxxina aadaa hawaasaa bu’uura godhachuun gaggeeffameera.

2.2.1. Yaaxxina Faayidaa

Akka yaaxxina kanaatti afoolli faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu olaantummaan mul’ata. Yaaxxinni kun faayidaa afoolli saba tokko haala saayinsaawaa ta’een ibsamuuf kan tajaajilamuudha yaada jedhu of keessaa qaba. Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa’anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennu ta’uusaatu ibsama. Waan kana ta’eef akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hin danda’u. Qorannoon afoolaas gama faayidaa isaatiin gaggeeffamuu qaba yaada jedhudha.

2.2.2. Yaaxxina Xinqe’ee Aadaa

Yaaxxinni kun kan madde qo’attoota duudhaa kan ta’an kannen akka Lorwarth pea, Doon Yoder fa’iin kaayyoon afoolaa kanaas afoolawwan kana keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuu taasisuudha. Bu’aan hawaasaa (wantoota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada isaaniiti. Akka yaada yaaxxina kanaatti qo’annoon hammayyaa ta’e yaaxxina kana kan giddu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan duriirra deebi’anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa’ee afoolaa sana kan agarsiisudha.

“Afoolli ogummaa hawaasaa kan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbuudha”. (Asafaa:2009). Afoolli dubbii afaanitiin yeedaloon kennameefi ykn osoo hinkennamin kalaqaafi Ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irrattti kan xiyyeeffatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti, ogummaafi (wisdom) jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa qaba. Afoola gargaaramee hawaasni, eenyummaa ofii beeksisa; dhufttee hidda dhaloota isaa seenessa; waa’ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata. Aadaafi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus afoolaani. Gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdii,

jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii, hunduu afoolaan ibsamu;afoola keessa jiru.Kanaafuu, afoolli mankuusa jiruuf jireenyaafi beekumsaati jechuun ni danda'ama. Seenaan dalagame tokko labata itti aanuuf akka lufu, sanyiin isaaniis itti fufiinsa akka qabaatu, afoolaan mirkaneeffama.Duudhaa hawaasaa gaarii tahe, fudhatama godhatee, kabajamee akka jiraatu, badaafi fokkisaa kan tahe ammoo akka dhabamu, yookaan akka baduuf ogafaanitti dhimma bahama.Hawaasa tokko irra balaan yoo gahu, (beela, godaansa, waraana, dhukkubaafi kkf) afoolaan ibsama; ittiin yaadatama.Balaawwan mudatan kanneen irratti, hawaasichi ilaalcha akkamii akka qabu miidhaan irra gahe hammam akka cimu, ogafaaniin qindaahee labata dhufuuf himteewwan adda addaa fayyadamuun lufa. (Addunyaa, 2014:167).

Maddi Afoolaa mudannoowwaniifi muuxannoowwan hawaasaati. Hawaasni hundumtuu (kan barnoota ammayyaa qabuufi hinqabne) ogafaan kan qabu yoo tahellee, heddumminaan qabeenya warra barnoota ammayyaa hinqabneeti.Yeroo hundumaa dhimma hawaasa gara garaa irratti mammaaksi mammaakamu, durduriin himamu, dhimma waaqeffannaa gara garaa irratti faaruwwan dhiyaatan, dhimma hojii qonnaa waliin walqabatee weedduuwwan jiran yeroo loon bobbaasan sirbi tiksee, yeroo namni du'u booyichi dhagahamu, yeroo ayyaana waggaa, yeroo gaa'elaa, yeroo gammachuu gara garaa sirboonni dhiyaatan, bakka namni tokko ol tahee wal arge maratti baacoon dhiyaatu, walaloo namoonni beekamoon himan, himteewwan naannoo namoonni seenaa beekan himan, afseenaa maanguddoonni dubbatan hundi ogafaan hawaasni waa'ee mataa isaa, naannoo isaa, namootaafi addunyaa kana irratti ilaalchaafi falaasama qabu kan ittiin ibsatuudha.

Namoonni dhuunfaas tahee hawaasni, afoolaan gargaaramanii jireenya keessa jiran madaalanii qeequ; deeggaru, mormu, isa darbe ittiin yaadatu, isa dhufuuf raaju.Akkamitti akka uumaman, maaliif akka uumaman qoratu.Amala namootaa ittiin hubatu.Jireenya isaaniif bu'uura kan tahe ittiin faarfatu.Jabinaafi laafina ittiin qoratu; daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisu; gorsu.Qorannoo kiyya waliin gosoonni ogumaa kunniin kan waliin deeman ta'anis, irra caalaa meeshaa aadaan kan wal qabatuudha.Sababni isaa himteen naannoo gooree afoolaafi naannoo keessaa isa tokko waan ta'eefi.Kanaaf, dhimma itti ba'uuf dirqameen jira.Addunyaa (2014:17)"Gosti afoolaa akka bishaan galaanaa waan ta'eef, lakkaa'amee dhumuu baatullee, bishaan kana keessaa geerarsa, sheekkoo, hiiabboofi kanneen kana fakkaatantu mul'ata" jedha.

2.2.2.1. Xinqe’ee Aadaa Oromoo

Dhalli namaa addunyaa kanarra jiraatu hundi haala ittiin jiruufi jireenyasaa ittiin ibsatu aadaafi barsiifata mataasaatii niqaba. Uummanni Oromoos akkuma Uummatoota kan biroo aadaafi duudhaa qaba. (Dirribii, 2009)

Akka Warqinaa (2008:51) ibsetti, “Sabni Oromoo Aadaa sirna bulchiinsa, diinagdee, hawaasummaafi siyaasa mataa isaa kan qabu ta’ee, Aadaa hojii, daldalaa, mukaa, sibiilaa, huccuu dhahuu, suphee dhahuu, horii horsiisuufi qonnaadhaan sadarkaa guddaa irratti kan beekamuudha. Kunis, kan nu hubachiisu uummanni Oromoo Aadaa sirna bulchiinsa mataasaa kan qabuufi Aadaa hojiilee adda addaatiin kan beekamu ta’uu isaati”. Uummanni Oromoo Aadaa boonsaa kanittiin saba biraa irraa adda bahuun beekamu ni qaba. Aadaa saba Oromoo keessaa addunyaa irratti kan beekamu bulchiinsa Sirna Gadaa yoo ta’u, siyaasni, diinagdeefi hawaasummaan sabichaa kan ittiin beekamuudha.

2.2.2.2. Xinqe’ee Aadaafi Beekumtaa Oromoo

Uummatni tokko Aadaa isaa keessaan saboota birootti, namoota birootti ykn Naannoo birootti mul’ata; ibsama, darbees beekama. Dhugaa ifa galeessa ta’e kanaan, Aadaa uummanni Oromoo gama hundaan qabu yoo ilaalle, uummanni Oromoo Aadaa hedduu maalummaa isaa bal’inaan beeksisuu danda’an qaba. Haalli uumama dachee Oromoo mataan isaa itti fayyadama Aadaa Uummata Oromoo waliin haala walitti hidhata godhachuu malaniin waan uumaman fakkaatu. Aadaafi beekumsi Uummata Oromoo hamilee Hawaasichaa waliin kan wal qabateedha. Qaroominniifi guddinni marti maddisaa Aadaa sabni sun qaburraa burqa. Aadaa ofii gatanii kan ormaa ergifachuun qaroomuu ykn guddachuun hin danda’amu ykn eenyummaa ofii gatanii kan

ormaatiin liqimfamuu ta’a. Kun, ammoo Aadaa dhablee ta’uun Aadaa saba biraan gabroomuudha. Uummanni Oromoos Aadaa mataasaa kan ormarraa adda isa godhu hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni: Aadaa Moggaasa Maqaa, Aadaa lakkoofsa baraafi Guyyaa (Dhaha Oromoo), Aadaa sirna gadaa, Aadaa Irreechaa, Aadaa Tolchaa/qalmaa, Aadaa kabaja ayyaana masqalaa, Aadaa hammachiisaafi aadaan guddifachaa Uummata Oromoo biratti beekamaafi kabajamaadha. Uummanni Oromoo akkuma hawaasa biroo Aadaa, duudhaa, barsiifataafi Seenaa mataa isaa qaba. Uummanni Oromoo dur osoo dhiibbaan adda addaa irra hin ga’in kan akka sabaatti waliin qabuufi akka gosaatti naannawa naannawasaatti qabu danuudha. Sababoota gara garaatiirraa

kan ka'e hedduun aadaafi beekumsi Oromoo dagatamaa haa dhufu malee kanneen duudhaa durii sana qabatanii tursiisan jiru.

2.2.3. Yaaxxina Afoolessaa

Yaaxxinni kun kan madde qo'attoota duudhaa kan ta'an kannen akka Lorwarth pea, Doon Yoder fa'iin kaayyoon afoolaa kanaas afoolawwan kana keessatti hubannoon afoolaa, duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha. Yaaxxina Afoolessaa kan jennu madda afoolaa waliin kan walqabatuudha. Jechi "Afoolessaa" jedhu bu'uurri isaa jechoota lama irraa kan dhufeedha. Jecha "afoola" jedhuufi "eessaa" jedhu irraa kan uumame yoo ta'u hiikaan isaas afoolli eessaa akka madde yookaan argame kan ibsuudha.

Akkuma hayyoota adda addatiin ibsamaa ture afoolli abbummaan isaa kan nama dhuunfaa osoo hin taane qabeenya waloo hawaasaati. Hawaasa Oromootu jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeeffachuuf akkaataa isaa ta'uu danda'uun uummatee itti tajaajilamaa ture. Oromoon dur afoola isaa fayyadamee seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi ogummaa hawaasaa akkasumas muuxannoo jiruufi jireenya isaa keessatti dabarsaa ture kan akka: gaddaa, gammachuu, jaalalaa, fedhii, abshaalummaa, hammeenyummaa, garajabummaa, gootummaa, lugnummaa, gowwummaafi kanneen kana fakkaatan mara dhalootaaf dabarsaa/barsiisaa/ ture. Dhaloonni har'aallee afoola dur uumame kana karaa adda addaatiin haala hammayyummaa qabuun bifaafi aakkaataa dhiyeenya isaa fooyyessanii kanneen itti dhimma bahan jiru.

Addunyaa (2018) akka ibsetti "Afoolli ogummaa (Wisdom) labata tokkoo kan biraatiin afaaniin darbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumamaa, beekumsa natoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu jechuunis ni danda'ama. Kanamalees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa" jechuun ibseera.

2.2.3.1. Naannoo Afoola Oromoo Keessatti

Oromoon uumama naannoo isaa jiruuf kabaja addaa kennaafi. Keessumaayyuu, hawaasni Oromoo afoola Oromoo keessatti naannoo dhaloota akka barsiisuuf addaatti ilaala. Oromoon naannoo isaa jireenya bu'uura lubbuu dhala namaati jedhee waan amanuuf kunuunsi akka godhamuuf seera itti

baasee dhaloonni hundi seera sana cabsuu akka hin qabne barsiisa. Oromoon naannoo kunuunsuun nama mataa isaa bira darbee lubbu-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kanneen ta'an hundaaf barbaachisaa ta'uu isaa durii kaasee afoolaan dhaloota barsiisaa ture. Oromoon yeroo mammaaku, “Ilmoo yartuu mannaa muka tokko dhaabuu wayya” jedha. Kana jechuun isaa ilmoo yartuun maqaa abbaa waamsisuu hin dandeessuu; maqaa abbaa nyaatti. Baargamoon garuu maqaa nama dhaabe Sanaa waamsisa. Muka ebeluun duratti dhaabe jedhee uummanni naannoo isaa muka inni dhaabe sanaan maqaa nama du'ee yaadatee waama.

2.2.3.2. Afoola Mukeewwaniifi Bakkeewwan Ulfoo

Uummanni Oromoo Uummata seenaafi Aadaa addaa qabuudha. Uummanni Oromoo mukkeeniiifi Bakkeewwan Ulfoo kabaja kennuuf qaba. Uummanni Oromoo uumamasaatiin Uummata safuun bulu waan ta'eef mukkeewwaan kanneen Naannoo isaatti argaman marga loon dheedan irraa kaasee hanga mukkeen gurguddootti kabaja kenneefii kunuunsa. Bakkeen dheeda loonii garmalee qoqoramee akka hin banneef loon isaa bakka tokko qofa hin oolchu bakka garaa garaatti sochoosee tiksa. Loon bakka tokko tiksuun margi manca'ee biyyoon lolaan akka haramu taasisee qilleensa naannoo jeeqa jedha. Mukkeen Faayidaa adda addaatiif Yeroo murus mukoota keessaa filatee mura malee muka bareeda akkuma argetti hin muru.

Mukkeen Naannoo jiran keessaa kanneen dulloomaniifi kanneen jajallatanii biqiloota kaawwan guddina dhoowwan ilaalee keessaa mura. Oromoon mukkeen naannoo isaa jiran keessaa kanneen akka: Birbirsaa, Ejersaa Waddeessaa, Qilxuufi Odaa akka barbaadetti muree itti hin tajaajilamu. Mukkeen kanaaf Oromoon safuu kenneefii akka uummanni hin mancaafne gochaa ture. Keessumaayyuu, Odaa Oromoon muka hoodaa jedhee sabasaa waan barsiisaa tureef kabaja guddaa kenneefi dhaloonni dhufaa darbaa waa'ee Odaa kabaja isaa barachaa akka guddatu taasifamaa ture. Bakkeewwan Ulfoo ta'aniifis Oromoon akka arge hin godhu. Bakkeewwan Ulfoo kanneen akka malkaa, tulluu ykn gaara, abdaariifi bakkeewwan dhibaayyuuf Oromoon Safuu guddaa kenneefii kabaja.

2.2.4. Ilaalcha Oromoo

Yaaxxinni kun kan madde qo'attoota duudhaa kan ta'an kannen akka Lorwarth pea, Doon Yoder fa'iin kaayyoon afoolaa kanaas afoolawwan kana keessatti hubannoon duudhaa, aadaa hawaasaafi ilaalchi hawaasichaa akka cimu taasisuudha. Bu'aan hawaasaa (wantoota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada isaaniiti. Akka yaada yaaxxina kanaatti qo'annoon

hammayyaa ta'e yaaxxina kana kan giddu galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan duriirra deebi'anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa'ee afoolaa sanaa kan agarsiisudha.

Hawaasni ilaalchi inni Aadaa, amantaa duudhaa, uumamaafi naannoo isaa irratti qabu bu'uurarraa xiinsammuun cimuu qaba. Kana ta'uu baannaan dhaloonni maalummaa, eenyummaa, Aadaa, amantaa, duudhaa, seenaa, safuufi safeeffannaa kaleessa uummanni qabu beekuufi ciminaan qabee tursiisuu danda'u uumuun baay'ee rakkisaadha. Ilaalchi hawaasni naannoo yeroo ammaa afoolaafi naannoof qabu akka durii sanatti cimaa miti. Kana kan taasise ammoo dhiibbaa waldaaleen dhuunfaa maqaalee amantiitiin daldalan, dhiibbaa amantiilee biyya alaafi Ofta'uu dadhabuu hawaasichaa irraa kan ka'e beekumsii fi amantaan hawaasni durii qabatee jiraachaa ture har'a sadarkaa baduu irra jira. Kanaaf, hayyoonniifi beektonni Oromoo dhimmi kun isaan ilaallatu xiyyeeffannoo itti kennanii dhimma ilaalcha hawaasaa deebisaanii ijaaruufi hawaasni eenyummaa isaa isa ganamaa sanatti deebi'uu akka danda'u irratti hojjachuun yoomiyyuu caalaa yeroo ammaa murteessaadha.

2.2.4.1. Naannoo Ilaalcha Oromootiin

Oromoon Uumamasaatiin Uummata eega. Erga rakkoon uumamee booda araaraaf fiiguu osoo hin taane dursee rakkoon akka hin uumamne ittisuu filata. Haata'u malee, haala humnaa ol ta'een waldhabdeen uumame ammoo osoo babal'atee lubbuufi qabeenya irraan miidhaa/balaa adda addaa hin qaqqabsiisin manguddoonni akka Aadaa Oromootti furmaata laatu. Oromoon Meeshaalee waaqayyo uume kanneen akka bishaanii, malkaa, tulluu, coqorsaafi kkf itti fayyadame waaqa isaaf galata galcha; Oromoon Jireenyi dhala namaa naannoo isaa malee akka hin jiraanne barsiisaa ture. Bu'uurri jireenya dhala namaa naannoo isaa akka ta'e sirna bulchiinsa isaa keessatti barsiisaa ture; barsiisaas jira.

2.2.4.2. Seera Waaqaa, Seera Lafaa/Dachii

Seera waaqaa, lafaa/dachii kan jedhamu safuudha. Safuun waan hedduu of keessaa qaba. Safuu eeguun seera. Garuu, seerri hundi safuu miti. Seerri namaan tumama; ni jigasi. Garuu safuun hin tumamus; hin badus. Seera uumamaati. Safuun Ilaalcha Uummanni Oromoo dhimmoota maraaf qabu kan agarsiisuudha. Dhimma yaadaan jiru qofa osoo hin taane gocha ilma namaa mara kan ilaallatuudha. Daandii jireenya sirrii, amala gaariitti nama qajeelchuufi ittiin jiraataniidha. Uumamni

samiifi ardii keessaa hundi bakka mataasaanii qofa qabatanii akka sirnaan adeeman kan taasisuudha. Safuun jireenya qabatamaa Oromoo qajeelchuuf qofa osoo hin taane, akkaataa itti yaadu, itti dubbatu, waaqa waliin hariiroo itti qabaatu, ilaalcha falaasamaa, barsiifata lagannaafi Amantaa Hawaasichaa kallattii qabsiisa.”Ijji fardaa luugama; ijji namaa Safuudha.

Namni of dhabe nama hin argu. Nama of dhabe immoo baarbaachi hin argu” jedha Oromoon Yeroo mammaaku. Akka walii galaatti, Safuun Uummata Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabu ta’uu isaafi namni safuu beeku; galfata, amaanaa, qabeenya namaa lafaa arge, horii bade itti gale hin nyaatu, ija isaatiin waan hin taane hin ilaalu, harkasaatiin waa hin balleessu, gurrasaatiin waan hin taane hin dhaggeeffatu, yoo waaman osoo dhaga’uu nama jalaa hin didu, Oromoon Uummata safuun bulu waan ta’eef; safuu Yaada, jechaafi gochaa eeggatee Uummata jiraatuudha.

Akka Fileen (2021:99-101) Tasammaa (1986:58-59) wabeeffachuunn ibsetti, “Oromoon Waaqayyotti aansee lafaaf bakkaafi ulfina guddaa qaba. Kanaafis,” Waaqaafi lafaaf safuudha” jedha. Namni badii hojjatee waakkatees yemmuu amansiisan “Waaqni majii ta’ee lafti hobbii ta’ee sihaadaaku” jeddhu. Kana jechuun ammoo Waaqayyo irra, lafti ammoo jala ta’ee garuu lamaanuu tartiibaan human qabaachuu isaanii kan ibsuudha. Barbaachisummaa lafaas Oromoon akkas jechuudhaan galata isaa faaruudhaan ibsa.

Dachee nagaan ooltee

Yaa aangoo hiyyeessaa

Du’aa keenya hinyaattaa

Jiraa keenya hinbaattaa

Mee takkan si faarsaa.

Jaartii garaa margaa

Irri kee midhaanii

Jalli kee bishaanii

Sirra qonnee nyaannee

Sirra horree yaafnee

Dachee yaa dinqituu

Yoo sooressa nyaatte isa shittoo qabuu

Hiyyeessa hin jibbituu isa cittoo qabu.

Faaruu dachee kana irraa wanti hubatamu, Waaqayyo akka abbaatti gaachana ta’ee balaa adda addaa irraa akkuma dhala namaafi uumama biroo eegu, dacheenis gama isheetiin akka haadhaatti

waan namni barbaadu hundaa kennuufii kan dandeessuufi hiyyeessaafi sooressa adda baafttee kan hin ilaalle akkasumas, walqixxeessituu lubbu qabeeyyiifi lubbudhabeeyyii isheerra jiraatanii akka taate walaloo kanarraa hubachuun ni danda'ama.

2.3. Ibsa Yaadrimeewwanii

Hiika afoolaa(fookiloorii) ilaalchisee, hiikni hayyoota dirree qorannoo afoolaa hunda amansiisuufi tokko taasisu hin argamne.Kanarraan kan ka'e qorattoonni dirree qorannoo afoolaa hiika afoolaa kennuu caalaa wantoota afoolli of keessatti hammatu tarreessurratti xiyyeeffatu(Dundes, 1965; Dorson1972).Haata'u malee, dameen qorannoo kun maqaa,"fookiloorii"jedhu kana osoo hin argatin, maqaa biraatiin beekamaa tureera.Kana ilaalchisuun, Dorson (1972:1) yoo ibsu,"Folklore emerged as a new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes....The word 'folklore' phrase thenceforth adopted in place of cumber some phrase popular antiquities," jedha.

Akka yaada kanaatti, beekumsa hawaasaa akka damee barnoota tokkootti qorachuun kan jalqabame jaarraa 19ffaa keessaa biyyoota Ingilizii keessatti namoota hambaa meeshaalee durii qorataniifi Jarman keessatti ammoo qorannoo guddina afaanii warra gaggeessaniinidha.Akkasumas, beekumsi kun moggaasa fookiloorii jedhu osoo hin argatin dura hambaawwan aadaa dinqisiifamoo ta'aniin ykn ijaarsota bebbeekamoo durii jedhamuun akka beekamantu hubatama.Kun ammoo, dirreen qorannoo kun maqaa kana kan argate yeroo dhiyoo keessa ta'uusaa agarsiisa.Maqaa kana kalaquun namni si'a jalqabaaf itti fayyadame waggoota (165) fuuldura, bara (1846) nama biyya Ingilizii kan ta'e"William John Toms" nama jedhamu ture.(Dorson, 1972; Misgaanuu, 2011).

Innis jechoota lama"folk"kan jedhuufi "lore" kan jedhu walitti suphuun Afaan Ingiliziin"folklore"jedhee moggaase.Kana ilaalchisuun, Dundes (1965:20) yoo ibsu,"Folk can refers to any groups of people that so ever who share at least one common factors," jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti,jechi "folk" jedhu garee namootaa yoo xiqqaate dhimma tokkorratti wanta waliin qooddatan kan qabaniidha.Wanti waliin qooddatan kunis, kanneen akka: sirnaa, safuu, barsiifata, aadaa, duudhaa, hojii, umurii, saalaafi wkf fa'a. Jecha,"lore"jedhuun ammoo, beekumsaafi muuxannoo namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti waliif qoodaniidha. Akkasumas, fookilooriin beekumsa hawaasaa ta'uusaa, Dorson (1972:17) yoo ibsu,"Folklore has an echo of the past, but at the same time it is also the various voice of the present.Foklore has been

and continues to be, a reflection and weapon of the class conflict,” jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli mul’istuu wanta darbeeti. Kanaafuu, afoolli (fookilooriin) dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan lufiinsa isaa itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummataatti hawaasa kan tajaajiluudha.

Karaa biraatiin, Fekade(1991), afoolli qabiyyeewwan garaa garaa kanneen akka: raagoo, afseenaa, durdurii, taphootaa, dubbiiwwan fakkeenyan dubbataman, eebbawwan, abaarsa, arrabsoo, nagaa walgaafachuu, huccuu aadaa, ragada, beekumsa, amantii, riqicha aadaa, muuziqaa, meeshaalee aadaa, sirba, maqaawwan barreeffamoota awwaalarratti barreeffamanii, tapha saddeeqaa, kadhannaawwan, haasa’aa sochiirratti hundaa’e, sanyii lakkaa’uu, gosoota nyaataa, ayyaanota waggaa kanneen akka: Qillee, Arafaa, Cuuphaa, Sooma Hiikkaa, Dhaloota Goftaa Iyyeesuus, Dhaloota Nabiyyuu Mohaammad, Cidhawwan, Guyyaa Boqonnaa, Guyyaa Injifannoo kanneen jedhamaniifi wkf.of keessaatti akka qabatu ibseera.

Walumaagalatti, yaadrimee afoolaa jedhurratti yaadni beektonni kunneen kaa’an yoo ilaallu; hayyoonni yaadrimee afoolaa kana ija garaa garaan ilaanii hiika garaagaraa akka itti kennaniif sababa kan ta’e, dirreen qorannoo kun yaadrimee bal’aa of keessaa qabaachuusaati. Sababa kanaaf, akkaataa ilaalchaafi hubannoo isaaniitiin yaadrimee tokko bifa adda addaatiin ibsaniiru. Kanaafuu, jechi afoola jedhamu kun akka beektonni hedduun ibsanitti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti waan, aadaa, safuu, falaasama, duudhaa, amantaa, barsiifata, himteewwan naannoo, afseenaa, raagoo, durdurii, taphoota adda addaa, dubbiiwwan adda addaafi kkf.of keessatti ni hammata.

Karaa biraatiin, miidhaginni afoola keessa jiru akka riqichaatti hawaasa walitti fiduuf ni gargaara. Kana ilaalchisuun, Brunvand (1979:426) yoo ibsu, “Folklore is a sphere of interaction, needs and desires and artistic expression with its own structures and aesthetics,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti, afoolli barbaachaafi fedhii guddaa hawaasni qabu; akkasumas, ogummaa artii hawaasaafi caasaa artii hawaasaa, miidhagina isaa waliin akka geengootti kan walqunnamsiisu ta’uu isaa hubanna. Karaa biraatiin, afoolli madda ragaati.

Kanaafuu, qorannoon seenaa, aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hinqabneef madda qorannoo seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa ta’uun ni tajaajila. Kana malees, uummata madda seenaa qabu

biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnootaa, diinagdeefi hawaasummaatti ni tajaajila. Gita qabsoo keessattis, gahee olaanaa qaba (Dorson, 1972, Misgaanuu, 2011).

Akkasumas, Bascom (1965) faayidaa afoolli hawaasa tokkoof qabu kanneen akka: barsiisuuf, cimsuuf ykn eenyummaa agarsiisuuf, to'achuuf ykn ittisuufi miliquuf hawaasa dhimma itti bahu tokko ni gargaara jechuun faayidaa afoolaa iddoo gurguddaa afuritti qoodde kaa'eera. Kana malees, afoolli dhaloota darbeefi kan ammaa riiqicha ta'uun walqunnamsiisa. Dabalataanis, hambaalee bara durii turaniifi amma jiran, walitti fiduun dhaloota ammaaf ni dhiyeessa; kan boriif ammoo ol kaa'a (Misgaanuu, 2011).

Kanaafuu, afoolli hawaasni tokko eenyummaa isaanii akka ijaarrataniifi ibsatan gochuun miseensonni hawaasichaa hidhanni isaan walii walii isaanii duukaa qaban ijaarsa guutuu ta'een akka bu'ureeffamu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.

2.4. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Qorannoowwan dhimmoolee Himteewwan Naannoo Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Ha'aa) wajjin walqabatan yeroo adda addaa keessa namoota garagaraatiin hojjataman qorannoo kana wajjin walfakkii qaban kallattiinis ta'ee alkallattiin walitti dhufeenya qaban kutaa kana jalatti kan ibsamaniidha. Kan inni tajaajilus, xiinxala walfakkeenyaafi garaagarummaa qorannoo kana gidduu jiru adda baasuufi. Qorannoolee hanga hammaatti godhame kallattiifi alkallattiin qorannoo kana wajjin walqabatan yeroo adda addaatti namoota adda addaan hojjataman argamanii jiru. Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa: Himteewwan Naannoo, Aanaa Bachoo, Ija Afooleessaa, xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) jiru sakatta'uudha. Yaada xiyyeeffannoo qorannoo kana waliin kallattiidhaan wal qabatu ilaalchisee qorannoon gaggeeffame jiraachuu dhabus qorannoo afoola Oromoo irratti garuu qorattoonni garaa garaa yeroo adda addaa mata duree qorannoo garaa garaa irratti qorannoowwan gaggaarii adeemsisaniiru. Isaan keessaas muraasni akka armaan gaditti ibsamaniiru.

Dastaa Dassaaleny (2015) mataduree, "A Functional study of Tulama Oromo Oral Prose Narratives" Qorannoo kana keessatti oduu duriifi tapha ijoollee seenessuun dhiyaatan qoqqooddii isaanii haala naannoofi saayinsawwaa qabaniin garee garee isaaniin qoqqooduun ibsamaniiru.

Sisaay Kabbadaa (2018) mata duree, “Afseenaa Bebbeekamoo Aanaa Midaa Qanyii” jedhuun seenaa namoota dura aanaa kana keessatti beekamoo turaniitu qoratamee dhiyaate.

Tolasaa Tasfaayee (2018) mata duree “Afseena Iddoowwan Seenaa Qabeessaa Aanaa Tolee” jechuudhaan afseenaa dhagaawwan dhaabbii fi holqawwan aanaa sana keessatti argaman qoratamanii dhiyaataniiru.

Iteenash Toleeraa (2012/2020) mata duree “Xiinxala Afseenessa Oromoo Finfinnee keessatti Bakka Jireenya Isaanii Irraa Buqqa’anii” jedhu irratti dhimma jiruufi jireenya Oromoota Finfinnee keessatti bakka jireenyaa isaanii irraa buqqa’anii buqqa’uu isaaniin duraafi boodaa ilaalchisuun afseenessa isaan himatan xiinxaluun ibsameera.

Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Bachoo (2011/2012) mata duree, “Seenaa Aanaa Bachoo” jechuudhaan qorannoo bilchina hin qabne ta’ullee bu’uura xiqqoo kaa’uuf hojjatameera. Haaluma kana fakkaatuun qorannoowwan afoola Oromoo irratti gaggeeffaman jiraachuu ni malu. Walitti dhufeenyi qorannoo kanaafi qorannoowwan ibsamanii dhimma afoola Oromoo irratti xiyyeeffachuu isaanii yoo ta’u garaagarummaan xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ammoo Afoolaafi Naannoo: Himteewwan Naannoo, Aanaa Bachoo, Ija Afooleessaa, Xinqeeya Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har’aa) sakatta’uu irratti ta’uu isaati.

2.5. Ulfaafi Ulfoo

“Oromoon Waaqa isaa meeshaalee Ulfoo ta’anitti fayyadamee galateeffata. Meeshaaleen Ulfoo Oromoo kunniin ammoo maddi isaanii meeshaalee albuudota, biqilootaa, bineeldotaafi mukkeen, akkasumas, bu’aawwan isaanii yommuu ta’an, kanneen keessaa, bishaan, odaan, coqorsi, abaaboon, caaccuufi kallachi isaan ijoodha. Kunammoo Oromoon kanneen armaan olii kanatti amana jechuu miti; hundinuu meeshaalee uumamoodha; uumaa isaa uumamaan kadhata; galateeffata; abdata jechuudha.” (Beekumtaa Oromoo, 2021: 250).

Akkuma Oromoota godinaalee Oromiyaa biroo Oromoon Aanaa Bachootis duudhaafi amantaa abbootii isaanii kaleessaa guutumaan guutuutti hin ganne. Warreen aadaafi duudhaa abbootii isaanii kaleessaa gatan hedduuminaan jiraatanillee darbee darbee abbootiin tokko tokko har’allee dhibdee adda addaa hawaasa keessatti yoo uumame Ulfaafi Ulfoon akka Orom- duriitti kallachaafi

caaccuu, farda luugamanii, buqqee duudaa qabatanii, dubara hin heerumin safuu
Oromoo eeggattee warra ishee waliin jirtu qabatanii malkaafi abdaarii irratti
bahanii waaqa kadhatanii dhibdee furu. Warra wal ajjeeses bifa kanaan gumaa
baasisanii warroomsu yookiin walitti araarsu. (Maddi: Obbo Kumsaa Ammasaa)

Akka Aanaa Bachootti sirni gumaa baasuu akkuma kaleessaa bakka caffè ga'eessiifi jaartiin cifiiree
jirtutti raawwachaa jira. Yoo bokkaan roobuu dide ummanni naannoo walitti dhufee tolcha tolfatee
sagadee waaqa kadhannaan akkuma kaleessaa bokkaan ni rooba. Namoonni tokko tokko safuufi
duudhaa hawaasaa kaleessa jiru dagachuun qabeenya namaa warreen hatan/saaman jiru. Isa kana
sirreessuuf uummanni naannoo jiru Kallacha baasuun akka Aadaa abbaa Oromootti akka isaan
kakatan manguddoonni buleeyyiin haala mijeessu. Akka naannoo aanaa bachootti namoonni nama
shakkame kan kaksiiisan manguddoota yoota'e malee abbumti arge kaksiiisuu hin danda'u. Yeroo
baay'ee namoonni waan namaa fuudhanii kakatan rakkoon adda addaa waan isaanirra ga'uuf
sobaan hin kakatan. Qabeenya namaa fuudhan sana manguddoon jaarsummaadhaan akka ilaaluuf
gochuun waan manguddoon itti mure kennanii abbaa qabeenyichaa waliin araaramu.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

3.1. Seensa

Boqonnaan kun malleen qorannoon ittiin adeemsifamu irratti xiyyeeffata. Akaakuun qorannoo kanaas qorannoo sakatta'aati. Haaluma kanaan qabxileen bal'inaan ilaalaman qorataan ragaalee iddattoo irraa argate xiinxaluuf mala ibsaa gargaarameera. Sababnisaa odeeffannoo argame gadi fageenyaan ibsuuf filatamaa waan ta'eefi.

Qorannoon sakatta'aa qorattoota hedduudhaan kan jaalatamuufi kan hojiirra oolu akka ta'e dubbatama. Qorannoo sakatta'aa ilaalchisuun akka Dastaa (2002:30) ibsetti, "Qorannoon sakatta'aa gosoota qorannoo addeessaa (descriptive research) keessa tokko ta'ee, qorattoota hedduudhaan kan jaalatamuufi hojiirra kan ooludha" jedha. Karaa biroottiin qorannoon gosa kanaa dirree garaa garaatti tajaajila kenna. Qorannoon kun waa'ee hawaasummaa yemmuu qoratu, ilaalcha, muuxannoo, fedhii, amantaa, sadarkaa jireenyaa, walitti dhufeenya isaanii ibsuu danda'a. Qorannoon sakatta'aa kan filatamuuf qorataan tokko uummata baay'ee keessaa kaayyoofi dandeettii (yeroo, horii/baasii/) qaburratti hundaa'uun iddattoo muraasa fudhatee sakatta'uu waan danda'uufidha. Kana malees, qorannoon sakatta'aa dhimma qoratu sana gubbaa gubbaa ilaalee kan darbu miti. Keessa bu'ee, sassaagee ibsa. Kunis dheerina, bal'ina, faca'iinsa, miidhaa, faayidaa, agarsiisa; walitti dhufeenya jijjiiramtootaatis ifatti agarsiisa. Odeeffannoo funaanuufis afgaaffii ykn bargaaftii fayyadamuu danda'a.

Akka Dastan (2013), Yaalew (2006) wabeeffachuun barreessetti, "Qorannoon sakatta'aa haala sadiin ibsamuu danda'a: haala ibsaatiin, walitti dhufeenya jijjiiramtoota agarsiisuudhaanifi tarreessuudhaani" jedha. Kana ka'uumsa godhachuun haalli qorannoon kun ittiin ibsame haala ibsaatini. Haala ibsaatiin kan jedhamu dhimma kaase tokko gadifageenyaan (qaaccessee) ibsa. Qabxiiwwan boqonnaa kana jalatti ibsaman gosa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessuu, madda odeeffannoo (iddattoo), maloota funaansa odeeffannoo kanneen akka: marii garee, afgaaffii, daawwannaa, meeshaalee funaansa odeeffannoofi malleen xiinxala ragaalee qorannichaafaa kan of keessatti qabateedha. Qorannoo kanaaf akka madda odeeffannootti kan tajaajilan manguddoota himteewwan naannoo beekan odeeffannoo laataniifi kan daawwannaan argameedha. Warreen odeeffannoo laatan himteewwan naannoo: aanaa bachoo,

ija afoolessaa, xinqe'ee aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) irratti kanneen hubannoo qaban qooduun, kan bifa daawwannaan argame ammoo ragaan argame xiinxalameera.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kuni kan adeemsifame Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachoo irratti. Dhalootaanis ta'ee, hojiidhaan aanicha kana keessa jiraachaa waan jiruuf mata dureen qorannoo kanaa qorataa kanaaf haaraa ta'ullee namoonni akkuma isaa haaraa itti ta'u; akka hubataniifi warreen osoo beekanii sababa adda addaatiin dagachaa dhufanillee akka yaadataniis kana caalaa irratti hojjetaniif karaa bana jedhee wanta yaadeef dhimma kana irratti qorannoon akka hojjetamuu qabu murteesse ijjanoo kutannoo qabuun keessa darbeera

3.3. Iddattoofii Mala Iddatteessuu

3.3.1. Iddattoo

Iddattoon, qorataan tokko yeroo qorannoo adeemsisu namoota iddoo inni qorannoo irratti gaggeessu jiraatan hunda irraa odeeffannoo sassaabuun rakkisaa waan ta'eef, akkasumas lakkoofsi namoota odeeffannoo dhimmi Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) irratti kennuu danda'an kan iddoo tokkotti argamuu danda'an muraasa waan ta'eef bifa iddattootiin ragaalee isaa funaannateera. Kanaaf, qorataan manguddoota Himteewwan Naannoo: Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) beekan kan Aanaa Bachoo keessa jiraatan dhiirota kudha lama (12) fi dubartoota saddeet (8) walumaagalatti namoota digdama (20) naannoo jiraatan odeeffannoo kennuu danda'an jedhee waan yaadeef filachuu danda'eera.

Iddattoon qorannoo kanaa hawaasa Aanaa Bachoo keessa jiraatan keessaa namoota muraasa hirmaachisuun yoo ta'u, iddattoon kunis Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) irratti namoota hubannoo qaban jedhamanii amanamaniidha. Malli iddatteessuu qorannoo kanaas mala miti carraa keessaa mala kaayyeffataati. Haaluma kanaan maddi qorannoo kanaa harki caalu marii garee, daawwannaafi afgaaffii yoo ta'u; namoota hubannoo Afoolaafi Naannoo: Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) irratti qaban dhiirota kudha lamaa (12) fi dubartoota saddeet (8) walumaagalatti, namoota digdama (20) irraa mala miti carraa keessaa mala kaayyeffataa ta'ee, mala darbaa dabarsaatiin ragaan funaanameera.

3.3.2. Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun malawwan iddattoo garagaraa itti filataman keessaa kan qorannoo kana galmaan gahu jedhamanitti fayyadamuun gaggeeffame. Malawwan iddattoon ittiin filatamaniifi hojiirra oolan keessaa iyyaafannoo darbaa dabarsaa (snow ball sampling) fi akkayyoo (purposive sampling) hojiirra oolanii jiru.

Iyyaafannoo darbaa dabarsaa jechuun (snow ball sampling) yaada jedhamu kan qabu mala iddattoon ittiin filatamu keessaa tokkodha. Kunis namoota dhimmicha beekan gaafachuun yookiin iyyaafachuun qorannoon akka gaggeeffamu taasisuudha. Namni iyyaafannoon argame sunis nama biraa kan dhimmicha san sirriitti beeku jedhaman eeruun qorannoon kun gaggeeffame. Malli kunis namoota waa'ee qorannoo kanaa hubannoo gaarii qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e funaanuuf gargaara.

Haaluma kanaan qorataan odeeffattoota waa'ee Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoollessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) irratti hubannoo qaban argachuuf dursa Waajjira Aadaaf Turiizimii dubbisuu murteeffate. Itti aansee ammoo namoota duraan dhimma kana ni beeku jedhee naannoo dhalootaatti beeku, isaan immoo nama biroo dabalataan eeruu akka kennaniif taasisuuni. Adeemsa kana keessatti xiyyeeffannoon dursaa manguddootaafi hayyoota qorannicha galmaan ga'uu danda'an jedhee itti amane akka kaayyoo isaatti filatee jira. Qoratichi mala qorannoo akkayyoo kana kan filateef dhimma odeeffannoo isaa irratti beekumsaafi hubannoo waan qabaniif ragaa quubsaa galma ga'iinsa qorannichaaf gumaachan irraa argachuu danda'uusaatti amanuudhaani.

Qorataan filannoo iddattoosaa hojiirra oolchuuf gaaffilee qorannoof barbaachisan qopheeffatee xalayaa Yuunivarsiitii Finfinnee Koollejji Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Joornaaliziimiifi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogumaafi Afoolaa irraa barreeffameef qabatee gara Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Bachootti deeme. Eeruu waajjirri kun kenneefii kan namoonni naannichaa beekan kennan irratti hundaa'ee haala mijeeffachuun odeeffannoo walitti qabate.

Kunis namoota dhimmicha beekan gaafachuun yookiin iyyaafachuun qorannoon akka gaggeeffamu taasisuudha. Namni iyyaafannoon argame sunis nama biraa kan dhimmicha san sirriitti beeku jedhaman eeruun qorannoon kun gaggeeffame. Malli kunis namoota waa'ee qorannoo kanaa hubannoo gaarii qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e funaanuuf gargaara. .

3.4. Mala Funaansa Odeeffannoo

Mata duree kana jalatti malawwan funaansa odeeffannoo qorannoo kanaaf hojiirra oolantu ibsame. Bu'aan qorannoo ragaa funaanamerratti hundaa'a. Kun ammoo ragaan mala adda addaatiin funaaname bu'uura qorannoo kanaa ta'uu ibsa. Mala kana ilaalchisuun Dastaan (2013:110) irratti malleen odeeffannoon ittiin filataman hedduu jiran keessaa afgaaffii, bargaaffii, daawwannaa, sakatta'a dookimantii, qormaataafi marii garee jechuun ibsee jira. Akka ibsa isaatti meeshaaleen funaansa odeeffannoofi malleen funaansa odeeffannoo garaagarummaa akka qabaniifi meeshaaleen wantoota waraabbiif nu fayyadan akka ta'e yaada isaarraa ka'anii hubachuun ni danda'ama. .

Dabalataan Addunyaan (2010:16) mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa afgaaffii, daawwannaa, marii garee xiyyeeffatamaafi sakatta'a dookimentii fayyadamuun akka danda'amu addeessa. Haaluma kanaan qorataan mala funaansa ragaa armaan olitti ibsaman keessaa marii garee afgaaffiifi daawwannaatti dhimma bahuun odeeffannoo qorannoo isaaf ta'u walitti qabachuu danda'eera.

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu qorataan mala itti fayyadamee odeeffannoo isaa funaannatu qaba. Qorannoo kana keessattis qorataan mala kaayyeeffataa (purposive sampling method) filatee odeeffannoo isaa kan funaannateedha. Sababni inni mala kana filateef namoonni hundi Himteewwan Naannoo: Aanaa Bachoo, Ija Afoollessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) gadi fageenyaan hin beekan waan ta'eefi. Manguddoota bebbeekkamoo ta'aniifi warreen seenaa naannoo kanaa sirriitti beekaniifi afoolaafi naannoo: himteewwan naannoo: aanaa bachoo, ija afoollessaa, xinqeeya aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) sanaa himuu danda'an gaafachuutu filannoo isa duraati. Kanaaf, qorataanis eenyutu waan kana keessa beekke natti himuu danda'a jedhee mala qorannoowwan jiran keessaa mala kaayyeeffataatti fayyadamuun qorannoo isaa gaggeessuu danda'eera.

3.5. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Meeshaaleen qorannoo kanaaf filataman: Daawwannaa, Marii Gareefi Afgaaffiidha. Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu maddi odeeffannoon irraa argamu jiraachuu qaba. Qorataanis madda odeeffannoo irraa argatu gosa lamaan karoorfatee hojjate. Maddi odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa; Manguddoota Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoollessaa Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha

Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) himuu irratti hubannoo qabaniifi akka madda odeeffannoo sadarkaa lamaffaatti immoo kitaabileefi barruulee dhimma kanarratti barreeffaman dubbisuun ragaalee qorannoo kana milkeessuuf isa gargaaran hundaa walitti qabachuu danda'eera.

3.5.1. Afgaaffii

Mala funaansa ragaatiif barbaachisan keessaa afgaaffiin isa tokkodha. Dabalataanis, afgaaffii fayyadamuu keessatti irra caalaa namoota dubbisuufi barreessuu hin dandeenye hirmaachisuu irratti bu'aa qaba. Akkasumas, sochiifi haala isaa irraas odeeffannoo haalaan argachuuf dandeessisa. Malli kun odeeffannoo qabatamaafi barbaachisaa ta'e argachuuf mijaawaadha.

Akka Dastaan (2013:111) ibsutti malli kun qorataafi odeeffannoo kennaan fuulleetti wal arganii odeeffannoo kan waliif kennanidha. "Odeeffannoon afgaaffiin funaaname gaarii kan taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka gaafatu dandeessisa" jedha.

Yaada kana irraa wanti hubannu afgaaffii keessatti qorataafi odeeffannoo kennaan qaamaan walarguun ragaan kan funaanamuudha. Kunis, qorataa gaaffii isaa bifa odeeffannoo kennaaf ifa ta'uu danda'uun waan gaafatuuf ragaa quubsaaifi amansiisaa ta'e argachuuf kan dandeessisu ta'uusaati.

Karaa biraatiin mala kana ilaalchisee Goldsten (1964:104) akkas jedha, "Interview data include information on what the informant believes expect,feet,wants,does or has done or which explian or gives reason for any proceding."

Yaada kanarraa kan hubannu afgaaffii fayyadamuun odeeffannoo kennaan waan kanaan dura raawwate, argeefi jireenyasaa keessatti hubate akka ibsu karaa saaqa. Gaaffilee qorataan afgaaffii keessatti dhimma itti bahe battalaa yoo ta'e gosti gaaffii banaadha.

Haaluma kanaan gaaffileen banaa ta'an odeeffattootaaf qophaa'anii dhiyaataniiru. Afgaaffiin kun namoota waa'ee afoolaafi naannoo: himteewwan naannoo: aanaa bachoo, ija afooleessaan, xinqeeya aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) irratti muuxannoofi beekumsa gahaa qaban jedhamanii eeruu Waajjira Aadaaf Turizimiitiin kennaman irratti hundaa'eeti. Namoonni karaa waajjiraa eeruun kennamee bira ga'aman kunneen: Obbo Qananii Aagaafi obbo Turaa Daadhii gaafa Guyyaa 12/06/2016, Aadde Daraartuu Guutaa gaafa Guyyaa 19/06/2016, obbo Kumsaa Ammasaa gaafa Guyyaa 21/07/2017, Aadde Ayyalach Gammachuu gaafa guyaa 29/07/2017,

maanguddoota dhimmicha gadi fageenyaan beekan kan ganda Shaankur Xaraqootti argaman Obbo Guutaa Jifaari, obbo Ijjataa Ajjaamaafi obbo Nagaash Guddataa waliin gaafa guyyaa 30/08/ 2017 gaaffiifi deebiin gaggeeffameera.

3.5.2. Daawwannaa

Daaawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee yeroo raawwii waan adeemsifamu sanarratti argamuun daawwachuuti. Malli kun mala argaa dhageettii waan fayyadamuuf ta'ii waan sanaallee haalaan qalbifachuuf mijataadha.

Dastaan (2013:118)“----Akkaataa itti dalagan, haasawaa, sochii isaanii fa'a ilaalaniifi dhaggeeffatanii galmeeffachuuf nama fayyada.” Qorataan qorannoo kanaas malleen funaansa ragaa keessaa daawwannaatti yeroo dhimma bahu iddoowwaan adda addaa guyyaa garagaraatti daawwannaa gaggeesseera. Kanneen keessaa gaafa guyyaa 21/08/2017, Tsabala ho'oofi bataskaana mikaa'elaa, gaafa guyyaa 09/08/2017, Malkaa Ganjiifi Tulluu Ganjii akkasumas, gaafa guyyaa 12/11/2017 gaara/tulluu qonyee daawwachuun meeshaalee waraabbiif oolan kanneen akka viidiyoofi kaameraa moobaayilaa fayyadamee ragaalee qorannoo isaaf gargaaran walitti qabateera.

3.5.3. Marii Garee

Qorannoo afoola uummataa ilaallatan irratti godhaman hubachuuf mariin garee barbaachisaadha. Kaayyoon isaa qorannoo kana akkaataa barbaadameen milkeessuuf odeeffannoo dabalataa qabatamaa ta' e ittiin argachuufidha. Qorannoo kana keessatti mariin garee kan barbaachiseef yemmuu gaaffiin afaaniin gaggeeffamu garaagarummaa yaadaa agarsiise yaada furmaataa argachuuf gargaara. Kana malees, mariin garee aadaa, safuu, amantaa, ilaalcha, duudhaafi kabaja hawaasni namaaf qabu keessa seenanii gadi fageenyaan baruuf tajaajila. Kanaaf, qoratichis yaada mariif ta' u dhiyeessuudhaan akka isaan yaada irratti wal jijjiiran taasisuun odeeffannoo isaanii gara tokkotti fiduun ragaa qabatamaafi amansiisaa ta' e manguddoota irraa walitti qabateera.

3.6. Malleen Xiinxala Ragaalee

Mata duree kana keessatti ragaan afgaaffiin odeeffattootarraa argameefi daawwannaadhaan walitti qabame xiinxalameera. Odeeffannoon malleen armaan olii kanaan erga funaanamanii booda akkaataa walfakkeenyaafi barbaachisaa ta'een xiinxalameera. Odeeffannoon argame mala adda addaatiin qindaa'eera. Ragaan ibsaa (qualitative data) kanneen marii garee, daawwannaafi

afgaaffiin guuraman, cuunfuun qabxiilee ijoo baasuudhaan xiinxalli ibsaa (qualitative analysis) itti kennameera. Erga kun ta'ee haala barbaachisaa ta'een gaaffileen kaa'amanis deebii barbaachisaafi madaalamaa ta'e argataniiru. Deebiiwwan kun immoo qindeeffamanii xiinxalamuun dhiyaataniiru.

Adeemsa kana keessatti qorataan tokko odeeffannicha kallattii garagaraatiin ilaaluun duraa duubaafi irraa jalaan qindeessuufi ibsuun hiika itti kennuu qaba. Gocha kana Addunyaan (2011:71) yemmuu ibsu, “Qaaccessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheessuun, irra deebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa” jedha.

Yaada kanaan walfakkaatu Dastan (2013:142) adeemsa qorannoo qulqullaa'inaa irratti: “Odeeffannoo qorannoo qulqullinaa addeessinee ibsina. Addeessanii ibsuu keessatti gabatee, giraafii, fakkii fayyadamuun murteessaa miti. Murteessaan afaan qorannootti fayyadamanii sirriitti ibsuu danda'uudha,” jechuun ibsee jira. Bu'uuruma kanaan odeeffannoon himteewwan naannoo Oromoo godina Shawaa kibba Lixaa Aanaa Bachoo ibsu odeeffannoo kennitootarraa walitti qabamuun qindoominaan qaaceffameera. Dabalataan dhimma odeeffannoo ibsuufi qaaccessuu ilaalchisee yaada akkas jedhu ibsa.

Odeeffannoo ibsuu keessatti yaada daawwannaadhaan yookaan afgaaffiin arganne yookaan odeeffannoo odeeffattootarraa arganne ibsinee dhiisuu qofa nutti fakkaatee dhiisnaan dogoggorree jirra. Odeeffannoo arganne sanarraa kaanee maal jedhamuun akka danda'amu ibsuu qabna. Odeeffannoon sun waa'ee furmaata rakkinichaa ykn waa'ee deebii gaaffichaa maal akka nutti mul'isu hiikuu qabna. (Dastan, 2013:142).

Yaadni kunis odeeffannoo malleen garagaraatiin walitti qabanne deebisnee hiikuu, ibsuu, xiinxaluufi qaaccessuu akka qabnu ibsa.

Walumaagalatti, mata duree kana jalatti odeeffannoon funaaname haala tartiiba isaa eegeen walduraa duubaan ibsuudhaan qaaceffame. Ragaaleen karaa malleen funaansa odeeffannoo lamaaniin (2) argaman bakka tokkotti qaaceffamaniiru.

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

4.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti ragaawwan mala marii garee, afgaaffitiin odeeffannoo kennitootarraa argamaniifi daawwannaa argamantu xiinxalame. Kunis gaaffilee bu'uraafi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun haala amantaa durii, bakka amantaa uummata durii ilaalchisee, haala moggaasa bakka amantaa uummataa kan durii, haala qabiinsa bakka amantaa uummataa yeroo ammaa, himtee naannoo manguddoota irraa barachuuf fedhii dhaloota ammaa, faayidaa himtee naannoo dhaloota ammaa barsiisuu, ilaalcha namoonni amantaa adda addaa qaban bakka amantaa uummataa durii irratti qabaniifi dhiibbaa amantaan adda addaa bakka seena qabeeyyii ta'an irraan ga'aa jiru boqonnaa kana keessatti xiinxalamee dhiyaateera.

4.2. Amantaa (folk belief system) fi Amantiilee (religions) Aanichaa, Kaleessaafi Har'a.

Uummanni Oromoo dur Amantaafi amantiilee mataa isaa akka qabu beekamaadha. Uummanni Oromoo Aanaa Bachootis akkuma Oromoota naannoo adda addaa uummata aadaafi duudhaa akkasumas, seera itti bulmaata mataa isaa uummata qabuudha. Haala Amantaafi amanti uummata naannoo Aanaa Bachoo ilaalchisee gaaffiifi deebii Obbo Kumsaa Ammasaa Odaa jiraataa ganda Baatuu Cirrachaa akka ammaatti ammoo magaalaa tullu boolloo ganda 02 ykn ammoo Yeroo dhiyoo Magaalaa Tullu Boolloo Ganda Burqaa kan ta'an waliin taasiseen; Obbo Kumsaa Ammasaa Odaa gaafa 21/07/2017 ganama sa'aa 3:30 tti yeroon ani odeeffannoo isaan irraa gaafachuuf gara mana isaanii deemetti isaan loon isaanii qabatanii qarmii qamadiin bonee irraa haamame tikfachaa jiru. Dura naaf beellamanii waan turaniif ani bakka isaan loon mucaa xiqqaa waliin eegaa jiranitti itti dhaquu kiyyaaf baay'ee gammadanii nuti zariidhumaan loon jaalanna. Oromoon loon malee ofinjaalatu. Abbootiin keenya dur loon afuurri isaaniyyuu nama quubsa nuun jedhu ture. Kanumaafan yeroo baay'ee loon biraa fagaadhee hin beeku jedhan. Daa'imti tapha waan jaallattuuf akka garaa namaa namaaf hin taatu. Yookaan midhaan namaa nyaachiftee akka namni horiirra dubbatu gooti ykn ammoo bakka tokkotti walitti dachaafttee dhaabaa ooltee osoo garaa isaanii hin kaafatin galgala gara manaatti deebisu waan ta'eef loon miidhamuu danda'u. Irrumatti eeguufan mucaa kana faanaa ba'e jechuun na simatanii naannodhuma horiin isaanii jiru gaaddisa jala teenyee akka waan beekan naaf himuu danda'an natti himanii walumaan iddoo filannee teenye.



Suuraa1: Gaaffiifi deebii gaafa guyyaa 21/07/2017 A.L.I Obbbo Kumsaa Ammasaa Odaa waliin naannoo mana isaaniitti taasifame.

Himtee: 1 Ani Oromoodha; haati kiyyas ta'ee abbaan kiyya Oromoo qulqulluudha. Amma ani umuriin kiyya saddeettamii sadi (83) keessan jira. Hanga har'aatti Aadaa, duudhaafi Amantaafi amantii akaakileefi abaabilee kiyyarraa dhaalen qabadhee jira. Dur naannoon kun Baatuu jedhama. Mootummaa wayyaanee keessa gandoota walitti mammakuun waan tureef ganda Baatuu Cirrachaa jedhanii maqaa haaraa itti moggaasani. Yeroodhuma kana keessa ammoo magaalaa jala galuu qaba jedhanii magaalaa tullu boolloo jala nu galchaanii maqaa ganda 02 jedhamuun akka waamamnu taane. Bara darbe ammoo guddina magaalaa irraa kan ka'e maqaa haaraa ganda burqa jedhamee waan moggaafameef amma magaalaa tullu boolloo ganda burqa jedhamna. Lafti kun haa jedhee wantaa Qanya'aa Baraddan jedhamu keessatti argama. Uummanni Baatuu qulqullinnatii Oromoodha, homaa tabaayii hin qaban. Nuti uummanni

naannoo kanaa tokkummaa qabna; loon keenya walitti yaafannee waliin tikfanna,waliin nyaannee dhugna malee wal jibbuufi hammeenya walitti yaaduun gidduu keenya hin jiru.Gaddaafi gammachuu keenya yeroo maraa waliin qooddanee wal cinaa dhaabbanna.

(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017)

Himtee manguddoo armaan olii kana irraa wanti xiinxalame; Yeroo adda addaatti maqaan ganda isaanii jijjiiramuufi moggaafni adda addaa kennamaafii akka ture yaada manguddoo kana irraa hubatameera.Kana malees, uummanni ganda isaanii duratti tokkummaa cimaafi walitti dhufeenyi gariin kan ture yoo ta’u; har’a garuu walitti dhufeenyi durii sun akka hin jirreefii uummanni walitti dhufee mariifi marabbaa kan hin qabne ta’uu isaa yaada manguddoo kana irraa xiinxalameera.

Himtee: 2 Ummanni naannoo kanaa dur tokkummaadhaan malkaa naannoo keenyaa kan Ganjii jedhamuufi tulluu naannoo malkaa sanatti argamutti waggaatti yeroo tokko yeroo masqalaa walitti dhufnee korma qallee dhiiraa dubartiin waaqa kadhanna.Horiin qalamanis hoolaa yookiin eeffana malee raaddeen hin qalamtu safuudha; Aadaa Oromootii miti.Oromoon raadden qaaluu ni oodeffata; dhala kutuudha jedhee amana.Guyyaa ayyaanaa kana akka yeroo ammaa kana horii malkaattis ta’ee tulluu tolchaatti qalame qooddachuun hin jiru.Achumatti eelee sibiilaa guddaa irratti erga waaddamee booda walii kennanii mijuu jirus wal qammasiisanii wal eebbisanii addaan deemu. Gaafa ayyaanaa kana warroonni dhiiraa bullukkoo uffatanii, Warri kallacha Qaban kallacha isaanii adda isaaniitti hidhatanii, warri alangaa qabanis alangaa isaanii qabatanii, aroorecha qabatanii, abaaboofi coqorsa yookiin marga lataa kan mataan isaa hincitin kan qara qabu qabatanii dhufu.Dubartoonni yookiin beerren immoo didiqqoo yookiin wandaboo kan jedhamu uffatanii, callee kaawwatanii, calleen isaan kaawwatan caaccuu qaba; daglatti itti tolchu.Siinquee, mijuufi bixxillee sagal qabatanii dhufu.Mijuun buqqeetti nam’a malee xaarmusiitti hin nam’u.Mijuun buqqee araddoo jedhamutti naqama.Bixxilleen immoo xaafii diimaafi garbuu irraa qophaa’a.Akka har’a boqqoolloon biyya fudhate kana osoo hin taane Oromoon naannoo kanaa dur xaafii diimaafi garbuu baay’inaan qota. Bixxilleefi mijuu qabatan kana sadi malkaatti mijuu waliin buusu, sadi tulluu irratti mijuu waliin buusanii sadan hafe immoo abdaarii irratti mijuu waliin

buusanii achitti waaqa kadhatanii wal eebbisanii mana mana isaaniitti deebi'aniiru galu. (Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017)

Himtee manguddoo armaan olii kana irraa wanti xiinxalame: Oromoon naannoo kanaa dur amantii, amantaa, aadaa, duudhaa, seenaa, safuufi safeeffannaa, kabaja ayyaana adda addaa, kabajaafi ulfina bakkeewwan ulfoo akkasumas, eenyummaa isaa haala gaariin kabajaa kan ture ta'uu isaa sakatta'iinsa taasifameefi raga manguddoota irraa argameen baramaera. Keessumaayyuu himtee armaan olii kana keessatti akka addaatti kan mul'ate guyyaa ayyaanaa dhiiraafi dubartiidhaan meeshaalee ulfoo Oromoofi Uffata aadaa Oromootiin faayamanii guyyaa ayyaanaa kan dabarsaa turan ta'uu ragaa argame irraa xiinxallii taasifameen baruun danda'ameera.

Yeroo malkaatti waaqa kadhannus akkana jennee kadhanna jedhan:

Himtee: 3	Birraan nagaan nuu bari'ee	
	Habaaboo dhodhootuu	
	Qarruu lagaa kan dhodhootu	
	Birraa nuu bariisiftee	
	Yaa Waaqayyoo	galata
	Sa'aa nama nu ooffalchi	ooffalchi
	Ammas saddeeta kanaan kan nu geese	
	Saddeeta bara gereetiin nu ga'i	ga'i
	Sa'aa nama keenya nuu ooffalchi	ooffalchi
	Biyya biyya nagaa nuu godhi	godhi
	Sa'aa nuu toli	toli
	Namaa nuu toli	toli
	Eebbi toltuudha.	tolchi Waaq

(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017)

Himtee yookaan Eebba armaan olii manguddoo eebbisan kana irraa wanti hubatame ykn sakatta'ame Oromoon waan hundaafuu yeroo mara waaqa isaa kan galateeffatuufi gara fuulduraattillee nageenyummaasaa waaqatti kennee abdiin isuma akka eeggatu hubachuu dandeenya.Oromoon yeroo waaqa kadhatu mataa isaa qofaaf akka hin taaneefi sa'aaf, namaafi biyyaafillee nagaa akka kadhatu hubachuu dandeenya.Kanaaf, dhaloonni ammaallee aadaa boonsaa akkasii kana dhiisee bartee hin taane fudhatee waan eenyummaasaa ibsuu hin dandeenye faana deemuu dhiisee waan Oromoon kaleessa qabatee abbootii keenyaan gahe kana harkaa fuudhee

dhaloota haaraa dhufuuf dabarsuu akka danda'utti aadaa, amantaa, duudhaa, safuufi safeeffannaa Oromoon kaleessaa qabu irratti beekumsa barbaachisaa ta'e manguddoo irraa dhaaluu qaba. Dhaaluu qofas osoo hin taane dhaloota haaraas dhaalchisuu qaba.

Abdaarii irratti tolcha yoo tolfanne waaqa uumaa keenya kadhanna. Abdaarii irratti tolcha tolfannee yeroo waaqa kadhannu akkana jennee kadhanna jedhan:

Himtee: 4	Tolcha tolfannee	
	Sa'aa nuu toli	toli
	Namaa nuu toli	toli
	Biyyaafuu nuu toli	toli
	Hamtuu nurraa qabi	qabi
	Toltuu nutti qabi	qabi
	Kan qotanne nu nyaachisi	nyaachisi
	Tolcha keenya nuu jaaladhu	jaaladhu
	Kan baranaan nu geese	
	Bara egereen nu ga'i	ga'i

Jennee waaqa uumaa keenya kadhanna. Waaqa nu uume malee waan biraa akka warroonni amantaa Oromoo kana hinjaalanne jedhan sana mukaafi laga waan kadhannu hin qabnu. (Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017).

Himtee kanarraa wanti xiinxalame: Uummanni Oromoo akka aadaa isaatti waan hojjatu hundaaf waaqa kadhachuufi eebba eebbisuun baramaa ta'uu isaafi kadhaa kadhatu keessatti maqaa waaqaa waaamee kadhachuufi waan hojjatanitti akka milkaa'an; yeroo waaqa kadhatu nageenya mataa isaa qofaaf osoo hin taane uummata maraafi biyyaafillee kan kadhatan ta'uu himtee kanarraa ragaa sakatta'ameefi xiinxalameen baramaera.

Himtee: 5 Amma dargaggeewwanis ta'ee namoonni buleeyyiin tokko tokko kanneen amantaa isaanii jijjiirratan aadaa, amantaafi duudhaa durii kana kan abaabileefi akaakilee keenya irraa dhaalle baay'ee tuffatu; nu harkatti ammanaaccaqu. Keessumaayyuu, waa'ee kallachaa, bokkuu, caaccuufi callee maqaa dhahuu hin Barbaadan. Yoo barbaaddan araddaarratti yookiin immoo lagatti geessaa gataa malee wa'ee kanaa nutti hin kaasinaa warroonni jedhanis jiru.

(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017)

Himtee armaan olii kana irraa kan xiinxalame: Oromoon naannoo Aanaa Bachoo ganda Tullu Boolloo 02 keessa jiraatan dur tokkummaan amantaa waliin gaggeeffatan akka qabaniifi waliin bakka tokkotti maallaqa walitti fiduun korma yookiin eeffana goobaa bitanii Malkaa Ganjiifi Tulluu Ganjiitti akka Tolcha Tolfachaa turan hubanna.Kanamalees, dur uummanni naannoo kanaa seenaa, Aadaa, duudhaa, gaddaafi gammachuu qaban hundaa walaan walirraa barachaa kan turan ta'uu isaa bal'inaan hubatameera.

Yeroo ammaa garuu sababa namoonni baay'een amantaa isaanii jijjiiraniif akka durii sanatti qaamni walitti dhufee Aadaa isaa kan kaleessaa sana akka durii sanatti ho'isee waliin kabajatu kan hin jirre ta'uu sakatta'ameera.Yeroo ammaa hunduu yemmuu ayyaanaa mana mana isaatti dhuunfadhumaan waan qopheeffatu qopheeffatee guyyaa ayyaanaa sana kan dabarsan ta'uu hubatameera.Namoonni baay'een kan amantaa isaanii jijjiirratan waa'ee Aadaa durii sana yaadachuus ta'ee haasa'uu hin barbaadan.Aadaan dur ture sun akka waan badaa, kan nama hin fayyannee, yeroo faana kan hin deemne, akka waan boodatti hafaatti warroonni kaasuu barbaadan bal'inaan kan jiran ta'uu yaada manguddoo kanaa irraa hubachuun danda'ameera.

Obbo Nagaash Guddataa Beenya Ganamee jiraataa ganda shaankur xaraqooti.Umuriin isaanii waggaa saddeettama (80).Gaaffiifi deebii waliin taasifameef akkana jechuun yaada isaanii naaf himuu jalqaban:

Himtee: 6

Gaarri shaankur tokko ture.Nama lamatu lafa shaankur kana irratti wal karakkaraa turan jedhama.Uffata namaa ergifatee uffatee mana isaa dhiisee muka koree bulee barii misikkirii dhaqee daba masakkare.Shaankur sadeen kan jedhamuuf gaafa dabni masakkarama kana gaarri tokko ture kun bakka saditti qoqqoodame jedhama. (Obbo Nagaash Guddataa, 30/08/2017).

Himtee yookaan yaada manguddoo armaan olii kana irraa wanti xiinxalame; Gaarri Shaankur gaara seenaafi dhugeeffannaa qabuudha.Kana jechuun namoonni lafa gaarri kun irratti argamu sana irratti wal loluufi sababa namni daba/cubbuu ragaa baheef bakka saditti qoodamuun isaa dhaloonni manguddoota irraa kana dhaggeeffachaafi gaara kana sadeen ija isaaniitiin ilaalaa guddatan seenaa ta'uu isaafi dabni uummata Oromoo biratti barbaachisaa akka hin taane dhaloonni hubannoo akka argatu kan taasisu ta'uu hubanna.

Obbo Tashoomaa Guutaa Qananii jiraata ganda Jaatooti. Umuriin isaanii waggaa jahaatamii shani (65).

Himtee: 7

Nuti abaabileefi akaakilee keenya irraa kaasnee kan beeknu maatii keenya irraa darbaa dabarsaan kan nu bira ga'e malkaafi abdaariitti tolcha tolfannee waaqa nu uume kadhachaa turre; har'as yaa xiqqaatu malee kadhachaa tuma jirra. (Obbo Tashoomaa Guutaa, 27/07/2017).

Himtee yookaan yaada manguddoon armaan olitti kennan kana irraa wanti hubatamu; uummanni naannoo kanaa durii kaasee akka naaannoo isaaniitti abaabileefi akaakilee isaanii irraa kan dhaalan amantaafi bakka itti amanan malkaafi tulluu akkasumas, abdaarii naannoo isaaniitti aargamutti tokkummaan walitti dhufanii waaqa isaanii kan kadhachaa turaniifi kadhachaa jiran ta'uu isaa hubachuun danda'ameera.

Obbo Daadhii Caakkaa Jimaafi Wolqabaa Maracii Yaadnessaa jiraattota ganda jaatooti. Umuriin isaanii wal duraa duubaan waggaa saddeettamii sadi (83)fi saddeettamii lama(82).

Himtee: 8 Maatiin keenya Oromoodha. Akka Oromootti Aadaa, duudhaa, amantaafi eenyummaa keenya akkaatadhuma maatii keenya irraa dhaalleen itti tajaajilamaa jirra. Malkaafi abdaarii jaatootti masqalaafi saneen seenee hanga guyyaa kudha shaniitti tolcha tolfannee waaqa kadhanna. Yeroo Abdaariitti tolcha tolfannu akkana jennee waaqa keenya kadhanna jedhu:

Isgoo yaa waaqi	
Waaqa gurracha garaa garbaa	
Waaqa sagaltama Booranaa	
Waaqni nagayaan nu bulchite	
Nagaan nu oolchi	oolchi
Booruu gannaa nagaan nu baasi	baasi
Gungumaafi dheekkamsa waaqaa	
Jalaa nagaan nu baasi	baasi
Sa'aa namaan nu oofkalchi	oofkalchi
Daa'imaafi karra keenyan nu tiksi	tiksi
Cabbiifi qaqawweessa kee nu lagi	lagi
Waaqni Abdaarii kana uumte	
Kan du'ee jennata kenni	Kenni

Kan jiru umurii nuu dheeressi	dheeressi
Tinnaa keenya nuu guddisi	guddisi
Guddaa keenya nuu bulchi	bulchi
Kennaa keenya nuu jaaladhu	jaaladhu
Eebbi toltuu	tolchi Waaq

Jennee waaqa keenya kadhannee irreessa keenya irreeffannee hoolaan bitame

abbaa abdaariitiin areerratamee qalama. (Obbo Daadhii Caakkaa Jimaa, 27/07/2017)

Himtee armaan olii kana irraa kan xiinxalame Oromoon naannoo kanaa yeroo Abdaariitti tolcha tolfatu dursee waaqa uumaa isaa kadhachuun kan jalqabu ta'uu; Akkasumas, waaqa bakka itti isa kadhatee irraa argatu uumeef maqaa waamee kadhachuun isaa Oromoon mukatti kan amanu osoo hin taane waaqa muka sana uumef ta'uu isaa ragaa manguddootaafi himtee armaan olii kana irratti xiinxala gaggeeffameen barameera.

Himtee: 9 Malkaattis yeroo tolcha tolfannu waaqa kadhannee irreecha keenya erga irreeffannee booda abbaan malkaa hoolaa tolchaaf bitame areerratee qala.

Malkaarratti yeroo waaqa kadhannus akkana jennee kadhanna jedhu:

Madhaan bu'ee	bu'e
Kan malkaa dhugaa bu'ee	bu'e
Na oofkalchaa	
Eebba fudheen eebba kennaa	oofkali
Seerri seera haa ta'u	haa ta'u
Eebbi eebba haa ta'u	haa ta'u
Dhiigni lafatti nuuf haa urgaa'u	haa urgaa'u
Cincaan Waaqatti nuuf haa urgaa'u	haa urgaa'u
Seerri uumaa nuuf haa qajeelu	haa qajeelu
Kan baranaan nu ga'e	
Kan bara gereen nu haa ga'u	haa ga'u
Sanyiin nuuf haa qajeelu	haa qajeelu
Ilmoon nuuf haa baatu	haa baatu
Kadhannaan keenya nuuf haa milkaa'u	haa milkaa'u
Waaqayyo nurraa hin fagaatin	hin fagaatiin
Seerri uumaafi duudhaa nuuf haa tolu	haa tolu

Waaqni jahan bachoo nuuf haa tolu	haa tolu
Waaqni abbu keekkuu nuuf haa tolu	haa tolu
Waaqni dhugaa ganamaa	
Waaqni malkaa ganamaa	
Waaqni tulluu ganamaa	
Waaqni abdaarii ganamaa	
Kan du'eef jennata kenni	kenni
Aarsaa keenya waaqayyo haa jaalatu	haa jaalatu
Jaalatee nu haa fudhatu	haa fudhatu
Biyyi nagaa nuuf haa ta'u	haa ta'u
Kan baranaan nu gahe	
Kan bara gereetiin nu haa gahu	haa ga'u
Kanan ani hanqise waaqni itti haa guutu	haa guutu
Gadaan quufaa gabbina	gabbisi waaqi

Jennee waaqa uumaa keenya kadhanna.

(Obbo Wolqabaa Maracii, 27/07/2017).

Himtee manguddootaa armaan olii kanarraa wanti xiinxalame; Oromoon ykn hawaasni naannoo kanaa akkuma abdaarii irratti yeroo tolcha tolfatu maqaa waaqaa waamee kadhata malkaattis maqaa waaqaa waamee kadhachuu isaafi akka warri amantaa kana hin jaalanne jedhan sana seexana kan gabbaraniifi kan kadhata kan hin jirre ta'uu ragaa qorannoo kanaaf funaanameefi sakatta'iinsa taasifameen mirkanaa'eera. Uummanni Seexana Warri amantii alaa dhufaa jedhaniifi waaman maal akka ta'e waan beekan kan hin qabne ta'uu qorannoo kanaan bira gahameera. Uummanni kan beeku kan isaan jedhan kana osoo hin taane maqaa dhuma waaqaa waamee waaqa isaan uume tokkicha kadhachuudha.

Himtee: 10 Nuti quxusuu turre garuu Ayyaantummaan hangafa taane. Akka naannoo keenyaatti namni nu dura bu'ee qalus ta'ee eebbifatu hin jiru. Nutuu ooffaltii kenneefi manguddoonni jiran hangaafaafi quxusummaa isaanii eeggatanii walduraa duubaan eebbifatu malee abbumti arge hin eebbifatu.

(Obbo Daadhii Caakkaa, 27/07/2017).

Himtee manguddoonni naaf himan kana irraa akka walii galaatti wanti xiinxalame; uummanni naannoo kanaa walitti dhufee amantaa kaleessa maatiin isaanii amanaa turan akka kabajaa jiraniifi

akka naannoo isaaniitti hangafaafi quxusummaa eeggatanii qaama oofkaltii kennu irraa dursanii oofkaltii erga fudhatanii booda eebbifatanii kan waaqa isaanii kabajatan ta'uu hubatameera.

Himtee: 11 Duratti safuutuu jira. Yeroo ammaa kana safuu waan jedhamu hin jiru.

Dhaloonni ammaa manguddoofi beerren akka keenyaa kana kabajuun yaa hafuutii osoo jala buunee hallayyaatti nu gatuu barbaadu. Aadaa nuti abaabileefi akaakilee keenya irraa dhaallee har'aan geenye kana akka waan badaa ta'eetti ilaalu. Keessumaayyuu, waan akka calleefi caaccuu nuti morma keenyatti kaawwannee aadaafi eenyummaa keenya kaleessaa ibsannu nutti kolfu. Ashan-kitaabii mormatti dirattanii nuun jedhu.

(Aadde Baay'isee Duulaafi Bosee Booressaa, 27/08/2017).

Himtee yookaan yaada aadde Baay'isee Duulaafi Bosee Booressaa irraa kan hubatame; dhaloonni ammaa safuu dur uummanni naannoo kanaa qabu dhaloota jibbuufi aadaa isaaltee kan hin beekne akka jiruudha. Keessumaayyuu, manguddootaafi beerren naannoo jiran dhaloota ammaa biratti uffanni aadaa isaan kaawwatan/uffatan ykn calleeffiifi caaccuun isaan morma isaaniitti godhatan akka waan jibbisiisaa ta'eetti kan fudhataniifi kan tuffatan ta'uu isaati.

Haala Amantaa Ummata Aanaa Bachoo yeroo durii: ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota ganda Baatuu Birrachaa, Shaankur Xaraqoo, Simbirroo Cirrachaa fi Jaatoo waliin taasifame irraa wanti xiinxalame: Uummanni dur akkuma naannoo naannoo isaatti amanti qabu waliin tokkummaadhaan walitti dhufee jaalala guddaadhan gaggeeffachaa kan ture ta'uu; hawaasummaan uummanni yeroo durii waliin qabu: gadda, gammachuu, amantaa, aadaa, duudhaa, barsiifata, kadhannaa waaqaa lafaa, sirna bulmaataa, safuufi safeeffannaa qaban wal barsiisaafi walirraa barachaa kan turan ta'uu ragalee manguddootaa irraa hubatameera.

Haala Amantaa Ummata Aanaa Bachoo yeroo ammaa: ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota waliin taasifameen akka durii sanatti uummanni jaalalaafi tokkummaadhaan walitti dhufee amantaa isaa gaggeessaa kan hin jirreefi amantaa adda addaa keessa galee isa dur sana dhiisee amantaa isaa amma qabatee jiru caalchisuun kan durii sana akka waan faayidaa hin qabneetti ilaalcha hin taane agarsiisaa kan jiran ta'uu yaada manguddootaa kana irraa hubachuun danda'ameera. Kana malees, dargaggeewwaniifi shamarran naannoo kanaa ilaalchi isaan amantiifi aadaa durii abaabileefi akaakilee irraa abbootiin isaanii dhaalanii asiin ga'an akka waan barbaachisaa hin taanee fi qarooma yeroo ammaa faana deemuu hin dandeenyetti kan fudhatan jiraachuufi manguddootaafi beerreniifillee kabanyi isaan kennan gadi bu'aa ta'uu isaa yaada manguddootaa irraa xiinxalamuun

danda'ameera. Dhaloonni ammaa akkaataa kanaan ilaalcha kana qabatee itti fufnaan adeemsa keessa uummanni Oromoo naannoo kanaa eenyummaa, aadaa, seenaa, barsiifata, safuufi safeeffannaa, kabaja, duudhaafi amantaa isaa kan kaleessaa gatee amantaa alaa dhufaatiin liqimfamuun isaa waan oolu hin fakkaatu. Kanaaf, dhaloonni ammaa eenyummaa isaa isa durii hubannoo akka argatuuf kallattii adda addaatiin ilaalcha amma isaan qabatanii jiran kana jijjiiruufi akka hin banneef qaamni dhimmi ilaalu hundi xiyyeeffannoo itti kennuun irratti hojjachuun daran barbaachisaadha.

4.2.1. Haala Amantaa Aanichaa

Amantaan wanta tokko dhugaadha yookaan sirriidha jedhanii sammuu ofii amansiisuudhaan ofitti fudhachuudha. Akkuma kana Oromoon Naannoo kanaas Amantaa mataa isaa akkuma Oromoota naannoo biroo ni qaba. Amantaan namni tokko wanta tokko irraa ilaalcha qabu yeroo hedduu hawaasaan fudhatama qaba. Kana keessaa tokko safuudha; Safuu hawaasaa cabsuun ammoo hawaasa irraa Amantaa dhabuudha. Safuun Uummata tokkoo sammuu Uummata sanaa keessaa madda. Fkn, akka Aadaa Oromootti, ilmi abbaaf safuudha. Abbaanis ilmaaf safuudha. Haati intalaaf safuudha; intallis haadhaaf safuudha. Akka Naannoo Aanaa Bachootti uummanni Amantaa cimaa qaba jechuun ni danda'ama.

Akkuma durii namoonni tokko tokko darbanii darbanii qabeenya namoota adda addaa yeroo fudhatan Uummata naannichaa walitti qabanii akka Aadaa Abbaa Oromootti waliif qulqullaa'aa jedhanii jaarsaafi jaarti, shamarraniifi dargaggeewwan jiran yaasuun Meeshaalee Ulfoo Oromoo Manguddoota seera raawwachiisuu danda'aniin baachisanii dhugaa qabeenya nama bade baasu. Namoonni dhoksaan waan namaa fuudhanis gochaa kana osoo beeknuu yoo kakanne dhala keenyaaf gaarii miti jechuun dhugaa baasu. Qabeenya namaa sanas waan manguddoon itti mure tilmaama isaa kennu. Amantaan kun har'allee akka naannoo kanaatti namoonni wal amananii walfaana jiraachuufi qabeenya namootaa tiksuu keessatti shoora guddaa taphachaa jiru.

4.2.2. Haala Amantiilee Aanichaa

Uummanni Aanaa Bachoo keessa jiraatan sabaafi sab-lammoota garaa garaati. Sabaafi sab-lammoonni akkasumas, Uummanni Oromoo Aanaa kana keessa jiraatu Amantii adda addaa hordofu. Akka Aanaa kanaatti amantiileen hawaasni hordofan: hordoftoota Amantii waaqeffannaa, hordoftoota Amantii Ortodoksii, hordoftoota Amantii Islaamaafi hordoftoota Amantii Pirootestaantiifi kkf. Uummanni aanaa bachoo akkuma amantii amantii isaatti bakki amantii mataa isaa itti gaggeeffatu kennameefii waan jiruuf hunduu hordoftoota isaa akkaataa fedhii isaatti waan

barbaadu barsiifata. Akka aanaa bachootti amantiin dhiibbaan siyaasaa irra jiruufi akka fedhasaatti hordoftoota isaa barsiifachuu hin dandeenye hordoftoota Amantii Waaqeffannaa qofa. Akka aanaa bachootti hordoftoonni Amantii Waaqeffannaa uummata isaan hordofu ifatti akka warra kaaniitti barsiisuuf mirga walqixaa argachuu hin dandeenye. Kun ammoo, dhiibbaan kaleessa uummata Oromoofi amantaa isaa irra gahaa ture ilkeen isaa Uummata Oromoo Aanaa Bachoo keessaa buqqa'ee kan hin bahin ta'uu isaa bal'inaan agarsiisa.

4.2.3. Bakkeewwan Amantaafi Amantiilee Aanichaa

Uummanni naannoo kanaa bakka waaqa isaa itti galateeffatu yookiin kadhatu ni qaba. Uummanni Oromoo kanneen Amantii Waaqeffannaa hordofaniifi hin hordofne aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa kanneen beekan Malkaa, Tulluu Naannoo isaaniitti argamuufi Qe'ee isaaniitti Abdaarii isaanii irratti waaqa uumaa isaanii kadhatu. Kana malees, hawaasni yookiin sabaafi sab-lammoonni naannoo Aanaa Bachoo keessatti argaman kanneen Amantii adda addaa hordofan akkaataa Amantii Amantii isaaniitiin akka Ortodoksiitti bakka bataskaanni ijaaramee jirutti, akka Amantii Islaamaatti ammoo Masgiinni bakka ijaaramee jirutti, akka Amantii Pirootestaantiitti galmaafi manneen nama dhuunfaatti akkasumas, guyyaa gabaa karaa uummanni deemu irra dhaabbatanii kan waaqeffataniifi lallabaniidha.



Suuraa2: Malkaa Ganjii Daangaa Tullu Booloo 02 ykn ammoo yeroo ammaa Ganda Burqaa jedhamee waamamuufi Ganda Kaarraa Saddeeq gidduutti argamu kan qorataadhaan gaafa guyyaa 9/08/2017 kaafame.

Himtee: 12 Lafti iddoon Amantii kun itti argamu duriin isaa wantaa Qanya’aa Baraddaan jedhamu keessatti argama jedhu manguddoon dur.Kuunnoo isa san ammoo Xabala jennaani jedhan quba isaaniitiin natti agarsiisaa.Ho’aa waan ta’eef Xabala Ho’oo jedhee waamaa ture hawaasni naannoo kanaa.Har’ammoo waggaa lamayyuu hin guunne isa durii kana maqaa lawwaxanii Burqaa jedhanii maqaa haaraa kennaniifii gandoota magaalaa keessaa tokko ta’ee amma Ganda Burqaa jedhanii waamaa jiru.

(Obbo Biifaa Maracii,30/09/2017)

Himtee obbo Biifaa Maracii kana irraa kan hubannu iddoo kaleessa uummanni Oromoo naannoo kanaa xabala ho’ oo jedhee maqaa baasefii itti tajaajilamaa ture har’a ammoo maqaa sana jijjiiranii burqaa jedhanii moggaasuun kan mul’ ate ta’uu isaati.Maqaan moggaafame maqqqdhuma

Oromoon beeku ta’u illee waan kaleessa mataa uummataa keessa jiru sana balleessanii kan ofii barbaadaniin moggaasuun barbaachisaa hin turre.



Suuraa3: Xabala ho’oo kan durii yeroo ammaa dhagaan duuffamee sararri irraa hojjatame. Ganda Tullu Boolloo 02 akka yeroo ammaatti ganda Burqaa jedhamee moggaafame keessatti Kan argamu kan gaafa guyyaa 21/09/2017 qorataadhaan kaafame.

Himtee: 13 Dur akka ammaa amantaan adda addaa osoo biyya guutuu hin fudhatin Oromoon naannoo kanaa walii galteedhaan walitti dhufee waaqa kadhata. Egaa kanan amma ani harkaa qabu kun yeroo Mootummaa Hayilasillaasee kan ture; Amma akka durii sana erga Dargiitii kaasee Dargii keessallee xiqqoo xiqqoo malkaafi abdaarii irratti qalaa turani. Amma hin jiru; Oromoon mana mana isaatti garuu gadi hin dhiifne. Yoo laga bu’ee qale maal hojjata jedhamee gaafatama. Gidiraa hojjate jedhu; maalan beekaa. Oromoon garuu Waaquma isa uume galateeffatee kadhannaa isaa waaqatti himatarraan kan hafe gidiraa biraa

hojjachuu hin beeku. Garaan isaa qulqulluudha; daba nama irratti yaaduu hin beeku.
(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017).

Himtee manguddoo armaan olii kana irraa hubachuun kan danda'amu Oromoon dur bakka amantaa isaa waloon itti gaggeeffachaa ture akka qabuufi yeroo ammaa ammoo bakki uummanni waaqa isaa waloodhaan itti kadhatu akka hin jirreefi qabiyyee nama dhuunfaa ta'ee akka jiruudha. Kanamalees, uummanni naannoo kanaa dur fayyummaa isaa eeggachuuf bishaan ho'aa lafa keessa maddu/burqu kan naannoo isaa jiru fayyadamaa kan ture yoo ta'u har'a akka durii sanatti itti fayyadamuuf mirga kan hin qabneefi harka namaatiin sa'aatii barbaadametti banamee sa'aatii barbaadametti kan cufamu ta'uu sakatta'a taasifameefi xiinxala ragaalee manguddoota irraa argameen hubachuun danda'ameera.

Himtee: 14 Akka abbootiin keenya nutti himanitti ummanni naannoo kanaa osoo bataskaanni baalawaldii jedhamu naannoo kanatti bara 1970 hin ijaaraminiin dura bakka Abdaarii Qoree Ilaalaa jedhamuufi Malkaa Cirrachaa jedhamutti waaqa kadhachaa akka turan dubbatu. (Obbo Qananii Aagaa, 12/06/2016)

Himtee obbo Qananii Aagaa kana irraa akka hubatamutti uummanni naannoo kanaa osoo amantiin Ortodoksii naannoo isaanii hin dhufiniin dura waggaa dheeraadhaaf uummanni malkaafi abdaarii naannoo isaa jirutti waaqa kadhachaa kan ture ta'uu isaati. Har' a garuu uummanni naannoo kanaa harki caalaan amantaa Ortodoksii bataskaana naannoo sanatti ijaarametti waaqessaa kan jiru ta' uu isaa qorannoo kanaan bira gahameera.

Himtee: 15 Abdaariin Qoree Ilaalaa kun durii isaa osoo Dargiin hin galin dura wantaa warra Elemoo Miniinii jedhamu keessatti argama. Erga Dargiin gale irraa kaasee hanga har'aatti ammoo wantaa warra Ayyaano Guduree keessatti argama. Haata'u malee, bakki abdaariin irratti argamu kun qabeenya nama dhuunfaa osoo hin taane qabeenya waloo uummata naannoo kana jiran hundaati.

(Obbo Iddeessaa Naggasaa, 29/05/2016).

Himtee Obbo Iddeessaa Naggasaa kana irraa wanti xiinxalame; yeroo dargiin galu lafti namoota beekamoof kennamuu isaafi iddoon Abdaariin kun itti argamu dargiin dura wantaa Elemoo Miniinii yoo ta'u erga dargiin galee booda ammoo hanga har'aatti wantaa Ayyaano Guduree keessatti kan argamu ta'uu isaafi naannoon abdaariin kun irratti argamu ammoo namootaaf kan kanname osoo hin ta'in qabeenya waloo uummataa ta'ee hafuu isaati.

Obbo Turaa Daadhii Dabalee jiraataa ganda Simbirroo Cirrachaati. Ani amma umuriin kiyya ganna jahaatamii saddeeti jedhu.

Himtee: 16 Akka akaakileen keenya natti himetti Abdaariin Qoree Ilaalaa kun hammuma har'a gahu kana ga'a jedhan jedhu. Duratti naannoon kun qacaafi migira qofaatu laaftoo tokkicha kana waliin jira jedhan. Abdaarii kana jalatti Oromoon naannoo kanaa waggaatti si'a tokko yeroo tsoomii qabaa maallaqa walitti qabee hoolaa bitee tolcha tolfatee waaqa kadhata. Tolcha kana akka naannoo keenyaatti kan qalu bilicha. Abdaarii irratti qallee malkaa hin dhiifnu malkaa cirrachaattis erga abdaariitti qallee booda namoonni muraasni warra qaluufi mataa qabu waliin malkaatti qalanii achitti madhaa kottee mirgaa, cinaacha mirgaafi harka mirgaa irraa xiqqoo xiqqoo qofa muranii qammasanii foon qalame qabatanii gara Abdaariitti deebi'anii foon bakka lachittuu qalame walitti makuun eelee sibiilaa guddaatti waaddanii tartiibaan taa'anii mijuu waliin bakka taa'anitti qoodamaafi. Horii abdaariifi malkaatti qalame moora laaluun ummataaf ergaa dhaamu. Biyyi akkam akka ta'u; nagaa ta'uu, quufa ta'uu, beela ta'uu, waraana ta'uu/ lola ta'uu ibsuun uummanni akka tokko ta'ee waliin jiraatuufi gaariifi yaraa waliin dabarsuu akka qaban tokkummaan barbaachisaa ta'uu isaa barsiisu jedhu.

(Obbo Turaa Daadhii, 12/06/2016).

Himtee obbo Turaa Daadhii kana irraa akka xiinxalametti; uummanni Oromoo naannoo kana jiraatu duratti tokkummaafi marii kan qabu ta'uu ,naannoo kana abdaarii kana malee mukni marge akka hin jirreefi uummanni naannichaa qoree kana jalatti walitti dhufee dhibdee isaa kan furatuufi waaqa isa uume kan kadhatu ta'uu, moora horii qalee laaluun uummataaf ergaa kan dabarsan ta'uufi walii walii isaaniif kabajaafi jaalala kan qaban akkasumas, kan walirratti yaadan osoo hin taane kan walii yaadan ta'uu xiinxalameera.

Har' a garuu, uummanni akka duriisanatti garaa tokko godhatee aadaafi duudhaa isaa walirraa barachaa hin jiru. Afooshaadhuma tokko keessatti namoonni amantii adda addaa hordofan waan jiraniif namoonni ilaacha tokko hin qabani. Keessumaayyuu, dhaloonni ammaa waa' ee kabaja abdaarii gurraanuu dhaga' uu hin barbaadu; mukatti amannaa jechuun ilaalcha dogoggoraa qabatanii amantii alaa dhufaa faana deemaa kan jiraniifi maguddoota ammoo isin aadaa duubatti hafa durattii qabattanii gadi lakkisuu diddanii nuti maaltu isin waliin nu rakkisa dhaloonni jedhu yeroo ammaa dabalaa jiraachuu qorannoo kanaan bira gahameera.

Aadde Daraartuu Guutaa Ayyaanoo jiraattuu ganda simbirroo cirrachaati. Umuriin isaanii waggaa 75.

Himtee: 17 Ani Abdaarii Qoree Ilaalaa dhalannaan akkanumattan arge. Ani kanan ija kiyyaan arge akaakayyuun kiyya Abdaarii kana jalatti hoolaa qalee maatiifi nama karaa guddaa kana irra darbullee yoo irra dhufe goree nyaatee dhugee darba. Osoo goree nyaatee hin dhugin karaa sana darbanii hin deemani. Dur Baqqalaa Bayyanaatu qala. Kallachatu dur qe'ee isaaniitti bu'e jedhu. Namni isa dura qalu hin jiru manguddoo kabajamaadha. Tolcha kana yeroo raawwannu hangafti yoo qalu quxusuun mataa qaba. Akka naannoo keenyaatti malkaafi abdaarii kana irratti kan qalu Baqqalaa Bayyanaa Bantiiti. Isaan irraa Heey'ii Jiraanneefi Gammachuu Itichaatu sirna kana raawwachaa ture. Bara 2004 irraa kaasee akka duudhaa Orommootti hangafaafi quxusuu eeguun dhalaonni hangafaa ilmi obbo Heey'ii Jiraannee Alamu Heey'iifi ilmi ilmoo quxusuu obbo Gammachuu Itichaa Kabbadaa Tolasaa Gammachuu jedhaman maatiin isaanii waan du'aniif isaan bakka bu'anii hanga har'aatti sirna qalma kana raawwachaa jiru jedhu.

(Aadde Daraartuu Guutaa, 19/06/2016).

Himtee aadde Daraartuu Guutaa irraa kan hubatame; abdaarii qoree ilaalaa jalatti namni dhuunfaallee qalma qalee waaqa galateeffachuufi namoota naannoofi karaa deeman illee yoo itti dhufan nyaatanii dhuganii kan darban ta'uu, namoonni abdaarii kana jalatti tolcha uummataa qalan namoota uumaa qabaniifi hangafaafi quxusummaa isaanii eeggatanii sirnicha kan raawwatan ta'uudha.



Suuraa4: Gaaffiifi deebii gaafa guyyaa 29/07/2017 aadde Ayyalach Gammachuu waliin mooraa mana isaanii keessatti taasifame.

Aadde Ayyalach Gammachuu Xiiqoo jiraattuu magaalaa tullu boolloo ganda 02ti. Umuriin isaanii waggaa jahaatamii lama (62).

Himtee: 18 Amma bara darbe irraa kaasanii ganda burqaa jedhanii maqaa haaraa itti moggaasani. Nuti akka naannoo keenya kanaatti dur bakka amantaa itti gaggeessinu ni qabna. Tulluu Ganjiifi Malkaa Ganjiiti. Naannoodhuma tokkotti argamu. Abdaariittis malkaattis buna danfifannee shuummoo affeellee achitti waaqa kadhachaa turre. Har'a iddoon isaayyuu qofforamee bade. Biyyootuu qofforamee makiinaadhaan gurgurama. Iddoon amantaa kun duratti kabaja guddaa qaba; har'a garuu namni waa'ee kanaa sammuutti yaaduu hin jiru. (Aadde Ayyalach Gammachuu, 29/07/2017)

Himtee aadde Ayyalach Gammachuu kana irraa kan hubatame; akka naannoo isaaniitti malkaafi abdaarii naannoo isaaniitti argamutti buna danfisanii, shuummoo affeelanii waaqa kadhachaa kan turan yoo ta’u har’a garuu kana raawwachaa kan hin jirreeffii iddoon amantaa faayidaa adda addaatiif qofforamaa kan jiru ta’uu isaati.

Himtee: 19 Amma akka durii sanatti namoonni naannoo kanaa walitti dhufanii Abdaariifi Malkaa Ganjii irratti tolcha tolfachuun hafa dhufeera. Namoonni baay’een amantaa isaanii jijjiirrachaa waan jiraniif Aadaa durii sana namni leellisu baay’inaan hin jiru. Kan jiranillee manguddootaafi beerren waan ta’aniif isaan akka humna isaaniitti mijuufi irreecha qabatanii waggaatti Malkaafi Abdaarii dur itti amanan kana inuma irreeffatu. Manguddoon yoo nutti himan duratti nama Yaa’ii Galatee Odaa jedhamutu ture. Inni waan loon baay’ee qabuuf yeroo hundaa masqalatti okolee dhaabbata jedhu. Haati mana isaanii Dhiyanee Waaqayyoo Saanaa kan jedhamtu dubartii cimtuu Aadaa ishee sirriitti qabattee turte jedhu manguddoonni. Qe’ee warra Yaa’ii Galatee Odaa kana kallachaafi caaccuun waan jiruuf ani sirriitti hin beeku malee durii kaasee isaan warra hoodaati jedhanii dubbatu. (Aadde Joorgee Biqilaa, 12/07/2017)

Himtee aadde Joorgee Biqilaa kana irraa wanti xiinxalame; uummanni naannoo kanaa akka durii sanatti amantaa durii sana kan hin leellifne ta’uu, malkaafi tulluu dur kabajaniif kabaja kennuu dhabuu, dur namoonni hooda qabaachuufi warra hoodaaf kabaja kennamuu qabu akka durii sanatti kennaafii akka hin jirre ta’uu hubachuun danda’ameera. Haalli amma dhaloota irraa mul’atu kun biffaa kanaan hundee dheereffatee akka hin babal’anneef qaama garaa garaatiin dhaloonni osoo barsiifamee garii ta’a.

Obbo Guutaa Jifaar Obsee, obbo Nagaash Guddataa Beenyaa Ganameefi obbo Ijjataa Ajjaamaa Qorichaa jiraattota ganda shaankur xaraqooti. Manguddoonni kun umuriin isaanii walduraa duubaan waggaa saddeettamii afur(84), waggaa saddeettama(80)fi waggaa saddeettamii shani(85). Manguddoota kana waliin mana obbo Ijjataa Ajjaamaa kan magaalaa tullu boollootti argamutti beellamaan naaf argamani. Obbo Ijjataa Ajjaamaa sababa rakkoo nageenyaatiin mana jireenya isaanii kan baadiyaa gadi lakkisanii maatii isaanii waliin magaalaa tullu boollootti galani. Gaaffiifi deebiin manguddoota kana waliin taasiseen yeroo deebii naaf kennan akkana jechuun eegalan:

Himtee: 20 Gaarri shaankur wantaa Waacoo Elemaa Isseenaa keessatti argama jedhu. Tulluun shaankur lafa bal'aa wantaa sadi ta'u qabatee jira. Tulluun Shaankur waan adda isa godhu qaba. Egaa akka abbootii keenya darban irraa dhageenyetti namicha tokkotu ture; Boorana Qumbii jedhama. Akka nama ammaa kana qaalluu miti. Booranni danda'e hin deemu; Ulfaataadha jedhama. Waan Waaqni abjuudhaan halkan itti himu; ganama isaa Kormi loonii gaafa inni waa himuu barbaadu kana ganama obboroo horii keessaa oldeebi'ee bakka inni rafu barrii isaa dura dhaabbatee barooda. Yeroo kana uffata uffatanii ulee waddeessaa qabatanii itti gadi bahu. Kormi dhaabbatee hanga isaan manaa bahanitti eege yeroo isaan manaa bahan ni ciisa. Yeroo inni ciisu yaabbatanii dalluu isaa yemmuu qabatan bakka ciisuu ka'ee deemee bakka araddaa booranaa jedhamuun ga'ee ciisa. Isaan irraa bu'anii waddeessa qabatanii uffata ofii sirreeffatanii miilaan gaara shaankur koranii bakka dambii sanatti irreeffatanii deebi'u. Danbiin muka akka Odaati. Isuma jalatti tolcha tolfannee irreeffanna. Danbiin shaankur kanuma itti irreeffataniidha jedhu manguddoonni kun. Bosonni dur marges achuma jira. Bosonni ergasii margellee ammas akkasumatti jira namni iddoo sana dhaqu hin jiru. Namni naannoo sana yoo dhaqes baala tokko kutee fuudhee gara mana isaatti galu hin jiru; ni sodaatama. Nama qabatee hin deemu; qofaa isaa deema. Sagadee irreeffatee bakka kormi itti gate sanatti deebi'a. Hanga isaan sagadanii irreenfatani deebi'anitti kormi bakkuma isaan irraa itti bu'an sana dhaabbatee eegee yeroo isaan bira ga'an ciisee yemmuu isaan yaabbatanii dalluu isaa qabatan ka'ee gara mana isaaniitti deebisa. Malkaan Xaraqoos jira. Isattis tolcha ni tolfanna. Gaara shaankur irratti ji'a xiqimtii yoo tolcha tolfanne hiika barii immoo malkaa xaraqootti tolcha keenya raawwanna.

(Obbo Nagaash Guddataa, Ijjataa Ajjaamaafi Guutaa Jifaar, 30/08/2017)

Himtee manguddoota armaan olii kanarraa wanti xiinxalame: Akka aanaa bachootti gaarrewwan jiran keessaa gaarri shaankur akkaataan uumama isaa adda ta'uu isaa yaada manguddoonni kennan irraa hubachuun danda'ameera. Akka ganda Shaankuritti uummanni aadaa isaa eegee akka hangafummaafi quxusummaa isaaniitti bakka tolcha itti tolfachuu qaban walii qoodanii kan qaban ta'uu isaa hubatameera. Kanamalees, dhimmi Boorana Qumbii seenaa gaara shaankur kana waliin wal qabatee jiru qorannoo kanaan waan bira ga'uun hin danda'amneef qaamni dhimmi isaa ilaalu

qorannoo gadi fagoo gaggeessee dhaloota naannoo sanaafi Oromoo naannoo biraa jiruufillee akka seenaatti bifa barreeffamaan osoo kaa'ee gaariidha.



Suuraa5: Marii Garee gaafa Guyyaa 30/08/2017 Obbo Ijjataa Ajjaamaa Qorichaa, Obbo Guutaa Jifaar Obseefi Obbo NagaashGuddataa Beenyaa waliin mana obbo Ijjataa Ajjaamaa Qorichaatti taasifame.

Obbo Wolqabaa Maracii, Tashoomaa Guutaafi Daadhii Caakkaa bakka amantaa uummata naannichaa ilaalchisee gaaffii gaafatamaniif deebii yoo naa kennan akkana jedhu;

Himtee: 21 Nuti akka naannoo keenyaatti bakka amantaa durii kaasee kan abbootiin keenya nutti dabarsaniifi nutti himan jiru.Nullee amma waanuma abbootiin keenya gochaa turan sana gochaa jirra.Nuti kan beeknu kan manguddoonni nutti himan bakki amantaa beekamaan naannoo keenyaa Malkaa Kormaa, Malkaa Oromoo, Malkaa Barjaafi Abdaarii Jaatooti jedhu manguddoonni waa'ee bakka amantaa naannoo

isaanii Oromoon naannoo kana dur itti waaqa isaa waaqessuufi kadhannaa isaa itti taasisu. Durattiummanni naannoo kanaa jaalalaafi tokkummaadhaan bakka tokkotti walitti dhufee malkaafi abdaarii irratti rakkoon yoo jiraatellee rakkoo isaa furata. Bakka amantaa uummata aanichaa ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota waliin taasifame irraa kan hubatame uummanni naannichaa dur jaalalaafi tokkummaadhaan akkuma ganda ganda isaatti malkaa, tulluufi abdaarii ykn bakka dhibaayyuu kan qabaniifi amantaa isaanii kan kabajatan akkasumas, akkuma naannoo naannoo isaaniiitti tolcha kan tolfatanii waaqa isaanii kadhataniifi hariiroo cimaan gidduu isaanii kan jiru ta'uu isaa yaada manguddootaa irraa xiinxalameera.

(Obbo Wolqabaa Maracii, Tashoomaa Guutaafi Daadhii Caakkaa, 27/07/2017)

Himtee armaan olii kanarraa kan xiinxalame: Akka ganda jaatootti abaabileefi akaakilee isaanii irraa darbaa dabarsaan kan as gahe bakkeen uummanni naannicha itti amantii isaa gaggeeffachaa tureefi gaggeeffachaa jiru kan akka Malkaa Kormaa, Malkaa Oromoo, malkaa Barjaafi Abdaarii Jaatoo jiraachuu isaa sakatta'iinsa taasifameefi xiinxallii gaggeeffameen baaramuun daanda'ameera.

4.2.4. Dhiibbaa Amantiilee Alaa-dhufoo Naannoorratti

Himtee: 22 Naannoon keenya kun dur malkaafi abdaarii isaa irratti qalma qalee yeroo gammachuu qaban nyaatanii waliin dabarsuu malee waan biraa hin beekan. Yoo dhibeen adda addaa isa qabe xabala ho'oo kunoo asuma jiru kana dhiqatanii fayyu malee namni akka ammaa mana yaalaa deemu hin jiru. Har'a magaalaa xiqqoo kana keessa bataskaana sadituu jira. Dura bataskaana Iyyasuusii jedhamutu lafa xiqqoo olka'aa fakkaatu sana irratti ijaarame. Inni amma tureera. Itti aanee bataskaana Yohaannis jedhamutu naannoo hospitaala tullu boolloo jedhamutti ijaarame. Amma dhiyoo kana garuu humnumaan Xabala ho'oo kana biratti meetira kudhan kan hin caalle irraa siqanii bataskaana Mikaa'elaa ijaarratani. Amma maqaan durii sun hafa dhufee Mikaa'ela jechuu jalqabaniiru. Xabala isa duriis dhagaadhaan duuchanii bakka namoonni itti dhiqatan tuubboo galchuun sa'aatii barbaadan cufanii sa'aatii barbaadan bananii akka uummanni itti tajaajilamu gochaa jiru. Kaan ammoo ibsaan walqabsiisanii magaaladhaaf akka raabsamu ta'ee jira.

(Obbo Girmaa Gulummaa Tuujjii, 19/05/2017)

Himtee armaan olii kana irraa wanti xiinxalame: Uummanni naannoo kanaa dur osoo bataskaanni naannoo kanatti hin ijaaramin malkaafi abdaarii naannoo isaatti argamutti qalma qalee waaqa kadhaachaa akka tureefi dhibeen addaa addaallee yoo isa qabe xabalaa ho'oo/aartuu naannoo isaatti argamu yoo dhiqate dhibee irraa fayyaa akka ture baramaera. Yeroo ammaa kana amantaan Ortodoksii babal'atee mana amantii bakka uummanni itti tajaajilamaa ture irratti ijaaruun bakka sana akka uummanni akka fedhii isaatti akka itti hin tajaajilamne gochaa jiraachuu isaa baramaera. Kana malees, Uummanni amantii isaa dhiisee amantaa Ortodoksii akka hordofuuf baruumsa dogoggoraa kan aadaafi duudhaa hawaasaa faallessu baarsiisuun ilaalcha isaanii jijjiiraa jiraachuun hubatameera.

Himtee: 23 Akka ganda shaankuritti dhiibbaan amantaan adda addaa geessisaa jiru bal'inaan mul'achuu baatuuyyuu, bara 2014 Bataskaana Kidaanamiratii jedhamu gaara sadan keessaa gaara tussee jedhamu irratti fidanii ijaarani. Bataskaanni kun yaadhaabbatu malee seenaa qaba jedhu manguddoonni. Mucaa wayii kan ijaan hin agarre jira. Mucaa kana Mootummaan barsiiseera. Nama naannoo walitti qabee kaleessa taabonni xintii as jira jedhanii; maqaa taabotaa hin beekuu Giraanyitu balleessee deeme; dur achi keessaa kormaan Indaaqqoo hin iyyaa jedhee mucaan kun kaafnaan uummanni naannoo walitti yaa'ee duruu asii qabnaa jedhanii bataskaana kana gaara shaankur sadan keessaa isa qofaa bakka tolcha itti tolfannu irraa fagaatee gara bahaatti jiru irratti ijaarani. Yeroo dhiyoo ta'us dur sadeen shaankur kan jennu sun hafa jira. Amma uummanni naannoo sana jiru gaara shaankur jechuu dhiisee Kidaanamiratii jechuu jalqabeera. Dhaloonni jalaa dhufu waa'ee gaara shaankur waamuu osoo hin taane maqaa kidaanamiratii isa kaleessa dhaabbate waamaa guddata jechuudha.

(Obbo Ijjataa Ajjaamaa Qorichaa, 30/08/2017)

Himtee armaan olii kana irraa kan xiinxalame: Amantiin Ortodoksii bakka ulfoo uummanni Oromoo kabaja kennuuf irrati bataskaana ijaaruun seenaa bakka uummanni itti waaqeffatuu jijjiiruuf yaaluun kan jiru ta'uu; Uummanni naannoo amantaafi amantii isaa dhiisee akka amantii Ortodoksii fudhatee aadaa, kabaja malkaafi abdaarii, kabaja kallaachaafi caaccuuf qabu akka inni gatu gochuuf yaaluun kan jiru ta'uu ragaa argameefi sakatta'iinsa taasifaameen baraamuun danda'ameera. Kun immoo dhaloonni jalaa dhufaan seenaafi eenyummaa isaa dhiisee seenaafi eenyummaa saba biroo akka guddisuufi seenaa dogoggoraa dhalootaa dhalootatti akka darbaa deemu waan taasisuuf osoo qaama dhimmi isaa ilaaluun itti yaadamee gaarii ta'a.

Himtee: 24

Akka ganda simbirroo cirrachaatti yeroo ammaa amantaan peenxee /pirootestaantii/ jedhamu mana manaan ijoolleen waan itti nam'aniif maatiin akka durii sanatti amanatu hin jiru. Amantaa keenya abbootii irraa dhaalle sana itti fufsiisuun sadarkaa yaaddessaa irra jira. Dhaloonni ammaa kan maatiidhaa ajajamu osoo hin taane kan maatii ajaju ta'ee jira. Kun ammoo bu'aa amantaan biyya ormaa nutti fideedha malee Aadaa keenya kaleessa abbootiin keenya nu barsiisaa turanii miti. (Obbo Iddeessaa Naggasaa, 29/05/2016)

Himtee armaan olii kana irraa kan xiinxalame; Aadaa, duudhaa, amantaafi safuufi safeeffannaan uummanni naannoo kanaa dur qabu sababa amantii alaa dhufaatiin dhaloonni eenyummaa isaa isa ganamaa barachuu caalaa amantii alaa dhufaa lallabuu filachaa jiraachuu; hangafaafi quxummaa eeggachuun baduufi hadhaafi abbaa salphisuun babal'achaa kan jiru ta'uu ragaafi sakatta'iinsaa godhameen baramaera. Kun immoo yeroo gabaabaa keessatti fala hin argatu taanaan aadaa, amantiifi amantaa, kabaja ykn ulfina, safuufi safeeffannaa kaleessaa dhaloota ammaa barsiisanii deebisuun daran kan nama yaaddessuudha.

Himtee: 25 *Akka ganda jaatootti yeroo ammaa amantaan adda addaa kan jiru yoo ta'u; Uummanni naannichaa amantaa isaa kaleessa hordofaa ture akka dhiisee amantaa amma dhufe kana fudhatee isaan faanaa waaqeffatuuf ganda keessa deemanii barsiisaafi aadaafi amantaa kaleessa abbootiin keenya hordofaa turan nu harkatti busheessaa jiru.* (Obbo Wolqabaa Maracii Yaaddessaa, 27/07/2017)

Himtee armaan olii kana irraa kan xiinxalame: Akka ganda Jaatootti dhaloonni ammaa aadaa, duudhaa, amantaafi amantii uummanni durqabatee asiin gahe caalaa amantii alaa dhufaa leellisaaifi jajaa kan jiru ta'uu isaa xiinxalliifi sakatta'iinsa godhameen hubachuun danda'ameera.

Dhiibbaa amantaan adda addaa bakka seena qabeeyyii ta'an irraan ga'aa jiru ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota naannoo waliin taasifame irraa kan xiinxalame: Akka aanaa bachootti bakka uummanni dur itti tajaajilamuufi waaqeffatu biratti amantaa biraa fidanii ijaaruun maqaa naannoo sanaa kan kaleessa jiru jijjiiruuf yaaluun kan jiru ta'uu hubatameera. Kanamalees, aadaafi duudhaa akkasumas, amantaa uummanni kaleessa hordofaa ture harkatti busheessuufi akka waan miidhaa geessisuutti dhaloota ammaa barsiisuuf yaaluun bal'inaan kan jiru ta'uu isaa yaada manguddootaa irraa hubachuun danda'ameera. Dabalataanis, akka aanaa bachootti tulluuwwan seenaa qabeeyyii ta'an qofforamanii baduun dhaloonni haaraan uumama dur ture ijaan argaa guddachuun hafee akka seenaatti ykn himteetti dhaloota dhufu dhaalchisuuf deemamaa kan jiru ta'uu isaa yaada manguddootaan kenname irraa xiinxaluun ykn hubachuun ni danda'ama.

4.3. Haala Moggaasa Bakkeewwan Amantaa Aanichaa.

Haala moggaasa bakka amantaa naannoo isaanii jiru yeroon gaafadhetti akkana jechuun deebii naaf kennuu jalqaban obbo Kumsaa Ammasaa:

Himtee: 26 Malkaan Ganjii egaa waan irraa ka'ee moggaafame sirii masaratii lagni kun laga ho'aa bitaa sooddoofi Ganjiin maccaa gadi dhufee lachuu wal da'e. Uumaa qaba, nama keenyafuu, sa'a keenyafuu, akka nuu tolu itti qalla, itti hirreeffanna jedhu manguddoonni durii naannoo kana turan. Bakki lagoonna lamaan itti waldahan/ wal qunnaman/ kun namaafis ta'ee horiidhaaf gamaa gamanaa walitti ce'uuf iddoo mijataa diriiraa waan ta'eef malkaa ganjii jedhanii moggaasan jedhu akaakileen keenya dur yoo nutti himan. Naannoo malkaa ganjii kanatti tulluun nuti yeroo malkaadhaa ol deebinu itti hirreeffannu jira. Lafumatu ol bokokee jira. kanumaaf tulluu ganjii itti qalu, warri qaalluu jira jedhu, isaan gololee jedhu jechuun naaf himan.

(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017).

Himtee armaan olii kanarraa kan xiinxalame haalli moggaasa malkaa ganjii lagoonna lama iddoo itti walitti makaniifi bakka diiriiraa malkaa namni ce'uu danda'uufi bakka obaa loonii waan ta'eef malkaa ganjii jedhamee akka moggaafame ragaa funaanameefi xiinxalameen bira gahameera. Kanamalees, tulluun ganjiis iddoon isaa sababa lafa naannoo Sanaa irraa olka'aa ta'eef tulluu ganjii jedhamee akka moggaafame ragaa manguddoota irraa argameen baramera. Dabalataanis, malkaan uumaa kan qabuufi tolchi ykn qalmi itti qalamee waaqni kan galateeffatamu ta'uu qorannoo kanaan sakatta'a taasifameen baramera.

Obbo Qananii Aagaa Caakkaa waa'ee moggaasa abdaarii naannoo isaanii jiru yoo naaf himan akkana jedhu:

Himtee: 27 Seenaa isaa kanan dhaga'e Madaksaa Qorichaatu bakka abdaarii qoree ilaalaa jedhamu kanatti dur korma qalee osoo biyyaa waliin foon nyaachuuf qophaa'aa jiranuu Xaliyaaniin meeshaa gurguddaa dhukaasaa naannoo sana darbaa jirtu dhaga'ee biyyi baqate. Inni immoo foon laaftoo irratti ol guuree goggogsee laaftoo sana irra taa'ee akka xaaliyaaniin naannoo sana irraa fagaatte deemte ilaalee erga mirkaneeffattee booda uummata walitti dachaasee qoonxaa foonii qoree irraa guuree biyyaaf laate jedhu. Maqaa Qoree Ilaalaa jedhu kanallee kanarraa ka'eet moggaafame jedhu manguddoonni malee waan biraa waan nuu

himan hin qaban.waa'ee moggaasa abdaarii qoree ilaalaa yeroo naaf himan.
Abdaariin Qoree Ilaalaa mana amantaa baalawaldii cirrachaa jedhamu kan
naannoo keenya kanatti ijaarame dura waggaa dheeraa jiraachuu isaafi uummanni
naannoo kanaa waggaa dheeraadhaaf tolcha itti tolfachaa akkasumas, waaqa jalatti
kadhachaa akka turan dubbatu manguddoonni yeroo nutti himaa turan malee kana
irraa ka'amee maqaan kun kennameef kan jedhu namni natti himee waanan gurra
kiyyaan dhaga'e hin qabu jedhu. (Obbo Qananii Aagaa, 12/06/2016)

Himtee kanarraa kan xiinxalame uummanni naannoo kanaa dur tokkummaafi jaalala guddaa walii
walii isaaniif kan qaban ta'uu; mariifi walii galteedhaan walitti dhufanii waaqa isaanii kabajaa kan
turan ta'uufi akkaataadhuma Oromoon naannoo kanaa kabajaaturetti kabajuu malee abdaariin
naannoo isaanii maal irraa ka'ee maqaan kun kan kennameef akka ta'e kan hin beekne ta'uu
xiinxallii taasifame irraa beekameera.Kun immoo dhaloonni naannoo isaanii haala gariin barachaa
akka hin guddanne waan taasisuuf gara fuulduraatti xiyyeeffannoon qoratamee dhalootaaf darbuun
barbaachisaadha.

Himtee: 28

Haala moggasa Gaara Shaankur ilaalchisee manguddoon yeroo ibsan;

Jalqaba isaa Gaarri shaan kur eenyuun akka waamameefi maaliif shaankur
akka jedhame waan nutti himan hin jiru.Gaara Shaankur kanuma jedhamu
dhageenye.Dur garuu gaarri kun tokko ture amma sadi.Sadeen shaankur jenna
malee shaankur qofa jennee hin waamnu.Lafa gaarri shaankur irra jiru kana
namoonni lama irratti wal karakkaranii namni tokko uffata namaa ergifatee
uffatee mana isaa dhiisee mukarra bulee barii misikkirii dhaqee daba
masakkare.Shaankur Sadeen kan jedhame gaafa kana gaarri tokkichichi bakka saditti
qoodame jedhu manguddoonni dur yoo nutti himan.Gaafa qoodamu warri kana
walfalman zariin isaanii Roobeedha.Akka Shaankur addaan bahetti mataan koo gargar
addaan yaa ba'u jedhe.Waan kana Waraana Qumbii kan jedhamu abjuun argee sadeen
sooddootti ergee tolcha akka tolfatan itti hime.Guyyaa sanaa kaasee shaankur irratti
gosa Odituutu tolcha tolfata; as irratti kan qalamu korma.Ciinnana Saaraatti immoo
Tum'etuu tolcha tolfata; iddoo kanatti kan qalamu dullacha sa'aati.Malkaa Bookaatti
kan tolcha qalu gosa Liibani; asitti kan qalamu immoo goromtii hoolaati jedhu
manguddoonni kun waa'ee gaara shaankur yeroo naaf himanitti.

(Obbo Nagaash Guddataafi Obbo Guutaa Jifaar, 30/08/2017).

Himtee kanarraa akka xiinxalametti; Gaarri shaankur duriin isaa eenyun akka moggaafameefi maal irraa ka'amee maqaan kun akka moggaafameef manguddoota irraa ragaan kana ibsu argamuu hin dandeenye. Gama biroottiin immoo Gaarri shaankur yeroo ammaa Sadeen Shaankur jedhamee akka waamamuufi sababiin sadeen shaankur jedhamuuf immoo gaarri kun bakka saditti qoodamee waan jiruuf sadeen shaankur jedhamee akka waamamu ragaa manguddoota irraa argameefi sakatta'iinsa tasifameen beekameera.

Akka Ganda Jaatootti Moggaasa Maqaa malkaa kormaa, malkaa Oromoo, malkaa Arbaafi Abdaarii Jaatoo ilaalchisee gaaffiifi deebii Manguddoota Naannoo waliin taasifameen:

Himtee: 29

haala Moggaasa Bakkeewwan Amantaa kanaa maal irraa ka'ee akka moggaafame waan beekaniifi dhaga'an kan hin qabne ta'uu dubbatu. Akka manguddoonni kun jedhanitti akkaataadhuma maatiin isaanii itti waaqa kadhachaa turan dhaaluu irraa kan hafe eenyu akka malkaawwan kanaafi abdaarii kana moggaase hin beeknu jedhan.

(Obbo Wolqabaa Maracii, Tashoomaa Guutaafi Daadhii Caakkaa, 27/07/2017).

Himtee kanarraa kan hubatame uummanni naannoo kana durumaa waa'ee moggaasa bakkeewwan ulfoo manguddootarraa qorachaa kan hin turre ta'uufi moggaasa bakkeewwan ulfoo kana maal irraa ka'ee akka moggaafame dhalootaafillee dabarsaa kan hin jirre ta'uu isaati. Akkaataadhuma abaabileefi akaakileen isaanii dur iddoo ulfoo kana itti kabajan qofa ilaalaafi shaakalaa ofiifif kabajaa kan jiran ta'uu isaa ragaalee funaanaman irraa sakatta'aan bira gahameera.

Haala moggaasa bakka amantaa uummata naannichaa ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota naannichaa waliin godhame irraa wanti xiinxalame: Akka ganda Baatuu Cirrachaatti moggaasni malkaa ganjii bakka lagni lama itti walga'uufi bakka diriiraa uummanniifi loon ittiin ce'an ta'uufi tulluun ganjii ammoo sababuma lafti lafa kaan irra olkaa'aa ta'eef kan moggaafame ta'uu yaada manguddoo irraa xinxalameera.

Haala moggaasa gaara shaankur ilaalchisee yaadonni lama kan jiran yoo ta'u; tokkoffaa durii isaa maal irraa ka'amee akka shaankur jedhame manguddoonni kan hin dhaga'in yoo ta'u; lammaffaan immoo gaarri shaankur "Shaankur Sadeen" kan jedhameef immoo gaarri shaankur tokko ture bakka saditti qoodamuu isaa irraa kan ka'e shaankur sadeen jedhamee akka moggaafame qorannoo kanaan mirkaneeffameera..

Akka ganda Simbirroo Cirrachaatti Abdaariin Qoree Ilaalaafi Malkaan cirrachaa sababa maaliitiin akka moggaafame wanti beekame hin jiru. Manguddoonni dhimma kana ilaalchisee yaada naaf kennan isaanis manguddoota irraa waan dhaga'an kan hin qabne ta'uufi isuma kana dhaga'uu isaanii jecha isaan kennan irraa mirkaneeffameera.

Akka ganda Jaatoottis waa'ee malkaa kormaa, malkaa arbaa, malkaa Oromoo akkasumas, abdaarii jaatoo ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota waliin taasifameen maqaa kana dur warri naannoo kana jiran kanuma waaman dhaga'uu isaanii malee maal irraa ka'anii maqaa kana akka moggaasan manguddoota irraa waan dhaga'an kan hin qabne ta'uu isaa naaf himan. Kanaaf, manguddoonni amma jiranis malkaafi abdaarii naannoo isaanii jiru kana itti amanuu malee moggaasa maqaa isaanii kan hin beekneefi dhalootafillee waan dabarsan kan hin qabne ta'uu yaada manguddoota kanaarraa hubachuu danda'ameera. Kun immoo dhaloonni haala uumamaafi moggaasa bakkeewwan ulfoo beekuu dhabuun isaanii gama tokkoon seenaa naannoo sanaa badaa akka deemu gochuu keessatti shoora guddaa taphachuu danda'a waan ta'eef qaamni dhimmi isaa ilaalu marti irratti hirmaatee qorannoo barbaachisaa ta'e gaggeessee dhalootaaf seenaa kaa'uu qaba.

4.4. Haala Qabiinsa Bakka Amantaa Uummatichaa, Kaleessaafi Har'a.

Himtee: 30 Dur durii osoo bataskaanni hin dhaabbatin qe'ee isaatti Oromoon naannoo kanaa bakka amantii isaa waliin eegaa ture. Akka qabeenya walootti ilaalu malee kiyya kiyyaan hin jiru. Nuti umurii keenya kanan kan dhaqqabne Bataskaanni Iyyasuusii ijaaramee osoo namni itti hin awwalamin waggaa shan taa'e; akka ammaa kanas duuti hin baay'atu. Hanga yeroo dhiyootti hawaasni naannoo kanaa daa'imti yoo jalaa duute bataskaana hin geessan; naannoo mana isaa qe'eedhuma isaatti awwaalee bakka awwaalchaa garuu akka yaadatamuuf muka irra dhaabanii dallaa itti ijaaru. Iddoo awwaalchaa sanaaf kabaja waan kennaniif kana godhu. Iddoo kana hin qotani safuudha. (Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017fi Biifaa Maracii, 30/09/2017).

Himtee armaan olii kanarraa kan xiinxalame

Himtee: 31 Dur Oromoon naannoo kanaa abdaarii, malkaafi tulluu irratti waaqa kadhatuuf kabaja guddaa kenna naannoo sana hin qotan. Namni dhuunfaadhaan iddoon kun kiyya jedhee dubbatus hin jiru. Hunduu waloodhaan itti fayyadama. Keessumaayyuu, Oromoon naannoo kanaa loon horsiisuu waan jaalatuuf marga naannoo malkaafi tuluutti margu gurmuudhaan tikfatu. Loontu masqala nuuf godhe jedhu; Okolee dhaabbatu; Okolee dhaabbachuun marqaa marquu, elamtuufi okolee guutanii akka

ollaa wal ga’utti guutanii gadi qaqqabanii, mijuu guutanii ollaa waliin akkanaa eebbifatu:

Masqala baranaatiin kan nu geese	
Kan bara gereetiin nu ga’i	ga’i
Saani diriiraa horaa	hora
Mooraan jalaa siqxii	siqxi
Isaan horanii itti siquu	siqu
Jabbileen guddattii	guddatti
Goorana guuttii	guutti
Gooranni jalaa siqaa	siqaa
Jabbilee wajjin siquu	siqu
Kan nu jenne waaqni yaa jedhu.	Yaa jedhu.

Kun kanan dur maatii kiyyarraa dhaga’e jedhu; yeroo natti himan. Ittuma fufuudhaan iddoon amantaa uummataa kun har’a safuu dhabee namoonni aadaafi duudhaa isaanii kaleessaa sana gatanii waan namoonni amantaa adda adda itti lallaban qabatanii bakka silaa kaleessa itti kadhachaa turre sana qabeenya dhuunfaa godhatanii qotanii balleessaniiru. Anbaartuun jirtu waan akaakayyuufi abaabayyuu keenya irraa dhufe irreessa qofatu hin hafini. Innuu muraasani; xiqqaatuyyuu dhiiris dubarris akka durii sanas yoo ta’uu baate guyyaa irreecha masqalaa sana malkaa bu’anii irreeffatanii galu. Malkaa Ganjii bakka dur nuti tolcha itti tolfannu makiinaadhaan naannessanii qofforarii balleessaa jiru. Akka durii sana uummanni bal’inaan osoo kan irratti hirmaatu ta’ee iddoon dhaabbittuu hin argamu. Dhiyeenyuma kana waggaa kudhan kan hin guunne bakka xabalaa ho’oo jedhamu bataskaana mikaa’elaa fidanii irra dhaabbatani. Kuunnoo bataskaana kana jedhu obbo Kumsaan quba isaanii kallattii bataskaana ijaarameetti akeekanii ykn agarsiisanii. (Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017)

Himtee armaan olii karraa kan xiinxalame Uummanni ganda baatuu akka ammaatti ammoo magalaa tullu boolloo ganda Burqaa jedhamutti kan argaman



Suuraa 6: Bataskaana Mikaa'elaa Yeroo ammaa xabala ho'oo biratti ijaaramee jiru ganda tullu boolloo 02 ykn immoo akka ammaatti ganda Burqaa jedhamee moggaafame keessatti kan argamu gaafa guyyaa 21/08/2017 qorataadhaan kaafame.



Suuraa7: Xabala ho'oo yeroo ammaa bifa kanaan tajaajilaaf oolaa jiru;ganda tullu boolloo 02
ykn immoo akka ammaatti ganda Burqaa jedhamee moggaafame keessatti kan argamu
gaafa guyyaa 21/08/2017 qorataadhaan kaafame.



Suuraa8: Gaara ganjii kan ganda tullu boolloo 02 akka yeroo ammaatti ammoo ganda Burqaa jedhamee moggaafame keessatti argamu yeroo ammaa qoffarammee hallayyaa ta'e; gaafa guyyaa 9/08/2017 qorataadhaan kaafame.



Suuraa 9: Gaara Qonyee Daangaa magaalaa tullu boolloofi kattaa insilaalee irratti argamuufi Yeroo ammaa sadarkaa gaarummaa isaa dhabee hallayyaa ta'aa jiru. Gaafa Guyyaa 12/11/2017 qorataadhaan kaafame.

Himtee: 32 *Haalli qabiinsa iddoo amantaa Qoree Ilaalaa Dur uummanni naannoo kanaa bakka amantaa uummataa kanaaf safuufi kabajaa guddaa kennaafi. Yeroo Abdaarii kana biraan darbu illee marga kutee irreeffatee karaa deemuuf akka milkaa' uuf waaqa kadhatee bira darba. Har'a garuu wanti akkasii sun hin jiru. Yoo jaarsaafi jaartii warra amantaa kaleessaa qabatanii jiran ta'e malee isaan amantaa jijjiirratan warra marga kutee irreeffatutti kolfaa har'as hin jijjiiramtanii? bakkuma kaleessaa jirtuu jechuun itti qoosu jedhu.* (Obbo Qananii Aagaa, 12/06/2016)

Himtee: 33 Abdaarii Qoree Ilaalaafi Malkaan Cirrachaa duratti kabaja guddaa qaba.

Manguddoonni duratti yeroo nutti himan malkaafi abdaarii waaqatu nuu uume; nuti immoo abdaariifi malkaatti yoo waaqa kadhanne waaqnis nuuf dhaga'a jedhanii nutti himan. Yeroo dur obbo Madaqsaa Qorichaa Tolcha Tolchuu malkaafi abdaariin kabaja guddaa qaba ture. Hawaasni naannoo jiru hundi tokkummaan waan itti hirmaatuuf kan qalamu horii guddaadha. Horiin lagatti qalamu gurraacha muxaa ta'uu qaba. Horiin abdaarii irratti qalamu ammoo diimaa, burree gurraachaa malee adiifi daalachi hin qalamu. Inni adiifi daalachi nama dhuunfaafi warra Ayyaantuu biratti qalama jedhu. (Aadde Axinaafee Kabbadaafi Daraartuu Guutaa, 19/06/2016).

Himtee armaan olii kana irraa wanti xiinxalame; dur uummanni naannoo kanaa malkaafi abdaarii naannoo isaa jiruuf kabajaafi ulfina kennaafi kan ture yoo ta'u har'a garuu akka durii sanatti uummanni hundi tokkummaadhaan kabajaa kan hin jirre ta'uu ragaa manguddootaa kana irraa mirkanaa'eera. Kana malees, Oromoon naannoo kanaa horii abdaariifi malkaatti qalu bifa hunda akka hin taaneefi bifa horii tolchaaf qalamuu filatamee akka ta'e ragaa funaanameen hubatameera. Haalli qabiinsaafi kabajni yeroo ammaa uummanniifi dhaloonni haaraan bakka ulfoodhaaf qabu xiqqaachaa dhufuun isaa egeree aadaafi safuu naannoo kanatiif yaadessaa ta'aa jira.

Haala qabiinsa iddoo amantaa gaara shaankur ilaalchisee manguddoonni yemmuu ibsan:

Himtee: 34 Gaarri Shaankur' Dur bakki irreecha itti irreeffannu dhagaan akka girgiddaatti dhaabbatee jira. Muka dambii jedhamu kan Odaa fakkaatu dhagaa kana keessaan margee jira. Achi jalatti tolcha tolfannee irreeffanna. Bakka irreechaa kana mukkeen adda addaatu jira. Guyyaa Tolchaa kana warri silatii qaban Indaaqqoo kormaa galchu; jaawwii, buna duudaa, dhaadhaa waliin qabatanii dhaqu. Kan hin dandeenye ijoolleetti ergu. Achii yoo deebi'an geedaroo/Ulee sirrii/ waddeessa ulee jal'aa itti hin makani isa qabatanii gadi bu'anii hirkata isaa isuma jalatti bakka diriiraadha amma humma ta'eera; waaqa kadhatanii hirreessa hambifatan irreeffatanii galu. Namni dhuunfaas kan kadhatee irraa argate yoo dhaqee achitti qale namni dhoowwu hin jiru. Namoonni naannoo sana jiraatan warri itti amanan yemmuu namoonni bakka adda addaati silatii Kormaa Indaaqqoo galchan isa fuudhanii Indaaqqoo dhaltuutti jijjiiraniihorsiisu. Indaaqqota horte kana gurguranii goromtii re'ee ittiin bitanii horsiisu. Isaan re'een dhalte keessaa tumaaleessa waggaa waggaan geessanii qalanii maatii isaanii waliin namoota naannoo waamanii akkaataa tumaaleessi kun itti argame namoota waamaniif

himanii qabeenya hafe ofii isaanitii itti fayyadamu; namni isaan gaafatu hinjiru. Ro’oonni sun yoo baay’atte goromsatti jijjiiranii waggaa waggaadhaan korma goromsi sun dhale tolcha qaluuf dhiyeessu. Biyyis nama kana loon jiran akka horaniifi innis qabeenya hafe itti tajaajilamaa waggaa waggaan jiraatee akka inni korma dhiyeessu eebbisanii itti tufanii gaggeessu jedhu manguddoonni himtee kana naaf himan. Nuti warri itti amannu har’as waan duudhaa kaleessaa sana waan dhiifne hin qabnu. Maallaqni kaasnaa afooshaatii bahee horiin waan bitamuuf namoonni amantaa adda addaa keessa jiran dhimma maallaqa kanaa kaasanii biyya fuuldura dhaabbatanii hin dubbatan. Akka durii sanatti tokkummaa cimaan yoo jiraachuu baatellee akka naannoo keenyaatti qaamni iddoo amantaa kanatti bu’u hin jiru. Namni gaara shaankuritti bu’e manguddoon naannoo maqaa isaa waamanii wareegnaan har’as hin ooffalu. Kanaaf, namni gaara kanatti bu’u hin jiru jedhu manguddoonni. Yeroo tokko tokko darbee darbee bosona gaara shaankur namoonni hin beekamne gubuuf yoo yaalan ni mul’ata. Haata’u malee, abiddi qabate bakka tolcha itti tolfannu bira osoo hin ga’in dhaama. Kuni ajajuma waaqaati malee kan namni birmatee irraa dhaamsuu miti jedhu.

(Obbo Nagaash Guddataafi Ijjataa Ajjaamaa 30/08/2017).

Himtee armaan olii kanarraa haala qabiinsa bakka amantaa ummataa yeroo duriifi ammaa odeeffannoo argamerraa kan sakatta’amee ragaa funaaname irraa argame: Dur uummanni bakka amantaa isaatiif iddoo guddaa kennaafi; ni kunuunsaa. Akkasumas, eegumsa taasisaafii kan ture yoo ta’u; har’a garuu sun hunduu hafee ganda tokko tokko keessatti bakka amantaa uummataa faayidaafi tajaajila adda addaatiif jedhamee kuun muramee, kuun qofforamee, kuun ammoo qotamee qabiyyee nama dhuunfaa ta’ee akka jiru qorannoo kanaan bira gahameera. Keessumaayyuu, tulluun qonyee fi tulluun ganjii yeroo ammaa gaarummaa isaanii isa durii dhabanii gara hallayyaatti kan jijjiiraman waan ta’eef qaamni dhimmi isaa ilaallatu osoo kana caalaa badee hin dhumini xiyyeeffannoon kennameefi kunuunsi taasifameef malee waan umurii dheeraa qabaatee dhalootaaf darbu hin fakkaatu.

4.5. Naannoofi Dhaloota Lafaa-dhufaa.

Himtee: 35 Akka naannoo keenyaatti namoonni manguddootas ta’ee dargaggeewwaniifi shamarran jiran dhimma himtee kana dhaga’uufis ta’ee barsiisuuf namoota yaalan hin argine. Manguddoon akka kiyyaa kuunnoo gama sana jira jedhu obbo Kumsaan quba isaanitiin natti agarsiisaa. Obbo Deesisaa Waaqjiraa Boruu jedhama. Gaara

sanaa dhumanii raawwatani. Kan dabaree dabarsanii himan hin jiran. Dargaggootaafi shamarran qofaadha. Isaanuu kuun ni argamuu kuun hin argaman. Warrumti jirtuu kanuma waa'ee durii kana harkiftuu; gadi hin lakkiftanii jetti malee mee dur maaltu turee jettee kan nama gaafattu hin jirtu. Ijoollee ammaa keessaa umurii kiyya kanaan nama waa'ee durii deemee nama gaafatu argee hin beeku; Kana dura mucaan tokko nagaafatee ture. Ollaattis ijoolleen barattootaa muraasni darbee darbee Aadaa fuudhaafi heerumaa irratti waan baruumsa isaanii waliin walqabatu waan mana baruumsaatti gaafatan na gaafatu malee waa'ee seenaa naannoo kanaa namni gadi fageenyaan taa'ee na gaafate hin jiru. Akka har'aa kana osoo hin taane dur Oromoon naannoo kanaa kabajaafi ulfina guddaa walii kenna. Akka dur manguddoon nutti himaniifi dhageenyetti osoo gosa wal hin gaafatin wal fuudhuun hin jiru. Abbaa mucaatu gosa qoratee mucayyoo ilmaasaaf fuudhuu barbaadu sana ammaalaajii yookiin giddu deemaa warra intalaatti ergata malee ijoolleen lamaan wal hin beektu. Har'a safuun badee haati daa'ima intalaa kan isheen manatti irratti deesse baachaa oolti; abbaanis daa'ima intala isaa manatti deesse eegaa oola. Namni maal nan jedhaan hin jiru. Dur dubbarri hamma gaafa guyyaa heerumtuutti dhiira waliin dhaabbattee haasa'uun hin jiru; safuudha. Naannoo kanatti dur wanti akka kana safuu balleessu hin turre; dhalootuma ammaatu Amantaa alaa dhufe faana qarroomina itti fakkaatee safuu duudhaa Oromoo ganamaa gate. Oromoon intala warra jaalatuu fuudheet kan itti aanu miinjee gadhata jedhu obbo Kumsaan waan durii kana yeroo natti himan baay'ee gammadaa kolfaa. Kunoo ganaa har'a si arguu kiyya jedhu obbo Kumsaan ija isaanii imimmaan qarrare harka isaaniitiin sukkuummachaa. Waan dur sun mee jedhan obbo Kumsaan yaadaan gara kootti deebi'anii; Waan dur sun mee loontu horaa, nagaatu turee, quufatu turee, waan gaarii harkaa qabaa, barakaatuu jira, jaalalatu jiraa, tokkummaatuu jira, walii yaaduutuu turee, walii qooduutuu turee, keenyaa malee kiyyaan akka har'aa kun hin jiru kanaaf waan durii sana leellifna. Dhaloonni ammaa garuu waan durii kana yeroo namni itti kaasuu nama harkatti bishaan itti naqxi. Takka takka ammoo akka argite gooti. Waaqni kadhoo jaalata. Keessumaa, biyyi Itoophiyaa waaqa kadhatti; kaleessumaa jira; har'as haa guddatuu yaa xiqqaatu malee Oromoon waaqa kadhachuu hin dhiifne, inuma kadhata. Ijoollee ammaatii waaqumti laphee kenneefii waan gaarii ishee yaa dubbisu

malee waan biraa waanan jedhu hin qabu jedhu.

(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017).

Himtee armaan olii kanarraa wanti xiinxalame: Oromoon naannoo kanaa duratti walitti dhufeenya cimaa kan qabu ta'uu, aadaa, duudhaa, eenyummaa, safuufi safeeffannaa, kabajaafi ulfina, amantaafi amantii isaanii walii eegaafi wal hubachaa jiraachuu isaa. Yeroo ammaa garuu dhaloonni lafaa dhufaan amantii biyya alaa fudhachuun kan isaa gatee eenyummaa kaleessa akaakayyuufi abaabayyuun isaa bu'aa ba'iifi cunqursaa akkasumas, dhiibbaa meeqa keessa dabarsee kunuunsaa, eegaafi barsiisaa qabatee har'aan gahe tuffachaa jiraachuu; Kana malees, ijoolleen shamarranii kabaja abbaafi haadha isaanii gatani safuu Oromoon kaleessa qabu tuffachuun osoo gaa'ela hin godhatin mana maatii ishee osoo jirtuu daa'ima godhachuun yeroo ammaa babal'achaa jiraachuu; manguddoota irraa seenaa naannoo isaanii barachuu caalaa saayinsiifi teeknoolojii faana bu'uun yaada manguddootaafi haala uffannaa isaanii tuffachuun yeroo ammaa heeddummaachaa jiraachuu ragaalee qorannoo kanaaf funaanamaniifi sakatta'iinsa taasifameen hubatameera.

Himtee: 36 Dhaloonni ammaa waa'ee durii barachuu caalaa kan inni barbaadu faashinii yeroo ammaafi fiilmii ilaalu jaalata. Keessumaayyuu, mobaayiliin tachii jedhan tokko erga dhufee daa'imti waan maatiin jedhuun gurraan hin dhageessu. Isuma qabatee waan adda addaa ilaalaa oolti. Baruumsuma isheeyyuu quba hin qabdu. Barattoonni mana barumsaatti waan baratan kitaaba isaanii keessatti waan argan nu gaafatu malee namni seenaa Gaara Shaankur akka itti himnuuf teessisee nu gaafatu hin jiru. Kan nu gaafatan yaa hafuutii numtuu ijoolle mee waa'ee Aadaa naannoo keenyaa kaleessa ture isinitti himnaa qalbiidhaan nu dhaggeeffadhaa yoo jenneen fedhii hin qaban jedhu. (Obbo Ijjataa Ajjaamaafi Guutaa Jifaar, 30/08/2017).

Himtee: 37 Akka naannoo keenyaatti dargaggeewwaniifi shamarran yeroo ammaa yaada manguddootaa kanneen fudhatan hin jirani. Yeroo ammaa safuun badee ilmoon haadhaafi abbaadhafuu ajajamuun rakkisaa ta'eera. Amantaan biyya alaa naannoo keenyatti erga seenee kaasee dargaggeewwaniifi shamarran waa'edhuma amantaa sana lallabu malee seenaa dur naannoo keenya keessa ture jaarsaafi jaartii gaafachuun isaan biratti qaaniidha jedhu.

(Aadde Joorgee Biqilaa, 12/07/2017 fi Ayyalachi Gammachuu, 29/07/2017).

Himtee armaan olii kanarraa kan xiinxalame dargaggeewwaniifi shamarran Oromoo naannoo kanaa dur safuufi kabaja manguddootaafi hangafoota isaaniitii kennaa turan har'a safuufi kabaja manguddoodhaa kennuun hafee tuffachuufi salphisuun mul'achaa jiraachuu isaa ragaa argameefi

xiinxallii gaggeeffame irraa beekameera. Yeroo ammaa dargaggeewwaniifi shamarran naannoo kanaa amantaa alaa dhufaa faana bahuun safuu uummanni dur qabu gatanii faashinii hordofuu kan caalchifatan ta'uu ragaa funaanamee xiinxalameen beekameera.

Himtee naannoo manguddoota irraa barachuuf fedhii dhaloota ammaa ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota waliin godhame irraa kan xiinxalame: Dhaloonni ammaa akka aanaa bachootti himtee naannoo manguddoota irraa barachuu caalaa; Aadaa durii tuffachuu, balaaleffachuu, akka Aadaa duubatti hafaatti ilaalu, faayidaa isarra miidhaan isaa akka waan caaluutti fudhachuun yaada manguddoonni kennaniif tuffachuun amantaa ammaa faana bu'uun amantaan ammaa kun kan durii akka caalutti karaarraafi galma adda addaa keessatti kan lallabaa oolan ta'uu akkasumas, dargaggeewwaniifi shamarran yeroo ammaa safuufi safeeffannaa durii sana akka cubbuutti ilaalu. Aadaafi duudhaa boonsaa uummanni dur qabu sun isaan biratti jibbamaa ta'ee akka waan miidhaa qabuutti ilaalamaa jira.

Kun immoo haala kanaan itti fufnaan gara fuulduraatti dhaloonni Aadaa, safuufii safeeffannaa uummanni dur qabu, amantaa, duudhaafi afoola dur uummanni qabatee har'aan ga'e kanaafii maalummaafi beekumsa naannoo isaanii akka balleessan yaada manguddootarraa funaanameefi sakatta'iinsa taasifameen hubatameera.

4.6. Faayidaalee Himteewwan Naannoo.

Himteewwan naannoo dhaloota haaraa barsiisuun dhaloonni har'aa eenyummaa, Aadaa, duudhaa, amantaa, safuufi safeeffannaa kaleessa Oromoon qabu akka beekanii guddatan gochuuf gargaara.

Himtee: 38 Kan dur silaa dukkanatti hafe. Barachuun faayidaa qaba. Namni hin baranne dukkana; maaliisaat beeka jedhu obbo Kumsaa Ammasaa. Ani hin baranne; kanan dur akaakayyuu kiyya irraa dhaga'ee ija kiyyaan arge Oromoon dur loon isaa horaan bu'a. Lafa horaa jedhama. Horri kan maccaa macca jira; kan Bachoo Bacho karaa Warxuu kana jira jedhu. Lafa bishaan daalachaa tattaraaranii bo'oo baasuuf. Abeet abeet akkatti inni mi'aawu. Akka amooleetti mi'aa. Oromoon Bachoo Sooddo, gaaraa daka loon isaa qabatee hora dhaqa. Dabaree dabareedhaan kan dura dhaqe waljalaa galaa hunduu loon isaa hora obaafatee deebi'ee gala. Loonillee hora dhaquuf ni goomja'uun yookiin dharra'u du'aniit ji'a xiqimtiifi idarii eegu. Arfaasaallee loon hora dhaquu barbaadu. Loon yoo hora dhaqan boojjii nyaatanii; hora dhuganii jennaan saawwan ammuma kana kan ariisaa hin kaafne ariisaa kaasu. Kan dhala didellee ariisaa kaasee dhala. Loon durii yoo namni geessuu

baatellee badanii hora deemu.Kan har'aa akkuma nama ammaa homaa hin beeku hidhaadhumarratti cidii itti qunxuranii achuma ciisaa oola.Hora kana dur anuu yeroo laman dhaqe.Erga Dargiin dhufee lafti tiyya tiyyaatti galtee horri kun badee namni maqaa horaa dhahuu hin jiru jedhu.(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017).

Himtee armaan olii kanarraa kan xiinxalame:himtee naanoo manguddoota irraa barachuun faayidaa guddaa kan qabu ta'uu isaa; namni barateefi namni hin baratin garaagarummaa qabaachuu isaa; namni durii mana baruumsaa galee yoo barachuu baatellee; aadaa, amantaafi amantii, safuu, kabajaafi ulfina Oromoon walii kennaa wal waliin jiraachaa ture barachaa guddachuu isaaniifi dhaloonni har'aa garuu dhaloota eenyummaa, aadaa, seenaa, duudhaa, kabajaafi ulfina, safuufi safeeffannaa Oromoon dur hordofaa ture barachuun yaa hafuutii gurraan dhaga'uu kan hin barbaanne; amantiidhuma alaa dhufaa leellisuufi lallaabuu hojii idilee godhatee jiraachaa kan jiru ta'uu ragaalee funaanamaniifi sakatta'iinsa taasifameen bira gahameera.

Himtee: 39 Himteewwan naannoo barsiisuun Seenaa dhugaa barsiisuudha.Nuti har'a waan abbootiin keenya kaleessa nutti himanii nu barsiisan dubbachaa jirra malee waan ofii keenyaa uumnee dubbannuu miti.Nuti har'a duunee boru duunee hin beeknu kanaaf dhaloonni osoo manguddoota waa'ee naannoo kanaa seenaa jiru sirritti irraa baratanii dhaloota boodafillee bifa barreeffamaatinuu kaa'aniifi baay'ee barbaachisaadha jedhu obbo Nagaash Guddataafi obbo Guutaa Jifaar.Nuti dur abbootii keenyarraa kan dhageenye dur Oromoon aadaadhaan bulla jedhanii kallacha, caaccuu, bokkuufi callee uummatanii Aadaa horanna jedhanii Aadaa tolfatan.Ofumaaf ofkeessaa bokkoomsani jedhu manguddoon dur yoo nutti himan.Kallacha bichaan waaqaa kan bu'e jira jedhu. Dur jedhan jedhu manguddoon: Ilma Oodituutiif waaqni roobuu dide.Hangafni sadeen sooddoo Oodituu waan ta'eef warra raagaa dhaqanii horii qallee dadhabne waaqni nuu roobuu didee maal goonu jedhanii gafatan.Isaanis nama qalaa yoo nama qaltan waaqni isiniif roobaa jedhanii galchani.Manguddoonis gara mana Oodituu dhaqanii yoo nama qaltan waaqni isiniif rooba nuun jedhanii situu hangafa waan ta'eef ilmoo kee keessaa tokko nuu kenni ykn suma qallaa jedhanii gaafatan.Innis haadha manaa lama qaba.Gara mana haadha siibaa dhaqe.Haati siibaa hangafa Oodituuti.Isheen bishaan harkaa kenninaanif maalan dhiqadhaa daa'ima qalamu fidi yookaan ati hangafa waan taateef suma qalla naan jedhanii jedhee gaafate.

Yeroo kana kaman sii kennaree jettee itti waakkatte. Sana booda gara mana haadha manaa lammaffaa haadha Maallimaa dhaqe. Isheenis bishaan harkaa kenninaaniif maalan dhiqadhaa manguddoonni ilma qalamu fidi yookaan suma qallaa situ hangafa naan jedhanii haati siibaa gaafannaan na dhoowwattee jedheen. Tokkicha kiyyaa sii kennee hin qalamtuu kanaa jettee hin didinii dhiqadhuu nyaadhu jettee nyaata nyaachiftee ilmashee tokkicha qabdu kenniteefi. Kunoo fide jedhee tolcha tolchee yoo inni mucaa isaa kan haadha maallimaa qaluuf jedhu rooba cimaa waliin hoolaa buusefii bakka mucaa maallimaa hoolaan qalamee mucaan bakka ciisee yoo ka'u ija afuriin ka'e. Namoonni naannoo sana jiran ija mucaa baachuu dadhabanii kukkufani. Bakkuma kufanitti maaloo eebbisi jedhanii waaqa kadhatani. Ija lamaan fuulduraa dhiisanii ija lamaan duubaa shaashiin hidhanii tumaa tumaniifi. Tumaan isaan tumaniifis akkas jedha:

Eebbisii barsiisi;

Abaarii cubbisi;

Karra saaqa ta'i;

Ijji kee nama hin tuqin;

Arrabni kee qorsa haa ta'u;

Jedhanii tumaa tumaniifi hanga har'aatti maallima biratti tumaan kun hojiirra oolaa jira. Kun kan manguddoon nutti himani; kanan gabaabinaan ani sitti hime jedhu obbo Nagaash Guddataa faayidaa himtee barsiisuun qabu akka fakkeenyaatti naa fudhatanii ani osoon kaleessa abbootii keenya darban irraa dhaga'uu baadhee har'a waanan sitti himu hin qabun ture. Kaleessa manguddoon waan nutti himaniif ani ammoo dabarsee amma sitti himaa jira. Kanaaf, ijoolleen ammaa ykn dhaloonni lafaa-dhufaa kan barattes ta'ee kan hin baratin osoo manguddoonni seenaa kalee waa beekan hin du'in irraa barachuufi dhaloota biroollee barsiisuu qabu jedhu.

(Obbo Nagaash Guddataafi obbo Guutaa Jifaar, 30/08/2017)

Faayidaa himteewwan naannoo qabu ilaalchisee gaaffiifi deebii manguddoota waliin taasifame irraa wanti xiinxalame: Himteewwan naannoo dhaloota barsiisuun faayidaa guddaa kan qabu ta'uu isaati. Himteewwan naannoo dhaloota barsiisuun; dhaloonni eenyummaa isaa, Aadaa, amantaa, safuufi safeeffannaa hawaasa keessa jiru, duudhaafi afoola isaa barachaa akka guddatuuf gahee

guddaa qaba. Kanamalees, himteewwan naannoo barsiisuun seenaa naannoo barsiisuu waan ta'eef dhaloonni Oromoo naannoo kanaa kaleessa akkam akka tureefi har'a ammoo sababa maaliitiif eenyummaa, tokkummaafi walitti dhufeenya cimaa qabu sana akka dhabe xiinxaluuf gargaaruu akka danda'u yaada manguddootaa irraa ka'uun xiinxalameera.

4.7. Ilaalcha Namoonni Amantaa Adda Addaa Bakka Amantaa Uummataa

Irratti Qaban.

Himtee: 40

Akka naannoo keenyyatti namoonnii amantaa adda addaa qaban jiru. Manuma tokko keessa amantaa lamaa saditu jira. Hunduu waa'ee amantaa isaa leellisuu malee Aadaa durii uummanni naannoo kanaa qabu namni dhimma isaa qabu hinjiru. Xiqqoo xiqqoo waa'ee Irreechaa qofa irratti hirmaatu malee Malkaafi Abdaarii irratti tolcha uummanni tolfatu hin jaalatan. Keessumaayyuu, waa'ee Callee, Caaccuu, Kallaachaafi Bokkuu ijaan arguufi gurraan dhaga'uu hin barbaadan jedhu manguddoon. (Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017).

Himtee manguddoo armaan olii kanarraa wanti xiinxalame: dhaloonni ammaafi namoonni guyyaa keessa amantii isaanii kaleessa hordofaa turan dhiisanii amantii alaa dhufaa hordofan waa'ee meeshaalee ulfoo Oromoo maqaa dhahuu kan hin barbaanneefi warroonni isaanitti amanan namoota gowwaa durii jechuun tuffachaa kan jiraniifi kabaja kan hin kennineef ta'uu qorannoo kanaan bira gahameera.

Himtee: 41 *Waa'ee kanaa yeroo namni waa itti himuuf jedhu isin seexana gabbartu waan ta'eef isin faana seexana gabbaruu hin barbaannu jedhu. Nuti garuu seexana maal akka ta'e waan beeknu hin qabnu Waaquma nu uume kadhachaa har'a geenye. Malkaattis ta'ee Abdaariitti yeroo qallu waaquma kadhanna jedhu.* (Obbo Girmaa Gulummaa, 19/05/2017 fi Biifaa Maracii, 30/09/2017).

Himtee manguddoota armaan olii kanarraa wanti xiinxalame: ilaalcha dogoggoraa amantaa alaa dhufaan sammuu isaanii keessa kaa'e qabatanii dhaloonni ammaafi namoonni amantaafi amantii isaanii kaleessa abaabileefi akaakileen isaanii isaanitti dabarse akka waan eenyummaa isaanii xiqqeesseetti, amantaafi amantii, aadaa, duudhaa, kabajaafi ulfina meeshaalee ulfoo Oromoon akka addaatti ilaalu busheessaa jiraachuu isaanii ragaa qorannoo kanaaf funaanameefi sakatta'iinsa taasifameen baramera.

Himtee: 42 Dhaloonni ammaa garuu Aadaa Oromoon dur kabajee ulfina kenneefii kadhatullee waaqayyo dhaga'aafi ture dhaloonni har'aa garuu akka waan badaa ta'eetti tuffachaa jiru. Kuni garuu dogoggora isaaniiti malee akkaataa

kanaan hubachuun isaanirra hin jiru jedhu manguddoonni yoo yaada isaanii naaf himan. Nuti akka sooddootti safuu qabna. Dhaloonni ammaa amantaa adda addaa kan dhuunfaa isaa yoo qabaateyyuu manguddoo dura dhaabbatanii waa'ee Aadaa durii hin falmani. Fudhatanis fudhachuu baatanis garaadhumatti callisu malee deebii badaa manguddootti hin deebisan. Guyyaa ayyaanaas Amantaa biraa warri qaban warri itti hirmaatan jiru. Keessa keessaa darbee darbee namoonnii Aadaa durii kana kan akka kallachaa, caaccuufi callee balaaleffachuu barbaadan jiru jedhu manguddoon(. Obbo Nagaash Guddataa, 30/08/2017).

Himtee armaan olii kanarraa kan xiinxalame: Akka ganda Shaankur Xaraqootti namoonni amantaafi amantii isaanii kaleessa abbootii isaanii irraa dhaalan gatanii amantaafi amantii alaa dhufaa kanatti kan jijjiirratan jiraachuufi meeshaalee ulfoo kan akka Kallachaa, Caaccuufi Calleef akka duriitti kabaja kan hin kannineef ta'uufi kaanan durayyuu akka waan dogoggoraniitti namoonni namoota biroo barsiisan kan jiran ta'uu qorannoo kanaan bira gahameera.

Himtee: 43

Akka ganda Shaankur Xaraqootti namoonni amantaa adda addaa hordofan ni jiru. Dhiibbaan isaan ifatti bakka amantaa kana irraan ga'aa jiran hin jiru. Isaanis amantaa amma hordofan kana yeroo dhiyoo waan fudhataniif waa'ee gaara shaankur seenaa isaa waan beekaniif bakka amantaa kana baay'ee hin balaaleffatan. Akka afooshaatti ganda shaankur xaraqoo qofa osoo hin taane gandoonni ollaa kanneen akka Boojjii Gafareefi Baballii Dabanyaallee ayyaana kana irratti hirmaatu. (Obbo Ijjataa Ajjaamaafi obbo Guutaa Jifaar, 30/08/2017).

Himtee armaan olii kana irraa wanti xiinalame: Namoonni naannoo ganda Shaankur Xaraqoo keessa jiraataniifi warroonni dhiyeenya keessa amantiifi amantaa isaanii jijjiirratan ifatti dhiibbaa geessisaa kan hin jirre ta'uufi harka lafa jalaatiin garuu namoonni amantaafi amantii durii sana dhiisanii akka gara isaaniitti makaman bakka carraa argatanitti barsiisaa kan jiran ta'uu sakatta'iinsa taasifameefi yaada manguddoota irraa argameen barameera.

Himtee: 44 *Yeroo tulluu shaankuritti tolchi tolfamu nuti akka naannoo keenyaatti mijuu qabannee irreessa waliin manguddoo warra dhiiraa waliin deemna. Manni keenya naannoodhuma gaara kanaa waan ta'eef dawoodhuma isaa jala jiraanna. Yaa waaqa shaankur ati nu gatin jennee garaa qulqulluu yoo kadhanne homaa irraa dhabnee hin beeknu; inuma nuuf dhaga'a. Namoonni tokko tokko kan amantaa jijjiirratan maalif gaara kanatti amantuu kanneen jedhan jiru. Nuti garuu yaa*

waaqa shaankur jennee waaqa kadhanna malee yaa gaara shaankur kana nuu godhi jennee kadhannee hin beeknu.(Aadde Loomii Guddataa, 21/06/2017fi Galaanee Nagee, 21/07/2017).

Himtee armaan olii kanarraa wanti xiinxalame:Namoonni naannoo gaara shaankur jiraatan garaa qulqulluu yoo kadhata waaqni kan isaaniif dhaga’u ta’uu isaafi gaaratti amanuu osoo hin taane waaqa gaara kana uume waammatanii kan irraa argatan malee akka namoonni ilaalcha dogoggoraa qaban gaaratti amantu jedhanii uummata barsiisan akka hin taane xiinxallii kanaan hubatameera. Ilaalcha namoonni amantaa adda addaa bakka amantaa uummataa irratti qaban ilaalchisee gaffiifi deebii manguddoota waliin taasifameen namoonni amantaa adda addaa hordofan bakka amantaa dur uummanni itti waaqa isaa kadhachaafi galateeffachaa tureef ilaalcha gaarii ta’e kan hin qabne ta’uu; Namoonni kun isa uummanni tolcha malkaafi abdaarii irratti tolfatee waaqa kadhatu seexana gabbartu; nuti seexana hin gabbaru; kun Aadaa duubatti hafaadha jechuun ilaalcha hin taane kan calaqqisiisan ta’uu ragaa manguddoota irraa funaanameen hubachuun danda’ameera.Ilaalchi dogoggoraa kun akka kanaan/ bifa kanaan itti fufnaan seenaa uummanni naannoo kanaa dur qabu balleessaa deemee dhaloonni eenyummaa isaa hin beekne kan eenyummaa biraa leellisu hedduumaachaa akka deemu ragaa argame kana irraa tilmaamuun waan nama rakkisuu miti.

4.8. Himteewwan Naannoofi Bakkeewwan Amantaarratti.

Qorannoo kana keessatti himteewwan naannoofi bakkeewwan Amantaa Uummata aanichaa ilaalchisee ragaalee gaaffiifi deebii Manguddoota waliin taasifameen walitti qabamanii xiinxalaman keessaa akka fakkeenyaatti kan fudhataman muraasa:

4.8.1. Himtee Malkaa Ganjii:

Dur naannoon kun Baatuu jedhama. Mootummaa wayyaanee keessa gandoota walitti mammakuun waan tureef ganda Baatuu Cirrachaa jedhanii maqaa haaraa itti moggaasani.Yeroodhuma kana keessa ammoo magaalaa jala galuu qaba jedhanii magaalaa tullu boolloo jala nu galchaanii maqaa ganda 02 jedhamuun akka waamamnu taane.Lafti kun haa jedhee wantaa Qanya’aa Baraddan jedhamu keessatti argama.Uummanni Baatuu qulqullinnatii Oromoodha, homaa tabaayii hin qaban. Nuti uummanni naannoo kanaa tokkummaa qabna; loon keenya walitti yaa’annee waliin tikfanna, waliin nyaannee dhugna malee wal jibbuufi hammeenya walitti yaaduun gidduu keenya hin jiru.

Gaddaafi gammachuu keenya yeroo maraa waliin qooddanee wal cinaa dhaabbanna.Uummanni naannoo kanaa dur tokkummaadhaan malkaa naannoo keenyaa kan Ganjii jedhamuufi tulluu naannoo malkaa sanatti argamutti waggaatti yeroo tokko yeroo masqalaa walitti dhufnee korma

qallee dhiiraa dubartiin waaqa kadhanna.Horiin qalamanis hoolaa yookiin eeffana malee raaddeen hin qalamtu safuudha; Aadaa Oromootii miti.Oromoon raadden qaaluu ni oodeffata; dhala kutuudha jedhee amana.Guyyaa ayyaanaa kana akka yeroo ammaa kana horii malkaattis ta'ee tulluu tolchaatti qalame qooddachuun hin jiru.Achumatti eelee sibiilaa guddaa irratti erga waaddamee booda walii kennanii mijuu jirus wal qammasiisanii wal eebbisanii addaan deemu. Gaafa ayyaanaa kana warroonni dhiiraa bullukkoo uffatanii, Warri kallacha qaban kallacha isaanii adda isaaniitti hidhatanii, warri alangaa qabanis alangaa isaanii qabatanii, aroorecha qabatanii, abaaboofi coqorsa yookiin marga lataa kan mataan isaa hincitin kan qara qabu qabatanii dhufu. Dubartoonni yookiin beerren immoo didiqqoo yookiin wandaboo kan jedhamu uffatanii, callee kaawwatanii, calleen isaan kaawwatan caaccuu qaba; daglatti itti tolchu.Siinquee, mijuufi bixxillee sagal qabatanii dhufu.Mijuun buqqeetti nam'a malee xaarmusiitti hin nam'u. Mijuun buqqee araddoo jedhamutti naqama.Bixxilleen immoo xaafii diimaafi garbuu irraa qophaa'a.Akka har'a boqqoolloon biyya fudhate kana osoo hin taane Oromoon naannoo kanaa dur xaafii diimaafi garbuu baay'inaan qota.Bixxilleefi mijuu qabatan kana sadi malkaatti mijuu waliin buusu, sadi tulluu irratti mijuu waliin buusanii sadan hafe immoo abdaarii irratti mijuu waliin buusanii achitti waaqa kadhatanii wal eebbisanii mana mana isaaniitti deebi'anii galu.

(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/201)

Himtee obbo Kumsaa Ammasaa armaan olii kana irraa kan hubatame Uummanni Oromoo naannoo kanaa duratti tokkummaa kan qabuufi jaalalaan walitti dhufee amantaa isaafi aadaa isaa haala gaariin kabajaa kan ture ta'uu;.Akkasumas, uffata aadaa eenyummaa isaanii ibsu uffachuun meeshaalee ulfoo kan akka kallachaa, caaccuufi callee fayyadamaa kan turan ta'uu; Kana malees, uummanni naannoo kanaa duratti oomisha adda addaa kan oomishan yoo ta'u akka fakkeenyaatti xaafii diimaafi garbuu fudhachuun kabaja ayyaanaaf illee kan itti tajaajilaman ta'uu;Yeroo ammaa garuu aadaan uummata kanaa akkaataa durii sanaan seera isaa eegee kabajamaa kan hin jirre ta'uu ragaaleen funaanaman ni mirkaneessu.

Akka ganda kanaatti mootummoota darban irraa kaasee jijjiirraan maqaa akka irratti godhamaa tureefi haalli kun yeroo ammaallee taasifamaa kan jiru ta'uu isaa ragaa qorannoo kanaaf funaanameen mirkaneeffachuun danda'ameera.Dhaloonni lafaa dhufaan yeroo ammaa waa'ee meeshaalee ulfoo Oromoo kanneen balaaleffataniifi tuffatan heddummaachaa jiraachuun guddina aadaa hawaasa naannoo kanaatiif yaaddoo hamaa ta'uu isaa qorannoo kanaan bira gahameera. Kanaaf, akka naannoo kanaatti aadaafi duudhaan akkasumas, safuufi safeeffannaan kaleessa

Oromoon naannoo kanaa hordofaa ture waan badaa jiruufi waan dhalootaa darbaa hin jirreef aadaafi duudhaa kana badii jalaa baraaruufi dhaloota dhufuufillee akka darbuu danda'uuf qaamonni dhimmisaa ilaallatu xiyyeeffannoo itti kennee qorannoo adda addaa osoo irratti hojjatee garii ta'a.

4.8.2. Himtee Kadhannaa Malkaafi Abdaarii Ganda Jaatoo

Maatiin keenya Oromoodha. Akka Oromootti Aadaa, duudhaa, amantaafi eenyummaa keenya akkaatadhuma maatii keenya irraa dhaalleen itti tajaajilamaa jirra. Malkaafi abdaarii jaatootti masqalaafi saneen seenee hanga guyyaa kudha shaniitti tolcha tolfannee waaqa kadhanna. Yeroo Abdaariitti tolcha tolfannu akkana jennee waaqa keenya kadhanna jedhu:

<i>Isgoo yaa waaqi</i>	
<i>Waaqa gurracha garaa garbaa</i>	
<i>Waaqa sagaltama Booranaa</i>	
<i>Waaqni nagayaan nu bulchite</i>	
<i>Nagaan nu oolchi</i>	<i>oolchi</i>
<i>Booruu gannaa nagaan nu baasi</i>	<i>baasi</i>
<i>Gungumaafi dheekkamsa waaqaa</i>	
<i>Jalaa nagaan nu baasi</i>	<i>baasi</i>
<i>Sa'aa namaan nu oofkalchi</i>	<i>oofkalchi</i>
<i>Daa'imaafi karra keenyan nu tiksi</i>	<i>tiksi</i>
<i>Cabbiifi qaqawweessa kee nu lagi</i>	<i>lagi</i>
<i>Eebbi toltuu</i>	<i>tolchi Waaq</i>

Jennee waaqa keenya kadhannee irreessa keenya irreeffannee hoolaan bitame abbaa abdaariitiin areerratamee qalama. Malkaattis yeroo tolcha tolfannu waaqa kadhannee irreecha keenya erga irreeffannee booda abbaan malkaa hoolaa tolchaaf bitame areerratee qala. Malkaarratti yeroo waaqa kadhannu akkana jennee kadhanna jedhu:

<i>Madhaan bu'ee</i>	<i>bu'e</i>
<i>Kan malkaa dhugaa bu'ee</i>	<i>bu'e</i>
<i>Na oofkalchaa</i>	
<i>Eebba fudheen eebba kennaa</i>	<i>oofkali</i>
<i>Seerri seera haa ta'u</i>	<i>haa ta'u</i>
<i>Eebbi eebba haa ta'u</i>	<i>haa ta'u</i>

<i>Dhiigni lafatti nuuf haa urgaa'u</i>	<i>haa urgaa'u</i>
<i>Cincaan Waaqatti nuuf haa urgaa'u</i>	<i>haa urgaa'u</i>
<i>Seerri uumaa nuuf haa qajeelu</i>	<i>haa qajeelu</i>
<i>Kan baranaan nu ga'e</i>	
<i>Kan bara gereen nu haa ga'u</i>	<i>haa ga'u</i>
<i>Sanyiin nuuf haa qajeelu</i>	<i>haa qajeelu</i>
<i>Ilmoon nuuf haa baatu</i>	<i>haa baatu</i>
<i>Kadhannaan keenya nuuf haa milkaa'u</i>	<i>haa milkaa'u</i>
<i>Waaqayyo nurraa hin fagaatin</i>	<i>hin fagaatiin</i>
<i>Seerri uumaafi duudhaa nuuf haa tolu</i>	<i>haa tolu</i>
<i>Waaqni jahan bachoo nuuf haa tolu</i>	<i>haa tolu</i>
<i>Waaqni abbu keekkuu nuuf haa tolu</i>	<i>haa tolu</i>
<i>Waaqni dhugaa ganamaa</i>	
<i>Waaqni malkaa ganamaa</i>	
<i>Waaqni tulluu ganamaa</i>	
<i>Waaqni abdaarii ganamaa</i>	
<i>Kan du'eef jennata kenni</i>	<i>kenni</i>
<i>Aarsaa keenya waaqayyo haa jaalatu</i>	<i>haa jaalatu</i>
<i>Jaalatee nu haa fudhatu</i>	<i>haa fudhatu</i>
<i>Biyyi nagaa nuuf haa ta'u</i>	<i>haa ta'u</i>
<i>Kan baranaan nu gahe</i>	
<i>Kan bara gereetii nu haa gahu</i>	<i>haa ga'u</i>
<i>Kanan ani hanqise waaqni itti haa guutu</i>	<i>haa guutu</i>
<i>Gadaan quufaa gabbina</i>	<i>gabbisi waaqi</i>

Jennee waaqa uumaa keenya kadhanna.

(Obbo Daadhii Caakkaa Jimaafi Wolqabaa Maracii Yaadnessaa, 27/07/2017)

Himtee manguddoowwan armaan olii kana irraa wanti xiinxalame; akka ganda Jaatootti uummanni naannoo sanaa akkaataa durattii sanatti baay'inaan ayyaana malkaafi abdaarii irratti kan hin himaanne ta'uu; namoonni duudhaa abbootii isaanii ganamaa qabatanii jiran walitti dhufanii malkaafi tulluu irratti tolcha tolfatanii maatiifi qabeenya isaaniif akkasumas, nageenya biyyaafiltee waaqa kan kadhatan ta'uu isaa hubachuun danda'ameera. Kanamalees, akka

namoonni aadaafi amantaa kana jibban jedhan osoo hin taane Oromoon malkaafi tulluutti qalee maqaa waaqaa waamee kan kadhatu malee maqaa seexanaa waamee kan hin kadhanne ta'uu isaa kadhannaa isaan taasisan kana irraa ragaa funaaname waliin xiinxalamee uummanni mukaafi laga kan waaqessu osoo hin taane, iddoo kanatti waaqayyo isaafi uumama mara uume kan galateeffatu ta'uu isaa qorannoo kanaan mirkanaa'eera..Kanaaf, yaada namoota ilaalcha dogoggoraa qaban kana sirreessuuf abbootiin amantaa, beektonni Oromoofi dhimmamtoonni adda addaa marii gochuun akka dhaloonni ilaalcha qajeelaa barachaa guddatu gochuuf xiyyeeffannoon irratti kennamuun hojjachuun barbaachisaadha.

4.8.3. Himtee Iddoo Aartuu ykn Bishaan Ho'aa Ho'oo.

Lafti iddoon amantaa kun itti argamu duriin isaa wantaa Qanya'aa Baraddaan jedhamu keessatti argama jedhu manguddoon dur.Kuunnoo isa san ammoo Xabala jennaani jedhan quba isaaniitiin natti agarsiisaa.Ho'aa waan ta'eef Xabala Ho'oo jedhee waamaa ture hawaasni naannoo kanaa.Har'ammoo waggaa lamayyuu hin guunne isa durii kana maqaa lawwaxanii Burqaa jedhanii maqaa haaraa kennaniifii gandoota magaalaa keessaa tokko ta'ee amma Ganda Burqaa jedhanii waamaa jiru.(Obbo Kumsaa Ammasaa, 21/07/2017)

Himtee manguddoo armaan olii kanarraa kan xiinxalame iddoon dur uummanni fayyummaa isaa itti eeggachaa jiru qaama biraatiin fudhatamuufi maqaa dur xabala ho'oo jdhamu jijjiiruun burqaa jedhanii moggaasuu.Kun immoo adeemsa keessa seenaa naannoo Sanaa balleessuu waan danda'uuf hawaasni naannoo kanaa xiyyeeffannoo kennuufii qaba.Keessumaayyuu, yeroo ammaa magaalaa jala waan galeef iddoon kun dur kabajaafi ulfina guddaa kan qabu amma akka bakkee ulfoottuu namni ilaalaa jiru hin jiru.Kanaaf, bakki kun xiyyeeffannoo qaamota adda addaa barbaada.

4.8.4. Himtee Gaara /Tulluu Shaankur.

Gaarri shaankur wantaa Waacoo Elemaa Isseenaa keessatti argama.Tulluun shaankur lafa bal'aa wantaa sadi ta'u qabatee jira.Tulluun Shaankur waan adda isa godhu qaba.Egaa akka abbootii keenya darban irraa dhagayetti namicha tokkotu ture; Boorana Qumbii jedhama.Akka nama ammaa kana qaalluu miti.Booranni danda'ee hin deemu; Ulfaataadha jedhama.Waan Waaqni abjuudhaan halkan itti himu; ganama isaa Kormi loonii gaafa inni waa himuu barbaadu kana ganama obboroo horii keessaa oldeebi'ee bakka inni rafu barrii isaa dura dhaabbatee barooda.Yeroo kana uffata uffatanii ulee waddeessaa qabatanii itti gadi bahu.Kormi dhaabbatee hanga isaan manaa bahanitti eege yeroo isaan manaa bahan ni ciisa.Yeroo inni ciisu yaabbatanii dalluu isaa yemmuu qabatan bakka ciisuu ka'ee deemee bakka araddaa booranaa jedhamuun

ga'ee ciisa.Isaan irraa bu'anii waddeessa qabatanii uffata ofii sirreeffatanii miilaan gaara shaankur koranii bakka dambii jedhamutti irreeffatanii deebi'u.

Danbiin muka akka Odaati.Isuma jalatti tolcha tolfannee irreeffanna.Danbiin shaankur kanuma itti irreeffataniidha.Bosonni dur marges achuma jira.Bosonni ergasii margellee ammas akkasumatti jira namni iddoo sana dhaqu hin jiru.Namni naannoo sana yoo dhaqes baala tokko kutee fuudhee gara mana isaatti galu hin jiru;ni sodaatama>Nama qabatee hin deemu; qofaa isaa deema.Sagadee irreeffatee bakka kormi itti gate sanatti deebi'a.Hanga isaan sagadanii irreenfatani deebi'anitti kormi bakkuma isaan irraa itti bu'an sana dhaabbatee eegee yeroo isaan bira ga'an ciisee yemmuu isaan yaabbatanii dalluu isaa qabatan ka'ee gara mana isaaniitti deebisa.

Gaarri shaankur tokko ture>Nama lamatu lafa shaankur kana irratti wal karakkaraa turan jedhama.Uffata namaa ergifatee uffatee mana isaa dhiisee muka koree bulee barii misikkirii dhaqee daba masakkare.Shaankur sadeen kan jedhamuuf gaafa dabni masakkarama kana gaarri tokko ture kun bakka saditti qoqqoodame jedhama. (Obbo Nagaash Guddataa, 30/08/2017)

Himtee obbo Nagaash Guddataa kana irraa wanti hubatamu; lola namoota dhuunfaa lama gidduutti uumame irraa ka'ee Yeroo dhugaan jallatu waaqni dhugaa baasuu isaa xiinxalla.Akka Amantaa Oromoottis dhugaan ilmoo waaqaati jedhama.Namni lafa kana irratti daba hojjachuu danda'a; waaqayyo garuu daba dhalli namaa hojjatu kana akka isaan irraa barachuu danda'anitti raajii hojjachuu akka danda'u himtee kana irraa hubachuu dandeenya.Dhalli namaa waan waaqayyo uume jijjiiruu hin danda'u.Waaqayyoof garuu salphaadha.Kanaaf, gaara tokko ture bakka saditti qoodamuun harka namaan waan hin danda'amneedha.

4.8.5. Himtee Abdaarii Qoree Ilaalaa.

Ani amma umuriin kiyya ganna jahaatamii saddeeti jedhu.Akka akaakileen keenya natti himetti Abdaariin Qoree Ilaalaa kun hammuma har'a gahu kana ga'a jedhan jedhu.Duratti naannoon kun qacaafi migira qofaatu laaftoo tokkicha kana waliin jira jedhan.Abdaarii kana jalatti Oromoon naannoo kanaa waggaatti si'a tokko yeroo tsoomii qabaa maallaqa walitti qabee hoolaa bitee tolcha tolfatee waaqa kadhata.Tolcha kana akka naannoo keenyaatti kan qalu bilicha.Abdaarii irratti qallee malkaa hin dhiifnu malkaa cirrachaattis erga abdaariitti qallee booda namoonni muraasni warra qaluufi mataa qabu waliin malkaatti qalanii achitti madhaa kotte mirgaa, cinaacha mirgaafi harka mirgaa irraa xiqqoo xiqqoo qofa muranii qammasanii foon qalame qabatanii gara Abdaariitti deebi'anii foon bakka lachittuu qalame walitti makuun eelee sibiilaa

guddaatti waaddanii tartiibaan taa'anii mijuu waliin bakka taa'anitti qoodamaafi. Horii abdaariifi malkaatti qalame moora laaluun ummataaf ergaa dhaamu. Biyyi akkam akka ta'u; nagaa ta'uu, quufa ta'uu, beela ta'uu, waraana ta'uu/lola ta'uu ibsuun uummanni akka tokko ta'ee waliin jiraatuufi gaariifi yaraa waliin dabarsuu akka qaban tokkummaan barbaachisaa ta'uu isaa barsiisu. (Obbo Qananii Aagaa, 12/06/2016).

Himtee obbo Qananii Aagaa kana irraa kan sakatta'ame: Abdaariin Qoree Ilaalaa bara kam akka dhaabbateefi eenyu akka dhabe namni beeku kan hin jirre ta'uufi namoonni naannoo Sanaa abdaarii kana arginaan akkuma amma jirutti kan argan ta'uu isaa; Uummanni waggaa waggaadhaan maallaqa walitti buusee abdaarii kana jalatti waaqa kan kadhatuufi dhibdeen adda addaallee hawaasa kan mudatu yoo ta'e namoonni dhibdeen isaan qaqqabe abdaarii kana jalatti manguddoonni kan araara buusan ta'uu; kanamlees, uummanni nannoo kanaa yeroo tolcha tolfatu moora laaltuun moora horii qalamee ilaaluun haala barichaa quufa ta'uu, beela ta'uu, lola ta'uu, nagaa ta'uufi kkf abdaarii kana jalatti kan waliif dabarsan ta'uu qorannoo kanaan irra gahameera.

BOQONNAA SHAN: YAADA CUUNFAA, ARGANNOOWWANIIFI YAADA FURMAATAA

5.1. Yaada Cuunfaa

Uummanni Oromoo jireenya isaa keessatti aadaa, duudhaa, amantaa, afoolaafi safuu ittiin bulu kan mataa isaa qaba. Afoola Oromoon jireenya isaa keessatti itti tajaajilamaa tureefi itti tajaajilamaa jiru kanneen akka: hiibboo, mammaaksaa, sheekkoo/oduu durii, geerarsa, himtee naannoo, tapha ijoollee, sirba adda addaa maqaa dhahuun ni danda'ama. Oromoon bakka adda addaa sababa bal'ina lafa Oromiyaatiin walirraa fagaatee yaa jiraatu malee Afoola isaa fayyadamee dhaloota barsiisaa har'aan ga'eera. Gara fuulduraattillee Afoola dhaloota haaraa barsiisuun daran barbaachisaa ta'uun isaa waan wal nama gaafachiisuu miti. Oromoon jireenya isaa keessatti bu'aa ba'ii hedduu argaa tureefi argaa jiru akkaataa kamiin keessa darbuun akka danda'amu Afoolatti fayyadamuun Ogafaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa ture; dabarsaas jira. Kana keessaa: beekumsa, safuu, aadaa, duudhafi wantoota addunyaa kana keessatti mul'atan hundaa kan ibsu Afoolaafi naannoo isaa barsiisuuni. Afoola kana keessa tokko immoo Himtee Naannoo Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) dhaloota barsiisuuni.

Ka'uumsi qorannoo kanaa inni guddaan Himteewwan Naannoo: Aanaa Bachoo, Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) keessatti dhalootaa dhalootatti dabarsuun dagatamaa dhufuufi qaamni qorannoo mata duree kanarratti gaggeessee barreefamaan kaa'e dhabamuun mata duree kanarratti akkan qoradhuuf kan na kakaase yoo ta'u, kaayyoon qorannoon kun qabatee ka'e: hawaasni naannoo jireenya isaa keessatti bakka akkamiitti amantaa isaa gaggeessaa akka ture adda baasuun ibsuu, malkaafi tulluuwwan naannoo jiran seenaan isaanii kan duriifi ammaa maal akka fakkaatu adda baasuun ibsuu, yeroo ammaa haalli qabiinsa malkaa, bakka amantaa, tulluuwwaniifi bakkeewwan dhibaayyuu ykn abdaarii sadarkaa akkamiirra akka jiran adda baasuun ibsuu, dhiibbaan amantaan adda addaa iddoowwan seenaa qabeeyyii ta'an irraan ga'aa jiru sadarkaa maaliirra akka jiru adda baasuun ibsuufi himteewwan naannoo dhaloota ammaatiif dabarsuun faayidaa maalii akka qabu adda baasuun ibsuudha.

Bu'uura kaayyoowaniin wantoonni argaman jiru. Kaayyoowwan qabataman keessaa inni tokko hawaasni naannoo jireenya isaa keessatti bakka akkamiitti amantaa isaa gaggeessaa akka ture adda baasuun ibsuu kan jedhu yoo ta'u, wantoonni argaman: Uummanni Oromoo Godina Shawaa Kibba

Lixaa Aanaa Bachoo yeroo durii bakka amantaa isaa itti gaggeeffatu kan qabu yoo ta'u; iddoowwan kunniinis: malkaa naannoo isaatti argamu, tulluu ykn lafa olkaa'aa ta'eefi abdaarii ykn bakka dhibaayyuu itti dhibaafatan naannoo qe'ee isaanitii kan qaban ta'uu isaa bira ga'ameera.

Kaayyoon qorannichaa inni lammaffaan malkaafi tulluuwwan naannoo jiran seenaan isaanii kan duriifi ammaa maal akka fakkaatu adda baasuun ibsuuf kan ka'e yoo ta'u, haaluma kanaan uummanni godina shawaa kibba lixaa naannoo Aanaa Bachoo malkaa, tulluuwwaniifi abdaarii ykn bakka dhibaayyuu naannoo jireenya isaatti argamu dur kabaja kenneefii kunuunsee eegaa akka tureefi har'a garuu kabajas ta'ee kunuunsi iddoowwan kanaaf godhamaa jiru kan hin jirre ta'uu qorannoo kanaan adda baafamee ibsameera.

Keessumaayyuu, akka naannoo Aanaa Bachootti taateen faayidaa waliin walqabsiisee tulluu tullu boolloo/tulluu qonyee/sababa biyyoo diimaatiin qofforamee olka'iinsi durii badee hallayyaan qofforame irraa gadee gadi laaluun kan nama jibbisiisuufi tulluu ganjii kan jedhamu immoo sababa dhagaa ta'eef maashina dhagaa daaku achi dhaabuun innis bifuma tulluu qonyee sanaan qofforamee daakamaa kan jiruufi tulluun naannoo sana ture badee yeroo ammaa kana hallayyaa ta'ee jiraachuu isaa ragaan argame agarsiiseera. Iddoon manguddoonni dur tolcha itti tolfataniifi itti hirreeffatan amma sadarkaa baduurra ga'aa jiraachuu ragaa argameefi sakatta'iinsa taasifameen ifatti mul'ateera.

Kaayyoon qorannoo kanaa inni sadaffaan immoo yeroo ammaa haalli qabiinsa malkaa, bakka amantaa, tulluuwwaniifi bakkeewwan dhibaayyuu sadarkaa akkamiirra akka jiru adda baasuun ibsuu yoo ta'u; malkaan dur beekamu amma iddoon isaa sababa dargaggoonni ashawaa haranii gurguran irratti gurmaa'anii bakka malkaa keessaa haranii waan baasaniif iddoon malkaa durii qofforamee badaa jiraachuu isaa ragaa argameen bira ga'ameera. Iddoon ittiin laga bu'anii bahan kan durii sun waan badeef karaan ittiin laga ce'anuu rakkisaa ta'aa kan jiru ta'uu xiinxala ragaalee funaanamaniin bira gahameera.

Bakka amantaa ilaalchisee yeroo ammaa kan badaa jiruufi kabajni kan hin kennamneef keessumaayyuu; tulluu uummanni itti irreeffatu qotuun gara maasiitti bakkeen itti jijjiiran jiraachuu. Tulluuwwan kaleessa uummanni kabaja kenneefii kunuunsee har'aan ga'e amma faayidaa adda addaatiif jedhamee qofforamee badaa jiraachuu. Abdaariin/bakki dhibaayyuu itti dhibaafatan bakka bakkatti namoonni amantaa jijjiiratan muranii kan balleessan yoo ta'u darbee

darbee uummanni bakki har'as itti tajaajilamaa jiran jiraachuu isaa qorannoo kana keessatti bira ga'ameera.

Kaayyoon qorannoo kanaa inni arfaffaan dhiibbaan amantaan iddoowwan seenaa qabeeyyii ta'an irraan gahaa jiru sadarkaa maaliirra akka jiru adda baasuun ibsuu yoo ta'u; yeroo ammaa amantaan Ortodoksii akka ganda shaankuriifi magaalaa tullu boollootti bakkeewwan dur uummanni waaqa isaa itti galateeffatuufi fayyummaa isaa itti eeggachaa ture irratti bataskaana ijaaruun akka uummanni naannoo isaatti akka durii sanatti waaqa isaa hin galateeffanneefi fayyummaa isaatiif qabeenya uumamaa waaqni naannoo isaatti uumeef kan akka aartuu ykn xabala ho'oo uummanni akka fedha isaatti itti tajaajilamaa kan hin jirre ta'uu ragaaleen manguddoota irraa walitti qabamee xiinxalame ifatti mul'iseera.

Kaayyoon qorannoo kanaa inni shanaffaan; himteewwan naannoo dhaloota ammaatiif dabarsuun faayidaa maalii akka qabu adda baasuun ibsuu yoo ta'u: ragaan odeeffannoo kennitootarraa walitti qabamee xiinxalame akka agarsiisuutti himteewwan naannoo dhaloota barsiisuun faayidaa hedduu kan qabu yoo ta'u ; isaan keessaa akka fakkeenyaatti kan fudhataman: dhaloonni ammaa eenyummaa isaa isa kaleessaa akka baru gochuuf, amantaa isaa kaleessaa akka beeku taasisuuf, aadaafi duudhaa Oromoon naannoo kanaa kaleessa qabu barsiisuuf, safuufi safeeffannaa uummanni walii walii isaaf kennaa ture akka baraniif gahee olaanaa kan qabu ta'uu isaa argannoon qorannoo kanaan argame ni mirkaneessa.

Barbaachisummaan qorannoo kanaa: Himteewwan Naannoo: Aanaa Bachoo, Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) qorannoodhaan bahee akka mul'atu taasisuun gama barreeffamaan taa'ee qorannoowwan kanneen biroo bal'inaan akka irratti gaggeeffaman daandii saaquun Himteewwan Naannoo Aanaa Bachoo Ija Afoolessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) baduu irraa baraaruudha. Qorannoon mataduree qorataatiin walfakkaatu walcinaa qabuun tokkummaafi garaagarummaa jiru adda baafamee kan laallameedha.

Gosa qorrannichaatiin walqabatee gosoota qorannoo jiran keessaa akkamtaatti kan fayyadame yoo ta'u; odeeffannoo afgaaffiifi daawwannaadhaan funaanaman barreeffamatti kan jijjiirame yoo ta'u, namoota himteewwan naannoo aanaa bachoo, ija afoolessaa, xinqeeya aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) himuu irratti hubannoo qaban dhi 12 fi dubartii 8 miti carraadhaan ta'ee mala kaayyeffataatiin kan fudhatamaniifi haala funaansa odeeffannoo ammoo

afgaaffiifi daawwannaan odeeffannoon kan funaannaman yoo ta'u; haalli amantaa uummataa aanaa bachoo yeroo duriifi ammaa maal akka fakkaatu, bakka amantaa uummata naannichaa, haala moggaasa bakka amantaa uummataa, haala qabiinsa bakka amantaa uummataa yeroo duriifi ammaa, himtee naannoo manguddoota irraa barachuuf fedhiin dhaloota ammaa maal akka fakkaatu, faayidaa himtee naannoo barsiisuun dhalootaaf qabu, ilaalcha namoonni amantaa adda addaa bakka amantaa uummataa irratti qabaniifi dhiibbaa amantaan adda addaa bakka seena qabeeyyii ta'an irraan ga'aa jiru bal'inaan kan xiinxalameedha.

5.2. Argannoowwan

Qorannoon kun mata duree Himteewwan Naannoo: Aanaa Bachoo Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachoo jedhu irratti gaggeeffameen, argannoowwan hojii qorannoo kanaan argaman:

- Hawaasni Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Bachoo jireenya isaanii keessatti amantii isaanii gaggeessaa kan turan yoo ta'u; bakki isaan amantii isaanii itti gaggeessaa turan immoo: tulluu ykn lafa olka'aa, malkaafi abdaarii ykn bakka dhibaayyuu naannoo qe'ee isaaniitti argamutti kan waaqessan ta'uu isaaniiti.
- Malkaa, tulluufi abdaariin ykn bakki dhibaayyuu dur uummata naannichaatiin kabajaafi ulfina guddaan kan kennamaafii ture yoo ta'u; yeroo ammaa garuu akka durii sanatti kabajaafi ulfinni kan hin kennamneef keessumaayyuu, tulluufi malkaawwan jiran akka isaan badan taasifamaa jiraachuu isaanii.
- Yeroo ammaa haalli qabiinsa malkaa, tulluufi bakkeewwan dhibaayyuu ykn abdaarii ganda tokko tokko keessatti sadarkaa badiinsaa irra jiraachuu isaaniifi kunuunsi akka gaariitti godhamaafii kan hin jirre ta'uu.
- Dhiibbaan amantaan iddoowwan seena qabeeyyii ta'an irraan ga'aa jiru yeroo ammaa akka Aanaa Bachootti rakkoo ulfaataa ta'aa jiraachuu isaa keesumaayyuu, bakkeewwan akka xabalaa ykn bishaan ho'aa lafa keessaa burquufi tulluuwwaan maqaa qaban irratti amantaa ijaaranii maqaa durii jijjiiruun haalaan babal'achaa jiraachuu isaanii.
- Himteewwan naannoo dhaloota ammaa barsiisuun dhaloonni ammaa eenyummaa isaa isa kaleessaa akka baru gochuuf, amantaa isaanii kaleessaa akka beeku taasisuuf, aadaafi duudhaa Oromoon naannoo kanaa kaleessa qabu barsiisuuf, safuufi safeeffannaa uummanni

walii walii isaaf kennaa ture akka baraniif gahee olaanaa kan qabu ta'uu isaa argannoon qorannoo kanaan argame ni mirkaneessa.

5.3. Yaada Furmaataa

Himteewwan naannoo akkuma afoolawwan kanneen biroo Aadaa, safuu, amantiifi falaasama hawaasaa kuusee dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti gahee guddaa qaba. Haata'u malee, yeroo ammaa kana dagatamaa dhufuun sadarkaa baduurra ga'ee jira. Himteewwan naannoo hawaasa keessa ture manguddoonni yeroo ammaa qabatamaadhaan dhaloota barsiisaa akka hin jirreefi dhaloonni ammaaltee himteewwan naannoo manguddoota irraa barachuuf fedhii kan hin qabne ta'uun qorannoo kanaan bira ga'ameera. Kanaafuu, hawaasni Oromoo keessattuu hayyoonni Oromoo qo'attoonni afaanii, Biirron Aadaafi Turiizimii godinaa hanga aanaa jiran xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun aadaa bareedan kun akka hin banne bifa waraabbiitiin qoratanii kaa'un dirqama Oromummaati. Akkasumas, manguddoonni biyyaa kan waa'ee himteewwan naannoo isaanii sirriitti beekan waa'ee himteewwan naannoo kan abbootii isaanii irraa dhaga'aa guddataniifi imaanaa manguddoonni durii isaanitti kennan isaanis dhaloota ammaafi kan dhufuuf bifa dagatamuu hindandeenyen dabarsuun irraa eegama.

Himteewwan Naannoo: Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin(Kaleessaafi Har'aa) jiru kun durii kaasee hanga ammaatti afaaniin dhaloota irraa dhalootatti daddarbaa kan dhufe ta'uun isaa ni beekama. Haata'u malee, osoo bifa viidiyootin waraabameefi barreeffamaan taa'ee irra caalaa bu'a qabeessa ta'uu daanda'a. Kana malees, akkaataa uummanni jiruufi jireenya isaa keessatti Afoolaafi naannoo isaa fayyadamee himteewwan naannoo: ija afooleessaa, xinqeeya, aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin(kaleessaafi har'a) jiru walitti qabee dhalootaaf dabarsaa as ga'eefi; safuufi safeeffannaa inni Aadaa isaa keessatti calaqqisiisaa ture, keessattuu manguddoon waa'ee kanaa sirriitti gadi fageenyaan beekaniifi ganda keessatti argamanitti bifa himteetiin osoo bakka carraa waltajjii adda addaa argatan hundatti barsiisanii baay'ee gaarii ta'a. Walumaa galatti, Himteewwan Naannoo Ija Afooleessaa, Xinqe'ee Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) jiru kun dhaloota ammaa bira gahee akka addaan hin cinneef yaada furmaataa ta'uu danda'a jedhee kan yaade qorataan akka armaan gadiitti kaa'eera.

1. Waajirri Aadaafi Turiizimii Aanaa Bachoofi Godinni Shawaa Kibba Lixaa waliin ta'uun

Himteewwan Naannoo akka Aanaa Bachootti jiran manguddoota buleeyyii seenaa gadi

Fageenyaan beekan osoo lubbuun jiranuu walitti qabee yaada isaanii bifa viidiyoofi

barreeffamaatiin dhaloota dhufuuf dabarsuuf osoo yaalanii.

2. Manguddoonni Aanaa Bachoo Himteewwan Naannoo isaanii abbootii isaanii irraa imaanaadhaan fuudhanii asiin ga'an; Aadaa, duudhaa, amantaa, safuufi safeeffannaa jiru akka naannoofi ganda keessa jiraataniitti bakka afooshaan walitti dhufanitti uummanni hubannoo akka argatuufi mana mana isaaniitti maatii isaanii akka barsiisaa guddisaniif osoo haala mijeessanii waan dhaloota dhufutti darbuu danda'u lafa kaa'aa deemanii.
3. Dhaabbileen barnoota olaano xiiyyeeffannoo qorannoo isaanii afoolaafi naannoo: Himteewwan Naannoo: ija afooleessaan, xinqeeyaa, Aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin (kaleessaafi har'aa) jedhu irratti ta'ee aanolee akka Aanaa Bachoo kana bakkeewwan seena qabeeyyii ta'an badaa jiran osoo giddu galeeffatanii hojjatanii bu'aan argamuu danda'a.
4. Waajirri aadaafi turizimii sadarkaa gandootaatti gadi bu'ee manguddoota naannoo jiran waliin ta'uun ilaalcha dargaggoonni himteewwan naannoo barachuuf qaban jijjiiruuf ciminaan osoo yaalamee dargaggoota irratti jijjiiramni dhufuu waan danda'uuf xiiyyeeffannoo itti kennuun hojjachuu barbaachisa.
5. Gama mootummaatiin dhiibbaan Naannoo irra gahaa jiru xiiyyeeffannoo akka argatuuf imaammata barnootaa keessa galchuun akka ilaalchi hawaasniifi gaggeessitoonni naannoof qaban jijjiiramu osoo irratti hojjatamee.
6. Qo'attoonni afoolaafi naannoo dhimma duudhaa hawaasaa kanarratti qorannoo geggeessaniifi haayyonni Oromoo dhimmi kun ilaallatu waliin ta'uun aadaafi duudhaa hawaasaa Himtee Naannoo Ija Afooleessaa, Xinqe'ee, Aadaafi Ilaalcha Hawaasichaatiin (Kaleessaafi Har'aa) dagatamaa deemu kana dhaloota dhufuuf dabarsuun dirqama irraa eegamu osoo bahani.
7. Dhaloonni ammaa Aadaa, amantaa, eenyummaa, afoolaafi naannoo, himtee naannoo, safuufi safeeffannaa ilaalchisee ilaalchi isaanii baay'ee sadarkaa yaaddessaarra waan jiruuf;akka isaan eenyummaa Oromummaa kaleessa ture horataniifi jaalatan gochuuf qaamni ani Oromoodha Oromoofan hojjadha jedhu kamiyyuu irratti hirmaatee jijjiirama ilaalchaa dhaloota haaraa kanarratti fiduuf tokkummaan osoo hojjatanii
8. Dhumarratti qorannoon kun afoolaafi naannoo: himteewwan naannoo: ija afooleessaan, xinqeeya, aadaafi ilaalcha hawaasichaatiin (kaleessaafi har'a) keessa jiru yeroo ammaa kana sadarkaa inni irra jiruufi maalitti deemaa akka jiru xiinxaluun dhaloota boruuf bu'uura ta'uu danda'a kan jedhu yaada qo'ataati.

Dabalee A

YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI KOLLEEJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIIMIIFI SABQUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGUMAAFI AFOOLAA

Duraan dursee odeeffannoo qorannoo digrii lammaffa (MA) ittiin guuttachuuf na gargaaru naa kennuuf eeyyamamaa ta'uu keessaniif baay'een isin galateeffadha. Itti aansuun gaaffiin ani isin gaafadhu dhaloota keessan duuba jiruufis ta'ee isa barnoota irra jiruuf wabii waan ta'eef kanan ani dagadhellee yoo jiraate waan beektan akka itti naa dabalaa deemtaniif dhiifama guddaa waliinan isin gaafadha.

1. Akka ganda keessaniitti uummanni ykn hawaasni dur iddoo akkamiitti amantaa isaa gaggeessaa turee?
2. Bakki/ iddoon / uummanni amantaa isaa itti gaggeeffachaa ture kun har'a akka durii sanatti kabaja qabaa? Yoo hin qabu ta'e maaliif?
3. Malkaa, tulluuwwan, bakka Amantaafi bakkeewwan dhibaayyuu (Abdaarii) akka ganda keessaniitti jiran seenaa akkamii qabuu? Har'a hoo seenaan kun dhalootaaf darbaa jiraa?
4. Haalli moggaasa malkaa, tulluuwwanii, bakka amantaafi bakkeewwan dhibaayyuu maal irratti hundaa'etii?
5. Yeroo ammaa kana manguddoonni dhaloota haaraa himteewwan naannoo barsiisuu irratti maal hojjachaa jiruu?
6. Uummanni ganda keessanii malkaa, bakka amantaa, tulluuwwaniifi bakkeewwan dhibaayyuu (Abdaarii) haala kamiin kunuunsaa jiruu?
7. Dhaloonni ammaa himteewwan naannoo manguddoota naannoo irraa barachuuf fedhii qabuu?
8. Himteewwan naannoo dhaloota ammaatiif dabarsuun faayidaa akkamii qaba jettuu?
9. Ilaalchi namoonni amantaa gara garaa qaban iddoowwan akka malkaa, tulluuwwaniifi abdaarii (bakka dhibaayyuu) tiif qaban maal fakkaataa?
10. Dhiibbaan amantaan garaa garaa iddoo seena qabeeyyii ta'an irraan ga'aa jiru jiraa? Yoo jiraate dhiibbaa akkamii geessisaa jiraa?

Dabalee B

Maqaa iddattootaafi gahee hojii isaanii hawaasa keessatti isaan qaban akka armaan gadiitti gabateedhaan ibsuuf yaalameera.

T/ L	Maqaa Iddattootaa	Seela	Umurii	Sadarkaa Barnootaa	Beekumsa isaan qorannoo kanaaf qoodan.	Ganda	Gahee Hojii	Yaada
1	Guutaa Jifaar Obsee	Dhi	83	Masarata Timirtii	Seenaa, Amantiifi Aadaa akka ganda Shaankur Xaraqootti jiru.	Shaankur Xaraqoo	Miseensa Mana Murtii Aadaa Kan Gandaati.	
2	Joorgee Biqilaa Dhaabaa	Dhi	62	Golmaassaa	Amantiifi Aadaa ganda Tullu Boolloo 02 ykn akka yeroo ammaatti Ganda Burqaatti jiru.	Tullu Boolloo 02	Miseensa Mana Murtii Aadaa Kan Gandaati.	
3	Galaanee Nagee Guddataa	Dub	72	Hin baranne	Amantiifi Aadaa akka ganda Shaankur Xaraqootti jiru.	Shaankur Xaraqoo	Qonnaan Bultuu.	
4	Biifaa Maracii Carroo	Dhi	85	Golmaassaa	Amantiifi Aadaa Tullu Boolloo 02 ykn Yeroo ammaa Ganda Burqaatti jiru.	Tullu Boolloo 02	Caffe Gaheessa.	
5	Iddeessaa Naggasaa Caalii	Dhi	67	Kutaa Sadi	Amantii akka ganda Simbirroo Cirrachaatti jiru.	Simbirroo Cirrachaa	Walitti Qabaa Afooshaa Naannoo.	
6	Axinaafee Ijjataa Ariitii	Dub	67	Hin baranne	Amantii akka ganda Simbirroo Cirrachaatti jiru.	Simbirroo Cirrachaa	Miseensa Mana Murtii Aadaa Kan Gandaati.	

7	Baay'isee Duulaa Awwaas	Dhi	77	Masarat a Timirtii	Aadaafi Amantii akka ganda Jaatootti jiru.	Jaato	Jiraattuu ganda jaatooti.	
8	Girmaa Gulummaa Tuujjii	Dhi	65	Kutaa Shan	Amantaafi Aadaa akka ganda Tullu Boolloo 02 ykn akka yeroo ammaatti ganda Burqaatti jiru.	Tullu Boolloo 02	Jaarsa Biyyaati.	
9	Ijjataa Ajjaamaa Qorichaa	Dhi	75	Hin baranne	Amantiifi Aadaa akka ganda Shaankur Xaraqootti jiru.	Shaankur Xaraqoo	Jaarsa Biyyaati.	
10	Kumsaa Ammasaa Odaa	Dhi	83	Hin baranne	Seenaa, Amantaafi Aadaa akka ganda Tullu Boolloo 02 ykn akka yeroo ammaatti ganda Burqaatti jiru.	Tullu Boolloo 02	Jaarsa Biyyaati.	
11	Nagaash Guddataa Beenyaa Ganamee	Dhi	80	Masarat a Timirtii	Seenaa, Amantiifi Aadaa akka ganda Shaankur Xaraqootti jiru.	Shaankur Xaraqoo	Miseensa Mana Murtii Aadaa Kan Gandaati.	
12	Daadhii Caakkaa Mikoo Jimaa	Dhi	83	Golmaa ssaa	Amantaafi Aadaa akka ganda Jaatootti jiru.	Jaato	Miseensa Mana Murtii Aadaa Kan Gandaati.	
13	Wolqabaa Maracii Yaaddessaa	Dhi	82	Kutaa 4	Amantaafi Aadaa akka ganda Jaatootti jiru.	Jaato	Jaarsa Biyyaati Biyyaati.	

14	Qananii Aagaa Caakkaa	Dhi	85	Kutaa 6	Amantaafi Aadaa akka ganda Simbirroo Cirrachaatti jiru.	Simbirroo Cirrachaa	Jaarsa Biyyaati.	
15	Turaa Daadhii Dabalee Guduree	Dhi	67	Hin baranne	Amantaafi Aadaa akka ganda Simbirroo Cirrachaatti jiru.	Simbirroo Cirrachaa.	Jaarsa Biyyaati	
16	Daraartuu Guutaa Ayyaanoo Guduree	Dub	72	Hin baranne	Amantaafi Aadaa akka ganda Simbirroo Cirrachaatti jiru.	Simbirroo Cirrachaa	Jiraattuu Gandichaati.	
17	Tashoomaa Guutaa Qananii Buttaa	Dhi	65	Kutaa 2	Amantaafi Aadaa akka ganda Jaatootti jiru.	Jaato	Jaarsa Biyyaati.	
18	Ayyalach Gammachuu Xiiqoo	Dub	62	Hin baranne	Amantaafi Aadaa akka ganda Tullu Boolloo 02 ykn akka yeroo ammaatti ganda Burqaatti jiru.	Tullu Boolloo 02	Jiraattuu Magaalaati.	
19	Bosee Booressaa Birruu	Dub	58	Kutaa shan	Amantaafi Aadaa akka ganda Jaatootti jiru.	Jaato	Miseensa mana murtii Aadaa ganda jaatoo	
20	Loomii Guddataa Waaqjiraa	Dub	65	Hin baranne	Amantaafi Aadaa akka ganda Shaankur Xaraqootti jiru.	Shaankur Xaraqoo	Miseensa Mana Murtii Aadaa kan Gandaa	

WABIILEE

- .AbarraaHambisaa (1993). Booree Booranaa. Asoosama Saayinsiiirratti hundaa'e. Finfinnee, Oromiya Mana Maxxansa Daldalaa.
- Abbabaa Baqqalaa (2010).Survey of Oromo Literature (AFOL.321).Ambo. (Kan hin maxxanfamin).
- Addunyaa Barkeessaa (2014).Seemmoo. Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.Finfinnee Oromiyaa: Far East Trading PLC.
- Alamaayyoo Hayileefi kan biroo (1998).Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16^{ffaa}.Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimiin kan maxxanfame.
- Alamuu Yaadasaa (2012/2005). Duukaa Oromoo Jiildii 1^{ffaa}.Finfinnee.
- Araarsoo Badhaasaa (1995).Seenaa Dhalootaafi Hidda Oromoo Soddoo.Dhaabbata Maxxansa Biraannaa.
- Asafaa Tafarii (2006). Anaa' yaa. Finfinnee: Biraannaa Interprise.
- Asafaa Tafarii (2009).Eela: Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa: Printing by Far East Tradin Press.
- Bartels, Lamert (1983).Oromo Religion.Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia: An Attempt to understand.Dietrich Reimer verlag: Berlin.
- Bascom, W. R. (1965).Four Functions Of Folklore: The Study Of Folklore. Burkley: printice – Hall, Inc.
- Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa (2015).Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Hanga Jalqaba Jaarraa 20^{ffaatti}.Finfinnee.Bole Printing Enterprise.
- Brunvand Methewos. (1979).Reading in American Folklore: New York: NewYork University Press.
- Creswell,J.W. (2003). Research dasign: Qualitative and mixed method approaches. (2nded). Thousand Oaks, CA: sage.
- Dajanee Gammachuu (2014)."Afoola Haala Naannoo Bu'ureeffate: Hiibboo Walisoo Liiban" MA Guuttachuuf.Yunivarsiitii Finfinneetiif kan dhiyaate. (Kan hin maxxanfamin.)

- Dasta Dassaalany (2002). Bu'uura qorannoo. Yuuniversity Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.
- Dasta Dassaalany (2015). A functional study of Tulama Oromo Oral Prose Narratives. Yuuniversity Finfinnee Waraqaa Qorannoo PhD guttachuuf. (Kan hin maxxanfamin).
- Dirribii Damusee (2009). Ilaalcha Oromoo Barroo Amantaa, Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo. Finfinnee.
- Dorson, Richard Mercer (1972). Folklore and Folk life: An Introduction. Chicago: The University of Chicago press.
- Dundes Alan (1965). The Study of Folklore. Englewood Cliffs: N.J. Prentice-Hall, Inc. Encyclopedia Americana. 1995. Vol 11. USA. Glolier Incorporated.
- Fedhasaa Taaddasaa (2013). Subii. Bu'uraalee Ogbarruu Oromoo Finfinnee, Oromiyaa.
- _____ (2017). Bu'uraalee Ogbarruu Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa.
- _____ (2015). Numaaniyaa. Falaasama Argannoo Ardii Haarawaa. Finfinnee, Oromiyaa.
- Filee Jaallataa. (2021). Beekumtaa Oromoo. Maxxansa 2^{ffaa}
- Fiqaadee Azezzee. (1991). Introduction to Oral Literature. Addis Ababa: Institute for International Cooperation of the German Adult Education Association IIZ/DVV
- Giddugala Aadaa Oromootti Garee Qormaata Seenaa (2016). Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}tti Jiildii 2^{ffaa}. Finfinnee: Bole Printing Enterprise.
- Goldstein, Kenneth. (1964). A Guide for Field Workers in Folklore. Hatboro: Folklore Associations Inc.
- Iteenash Toleeraa (2012). Xiinxala Afseenessa Oromoo Finfinnee Keessatti Bakka Jireenya Isaanii Irraa Buqqa'anii. Yuuniversity Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA) guttachuuf. (Kan hin maxxanfamin).
- Kumsaa Buraayyuu. (1993). Suuraa Abdii. Finfinnee: Mana Maxxansa Boolee.
- Misgaanuu Gulummaa (2011). Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo. Finfinnee.
- Sisaay Kabbadaa (2018). Afseenaa Bebbeekamoo Aanaa Miidaa Qanyii. Yuuniversity Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA) guttachuuf. (Kan hin maxxanfamin).
- Tolasaa Tasfayee (2018). Afseenaa Iddoowwan Seena Qabeessa Aanaa Tolee. Yuuniversity Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA) guttachuuf. (Kan hin maxxanfamin).

Wajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Bachoo (2011).Seenaa Aanaa Bachoo. (Kan hin maxxaffamin).
Warqinaa Abbaa Soorii (2008). Sirna Gadaa.Finfinnee.
Yaadasaa Tolasaa (2008).Malleen Qorannoo Waliigalaa.Amboo.Mana maxxansaa Far East
Trading PLC.